# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA AFAANII SIRNA HARMA HODHAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA AANAA AMURUU

**BALAAY DHEERESSAA ABIISHEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO, AFAANII JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII AFAANII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA AFAANII SIRNA HARMA HODHAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA AANAA AMURUU

**BALAAY DHEERESSAA ABIISHEE**

**GORSAAN: TOLAMAARAM FUFAA (PhD).**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QONNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Finfinnee

## Dhabbata Qorannoo Digirii Duraafi Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisu guuttachuuf Balaay Dheeressaatiin Mataduree: Qaacceessa Itti Fayyadama Afaanii Sirna Harma Hodhaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruu jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'een guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa:________________________________Mallattoo:__________Guyyaa:__________

Qoraa Keessaa:_____________________________Mallattoo:___________Guyyaa:_________

Gorsaa : __________________________________Mallattoo:___________Guyyaa:_________

## Axereera

*Mata-dureen qorannoo "Qcceessa Itti fayyadama Afaanii Sirna Harma Hodhaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruu "jedhu keessatti adeemsi sirnichaa maal akka fakkaatuufi raawwii sirna sanaa qacceessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahee jira.Mala funaansa odeeffannoo ilaalchise, afgaaffii hin caaffefamneefi marii garee xiyyeeffatamaa yaadannoo dirreetiin funaanaman jechaan qaacceeffamanii jiru. Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti kan hojirra oolee jiru mala iddatteessuu mit-carraa kan ta'e iddatteessuu akkaayooti. Mala kanatti fayyadamuun odkennitoota qorannoo kanaa kan ta'an uummata Oromoo Aanaa Amuruu Gandoota digdamii-afur jiran keessaa Gandoota kudha-lama keessaa maanguddoota Sirna raawwii harma hodhaa irratti muuxannoo olaanaa qaban keessaa namoota kudha-lama marii gareerratti hirmaachuun ,kanneen harma hoosisan sadiifi kanneen harma hodhan sadii, jaarsolii biyyaa dhimmicha beekan sadii waliigala namoota digdamii-tokko kan ta'a irraadha.*

*Ragaalee qaacceffaman kanarraa argannoon bira ga'ame namoota harma hoosisan hunda keessa darbuun ergaa sirnicha keessa jiru qooda fudhachuu kan fudhatanidha. Haaluma kanaan yaaxxina ittiin gaggeeffames yaaxxina Xiinqooqa /socilinguitic/ yaaxina duudhaa hawaasaafi xiinqooqa sirnawaa (systematic functional Linguistics) dha. Sababiin isaa yaaxxina kana itti fayyadame afaan kan itti gargaaramnu bakka, yeroofi haala keessaa jiru irratti hundaa'e waan ta'eef. Akkasumas argannoon argames amantaatti dawachuu, dhalonni si'anaa ammayyummaan liqiffamanii aadaa dagachuudha. Kanaafuu maanguddoonni Oromoo qorattoonni aadaafi seenaa, dargaggoonni Oromoo, abbootiin amantaa, akkasumas, itti gaafatamummaa, eenyummaafi lamummaa kan qabu hundi waliin ta'uun aadaan kun dhaloota dhufuutti akka darbu gochuun barbaachisaadha kan jedhu argannoo qoranno kanaati.*

**GALATA**

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galmaan ga'uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnafi yeroo isaanii osoo hin waakkatiin gorsa oggummaan guuteefi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Tolamaaraam Fufaatiif galanni koo guddaadha. Waajira aadaafi Turiizimii Aanaa Amuruu keessa jiran namoota hojii qorannoo kanaaf odeeffannoo naaf kennuudhaan kan na gargaaran Barsiisaa Taakkalaa Bakareefi Obbo Bayyanaa Dhugaasaa akkasumas odkenniittoota mare garee" A"fi mare garee" B" keessatti odeeffannoo naaf kennaaniif baay'een galateeffadha.

Itti dhaansuun waa'ee ko tasa gaarii malee hamaa dhaga'uu kan hin feene, dhimma koof kan hoomaa hin mararfanne, jajjabinaafi baasii qorannoo kanaaf barbaachisuuf tumsa gochuun kan na bira dhaabbatan meeshaalee waraabbiifi suura kaasuun kan na deegare obboleessa ko Tafarraa Dheeressaa gatii ke waaqayyo siif haabaasu. Haadha manaa koo Aadde Urgee Firdii jabbinniifi abdii ati na keessatti uumaa turte, galma ga'insa qorannoo kanaaf shoora olaanaa waan taphateef baay'een si galateeffadha.

Maanguddootaafi abbootii seenaafi duudhaa uummata Oromoo Aanaa Amuruu akkasumas, qorannoon kun lubbuu akka godhatuuf namoonni qooda keessatti fudhatan nuffii tokko malee odeeffannoo naaf kennuun qorannoon kun akka milkaa'uuf shoora olaanaa taphatan hunda osoo hin galateeffatiin bira hin darbu. Dhummarrattis, waraqaa barreeffama hojii qorannoo kanaaf deegarsa olaanaa naaf gumaachan kan na bira dhaabbate mana Barumsaa Haroo Goyii galanni koo guddaadha

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........ i
GALATA ........ ii
Baafata ........ iii
BQONNAOA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 5
1.3.2. Kaayyoo gooree ........ 5
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa. ........ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa. ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.7. Ibsa naannoo qoranichaa. ........ 7
1.8 Aadaa Hawaasa Aannichaa ........ 8
1.9 Aadaa Fudhaafi Heerumaa ........ 8
1.9.1. Aadaa Walgargaarsaa ........ 9
1.9.2. Amantii Hawaasa Aanichaa ........ 11
1.9.3. Gandoota Aanaa Amuruu ........ 11
BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU ........ 13
Seensa ........ 13
2.1 Yaadarime Afaaniifi Faayidaasaa ........ 13
2.1.1 Fayyadama Afaanii ........ 14
2.1.2. Af-lamee ........ 15
2.1.3. Afaan Walkeessa Makanii Fayyadamuu ........ 16
2.1.4. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Adeemsa Sirna Harma Hodhaa ........ 17
2.1.5. Guddina Afaanii ........ 17
2.1.6. Haala Umamaafi Fayyadama Jechootaa ........ 19
2.1.7. Tolfama Jechootaa ........ 20
2.2. Ijaarsa Hariiroo Hawaasaa ........ 22
2.2.1. Boojina Ba'uu ........ 23
2.2.2. Guddifachaa ........ 24
2.2.3. Gahee Afaanii Maalummaa Sirna Harma Hodhaa keessatti. ........ 24

2.2.4. Tajaajil afaanii sirna Harma Hodhaa Jiruufi Jireenya Hawaasaa Oromoo Keessatti. . 25
2.2.5. Faayidaa Harma Hodhaa ... 26
2.3. Qorannoowwan Aantee ... 27
2.4. Yaaxxina Qorannichaa ... 28
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHA. ... 29
Seensa ... 29
3.1. Mala Qorannichaa ... 29
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa ... 30
3.3 Mala Filannoo Iddatteessuu ... 30
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee ... 31
3.4.1. Af-gaaffii ... 32
3.4.1.1. Af-gaaffii Hin Caaseffamne ... 32
3.4.1.2. Marii Garee Xiyyeeffatamaa ... 33
3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee ... 33
3.6. Naamusa Qorannichaa ... 34
BOQONNAA AFUR: QAACCEESSA RAGAALE ... 35
Seensa ... 35
4.1. Harmi hodhaan yeroo gaggeeffamu keessatti gahee afaanii ilalchisee. ... 35
4.1.1 Gahee afaanii Sirnicha Dura Waantoota Raawwataman keessatti. ... 36
4.1.2. Sirnicha Dura Warreen Harma Hodhaniin Waantoota Raawwataman ... 36
4.1.3 Gahee afaanii Sirnicha Dura Warreen Harma Hoosiisan Waantoota Raawwataman keessatti. ... 37
4.1.4. Itti fayyadama jechaa Sirnichaan Duraafi Gahee Maamguddootni Namoota Harma Walhodhan Walitti Fiduu Keessatti Qaban. ... 37
4.1.5. Tajaajila afaanii Sirnicha Irratti Warreen Harma Hodhan Waantoota Raawwatan... 39
4.1.6. Gahee afaanii Sirnicha Irratti Warreen Harma Hoosisaniin Waantoota Raawwataman ... 41
4.1.7. Faayidaa afaanii Sirnicha Booda warreen Hodhan Wantoota Raawwataman keessatti. ... 42
4.1.8. Fayidaa afaanii Sirnicha Booda Warreen Hoosisan Wantoota Raawwataman keessatti. ... 43
4.2.Adeemsa Sirna Harma Hodhaa Keessatti Tajaajila Afaanii ... 44
4.2.1. Eebba ... 44
4.2.2.Waadaa ... 46
4.2.3. Hiika Lakkoofsaafi Guyyaa ... 52
4.3. Maqaaleefi Meeshaalee Sirna Harma Hodhaa Irratti Tajaajilaniifi kan bakka bu'an. ... 52
4.3.1. Aannan ... 54
4.3.2. Damma ... 54

4.3.3. Farsoo ........ 54
4.3.4. Lafa ........ 55
4.3.5. Daajjaa yookiin Kal'ee ........ 56
4.3.6. Korbeessa Hoolaa ........ 56
4.3.7. Dhadhaa ........ 56
4.4. Sirni Harma Hodhaa Hojiirra Akka hin oolleef Kannen gufuu ta'an ilaalchisee. ........ 56
4.4.1. Fedhii Dhuunfaa Irrati qofa xiyyeeffachuu ........ 57
4.4.2. Aadaafi Amantaa Walqabsiisuu ........ 58
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI FURMAATA. ........ 60
5.1. Cuunfaa ........ 60
5.2. Argannoo ........ 61
5.2.1. Raawwii Sirna Harma Hodhaa keessatti gahee afaanii Ilaalchisee ........ 61
5.2.2 AdeemsaSirna Harma Hodhaa Keessatti Tajaajila Afaan qabu ........ 62
5.2.3.Maqaaleefi meeshaalee Sirna Harma Hodhaa Irratti Tajaajila Maalfaa Akka Bakka Bu'an Ilaalchisee. ........ 62
5.2.4.Sababoota Sirni Harma Hodhaa Gara Fuula Duraati Akka Itti Hin Fufne Taasisan Ilaalchisee ........ 63
5.3 . Furmaata ........ 64
Wabiilee
Dabaleewan
Dabalee .A
Dabalee B
Dabalee C.
Dabalee D
Dabalee. E

# BQONNAOA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana keessatti seenaa hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamee, odeeffannoo waliigalaa mata-duree qorannoo kana gaggeeffamuu, kaayyoon qorannoo kanaa galmaan gahee kanarratti fayyadamoo kan ta'aniifi ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaa gama bakkaafi qabiyyeen, akkasumas qorannichi yeroo gaggeeffamu hanqinaaleen qorataa mudachaa turaniifi seenaa hawaasa qorannoon sun irratti gaggeeffamuu walduraa duubaan kan qaacceeffamani dha.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Dhalli namaa guyyaa dhaloota isaa kaasee haala waliin jireenya, bulmaataa, ba'ee galuu, bu'ee ba'uun, beekaa caqasee ,wallaalaa gorsuufi kanneen kana fakkaatan hedduu kan qabudha.Yaada kana deegaruun De.Briun(2002) aadaan waanta nammoonni waliin ta'uun dhimma itti ba'ani akka ta'e dubbata. Kanumarratti dabaluun, Hundson (1996) akka ibsutti "aadaan beekumsa namoonni namoota biroo irraa kallattii adda addaan argatanidha. Akkasumas, aadaan beekumsa hawwaasummaan argamudha".Leyon (1986) yaada kanarraa waanti hubatamuu danda'u aadaan namoonni jiruufi jireenya isaanii keessaatti haala adda addaan uumaniifi walirraa qooddatanii kan itti jiraatanidha.

Hiika Mbiti (1975:7) aadaa ilaalchisee kenne yaada bal'aa aadaa waliin walqabate kan qabudha.Kunis*,"The word culture covers many things*, *such as the way people live*, *behave and act their physical aswell as their intellectual achivements*"jedha.Kana jechuun, aadaan akkaataa jireenya hawaasaa, amaleeffannaa, raawwii gochaaleefi galma ga'insa isaanii of keessaatti qabata. Kanaafuu, hiikni aadaafi keenname yaadarimee bal'aa kan ofkeessaatti qabatuufi dhimma hawaasa kan haamate jechuun ni dan da'ama.

Dhimma hawaasaa kan ilaalu keessaa tokko fookilooriidha. Hiika fookiloorii ilkaalchisee yaadoleen hedduu ka'anii jiru.Isaan keessaa Krappe (1965:xi) fookilooriin saayinsii seenaa dhalanamaa isa darbe yaadachiisuuf kan fuula duraa aggaamsiisu ta'uu ibsa.Peek and Yankah (2004) yaada kana deeggaruun akka ibsannittis "*fokilore is the historic traditions expressed in the form of arististic communication used as opretional culture by a group with alarge society"* yaadni kun kan agarsiisu fookilooriin bifa miidhaginaanfi namoota walqunnamsiisuu danda'u akka qabu akka ta'edha. Kanatti dabalees,

Finnegan (1972) akka ibsutti“fookilooriin kuufama beekumsa wal fakkaatuuti. Kanaafuu fookilooriin dhimma jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqisiisuu ofkeessaatti haamatee qabatu “jechuun nidanda’ama.

Yaadolee kana bu’uura godhachuun fookilooriin kuufama beekumsi hawaasni jiruufi jireenya isaanii keessaatti, afaaniifigochaan, akkasumas, ibsa adda addaan seenawwaan darban yaadachiisee waantoota gara fuuladuraatti ta’uuf mala ittiin fuulchudha jechuun nidanda’ama. Dorson (1972) fookilooriin bakka gurguddoo afuritti qoodama.Isaanis: Og-afaan, Duudhaa hawaasaa, Ogummaa hawaasaafi waanta aadaadha. Duudhaan hawaasaa dammeewwan fookiloorii keessaa isa tokko dha. Duudhaan hawasaa kan hawaasni dhugaadha jechuun fudhatee itti tajaajilamu kanneen akka abjuu, waadaa kakuu, milkii, laguufi safuu ofkeessatti haamata.

Dorson(1972) Duudhaan hawaasaa bakka afurittiqooda.Isaanis: bashannannaafitapha garaagaraa, qoricha aadaa, amantaa hawaasaa, kabaja ayyaanaa, fiistivaalati. Harma hodhaan qooddii kana keessatti hin haamatamiin malee duudhaa hawaasaa jalatti ramadama. Sababiin isaa namni harma hodhe tokko hawaasicha keessatti akka dhalaatti ilaalamuun faayidaa dhalli abbaafi haadha irraa argachuu qabu argata. Tsega (2012) Tamene (2012) Uummanni qorannoo kun irratti adeemsiifames yaada kana dhugaadha jedhee fudhachuudhaan itti tajaajilama.

Jiruufi jireenya hawaasa aanaa Amuruu keessatti harma hodhaan qooda guddaa qaba.Kunis warren harma hodhaniifi kan harma hoosiisaniifi hawaasa naannoo dhimmoota garaagaraaf dhimma itti ba’a. Faayidaan namoonni harma hodhaa irraa argatan adeemsa daldalaafi hojii hojjetan keessaatti hawaasni bira deeman yookiin keessa darbuun deeman ilaalcha hamaa akka isaaniifi qabenya isaaniirratti hin qabneefi firoota maqaa isaaniin naannoo sana daldalaafis ta’u hojii biraaf deeman akka simataniifi rakkoo biraa akka irraan hin geenyeef ta’uu isaa hubachuun salphaadha. Akkasumas, meeshaalee bira kaawwatan yeroo barbaadanitti akkuma kaawwataniin fudhachuuf waan isaan gargaaruuf baatanii asiifi achi deemuu irraas baraaramuuf isaan gargaara. Horii isanii oofanii daldalaaf deemanis kaloo,bishaaniifi dallaa rakkoo tokko malee argachuufdha.

Akkasumas namoonni harma hodhan hawaasa firooma irraa hin qabaanne waliin firooma ijaaruun yeroo gaddaas ta’e gammachuu isaanii kanneen irratti hirmaatan argachuuf harma hodhu.Faayidaan harma hodhaa namoota hoosisaniif qabu inni guddaan yeroo gaddaas ta’e

gammachuu irratti walitti birmachuun walgargaaruufi rakkoo walii oolchuufidha.Akkasumas nama dhala qabuuf dhala dabalataa, kan dhala hin qabneef immoo dhala jaqabaa akka godhatuuf gargaara.Kanumaan walqabatee,hawaasicha keessatti namni dhala hedduu qabu nama dhala ta'uu barbaaduufi firooma uumu fedhu hin mormu.

Faayidaan harma hodhaa hawaasa naannichaa qabuun walqabatee namoota harma walhodhan qofaa walitti kan isaan hidhu osoo hintaane jiruufi jireenya hawaasummaa naannoo sanaa keessatti illee shoora olaanaa qaba.Kana jechuun hawaasa gama warreen hodhaniinis ta'e kanneen hoosiisaniin jiraatan gaddaafi gammachuu irratti walii hirmaachuu danda'u. Kanuma walqabatees, adeemsa qabeenya bade waliif barbaadu keessatti gahee olaanaa taphata.Yakkaafi yakkamaa biyya keesaa dhabamsiisuu keessatti faayidaan isaa waan akka laayyootti ilaalamu miti. Kanaafuu harma hodhaa irraa warren hodhaniifi hoosiisan qofaatu fayyadamoo ta'u osoo hin taane hawaasni naannoo illee fayyadamoodha.

Qorannoo"Qaacceessa itti fayyadama afaanii sirna harma hodhaa"jedhu keessatti sirnoota raawwii harma hodhaa keessatti mul'atan, gahee afaan sirnnicha keessatti qabu tajaajila meeshaalee aadaa sirna harma hodhaa keessatti qabaniifi sababoota sirnnichi akka itti hin fufneef danqaa kan ta'an hawaasaa naannoo irraa odeeffannoo fudhachuun kan furmaata argatandha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Itti fayyadamni afaanii dhimma, haalaafi iddoo itti tajaajilu wajjiin walqabatee jijjiiramaa kan deemuudha.Itti fayyadama afaanii ilaalchisee Addunyaan (2010:27) waa'ee itti fayyadama afaanii ilaalchisee yoo ibsu ammo, "gaafileen bu'uura afaanii hawaasaa kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattotni waliin dubbii isaanii irratti qaban kan agarsiisu yoo ta'u, yoomiifi eessatti kan jedhu yeroofi bakka dubbiin sun itti dubbatame ilaallatudha. Maaliif, akkamitti kan jedhu ammo afaan dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliitiif akka oolaa jiru kan agarsiisuudha"jedha.Yaadota gubbatti dhiyaatan kanneen irraa waanti hubannu, namootni afaan tokkotti fayyadaman mata-duree irratti dubbatan bakkaafi haalli akkasumas sirni dubbii keenyaa kan jijjiiramu ta'uu isaati.Sirni harma hodhaafi afaan ammo walitti dhufeenya cimaa qaba.Namootni sirna kana keessatti hirmaatanmuuxannoo isaanii ibsachuufi rakkoo sirni sun akka hojiirra hin oolleef dhiibbaa taasisan ibsuuf afaan gahe guddaa

qaba. Fala argachuuf dhimma isaanii sirna kana keesatti raawwatan dhiyeeffatu.Haalli dhiyeeffannaa dhimmoota kanaa kan raawwatu karaa itti fayyadama afaaniitiin ta'a.

Haaluma kanaan qorataan qorannoo kana gaggeessuuf kan isa kakkaase keessaa inni guddaan.

- Mata duree kanarratti kana dura hojjetamee akka Aanaa keenyaatti galmaa'ee waajiira aadaafi Turiizimii waan hin jirreef akka madda ragaatti namootaafi qorattootaaf akka ta'uuf.
- Sirna harma hodhaa keessatti gaheen afaanii maal akka ta'e ibsuun dhaloonni boorii irraa hubatanii aadaa sirna harma hodhaa kanaa dagaagsani waan hin jirreefidha.
- Aadaan sirna harma hodhaa qaama aadaa uummata sanaati.Jireenya hawaasichaaf bu'aa buusa jedhamee waan amanamuuf akkasumas, afoolliifi afaan achi keessatti gahee qaba. Kanaafuu, qorannoon kun faayidaa afoolliifi afaan sirnnicha keessatti qabu xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha.
- Meeshaalee sirna harma hodhaa keessatti tajaajilli afaanii maalfaa akka ta'aniifi maal akka bakka bu'an ibsuuf.
- Gufuuwwaan sirni harma hodhaan hojiirra akka hin oolle taasiisan adda baasuun furmaata kennuuf qoratichi qorannoo kana kan gaggeessedha.

Haaluma kanaan qorannoon kun haala Qaaccessa itti fayyadama afaanii sirni harma hodhaa raawwatamu qaacceessuuf gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebii kennee jira.

1. Harmi hodhaan yeroo gaggeeffamu gahee afaan achi keessatti qabu maali?
2. Addeemsa sirna harma hodhaa keessatti tajaajilli afaanii maal fakkaata?
3. Maqaafi meeshaalee sirna harma hodhaa irratti tajaajilan maalfaa bakka bu'uu?
4. Sirni harma hodhaa yeroo yerootti hojiirra akka hin oolleef kanneen gufuu ta'an maalfaadha?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee garaagarra galmaan ga'uuf gaggeeffamee jira. Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodamuun akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Ittifayyadama afaanii sirna harma hodhaa qaacceessuu kan jedhurratti kan xiyyeeffatedha.

### 1.3.2. Kaayyoo gooree

Qorataan kun kaayyoo gooroo irraa ka’uudhaan kaayyoolee gooree armaan gadii galmaan ga’uuf qorannoo kana kan gaggeessedha.

1. Raawwii sirna harma hodhaa keessatti gahee afaanii ibsuu.
2. sirna harma hodhaa keessatti tajaajilli afaanii akka fakkaatu addeessuu.
3. Maqaaleefi meeshaaee sirna harma hodhaa irratti tajaajilan maalfaa akka bakka bu’an ibsuu.
4. Gufuuwwan sirni harma hodhaa hojjiirra akka hinoolle taasiisan tarreessuu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.

Dhalli namaa durii jalqabee aadaa gamtaan waliin jiraachuu niqaba.Harma hodhaan jaarmiyaalee hariiroo uummataa yookiin waliin jireenya hawaasaa cimsan keessaa isa tokkkodha.Haata’u malee adeemsi sirna harma hodhaa itti fayyadama afaaniirratti kan yeeroo ammaa kana qorannoo irratti gaggeeffame bifa barreeffamaan waan hin jirreef.

Kanaafuu, qorannoon kun sirna harma hodhaa keessatti itti fayyadamni afaaniirratti xiyyeeffatee waan gaggeeffamuuf jechoonni achi keessatti yeroo waadaafi kakuu itti dhimma bahan maalfaa akka ta’e namoota baay’ee fayyada jedhamee amanama.Qorannoo kanarratti jalqabarratti namoonni fayyadamoo ta’an keessaa:

- Mat-duree kanarratti qorannoo bal’aa gaggeessuuf kanbarbaadan yoo jiraatan akka madda ragaatti dhimma itti bahuu akka danda’aniif.
- Sirna raawwii harma hodhaa itti fayidaamni afaanii dagaagsuun, Waajiira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amuruutti galmaa’ee dhaloota itti aanuuf bu’uura akka ta’uuf akka madda ragaatti kaa’ee dhimma itti bahuu danda,a.
- Inni biraan hawaasni naannoo kanaa aadaa Adeemsa Sirna Harma Hodhaa itti fayydama afaan ii kanaa aanoolee birootiif akka maddaa ragaatti irraa argatan taasiisuufdha.

- Sirna harma hodhaa adeemsi isaa maal akka ta'eefi achi keessatti gaheen afaanii maal akka ta'e dhaloota booriif hubannoo kenna jedhameeti.

Walumaagalatti faayidaalee kanaa olii ni kenna jedhee qorataan waan amanuuf qorannoo kun gaggeeffameera.

**1.5. Daangaa Qorannichaa.**

Qorannoo tokko gaggeesssuuf daangaa bakkaas ta'e qabiyyee hubannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Kanaaf, qorannoon kun gama bakkaan Naannoo Oromiyaa Godina Horroo Guduruu Wallagga Aanaa Amuruu Gandoolee argaman keessaa Gandoota kudha-lamairratti kan gaggeeffamu yemmuu ta'u, gama qabiyyeedhaanis daangeffamee jira.Kunis Qaacceessa itti fayyadama afaanii sirna harma hodhaa jedhuun daangeffamee jira.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Adeemsa sirna harma hodhaan yoomessi sirni kun itti raawwaamu seeraafi tartiiba isaa akkamiin akka raawwatu, ergaa achi keessatti darbuufi firiiwwan afoolaa achi keessatti jiru, meeshaalee sirna kanaaf barbaachisuufi fakkoomii kan jedhu qofaatu xiinxalame.Ragaa funaanuurratti namoonni gaafatamuu malan hundi gaafatamuu hin danda'amne. Kun immoo, hanqina yeroofi baajatarraa kan ka'e hanqina qo'annoo kanaas ta'ee jira. Dhimma baajataa irrati immoo amma danda'ametti ofqussachuun keessa darbameera.Akkasumas dookmantii sakkatta'amu bal'inaan dhibuu isaafi kanaan dura dhimma mata-dure kanarratti akka Aanaatti qorannoon gaggeeffame dhibuudha. Qorannoon kun Qaaccessa Itti Fayyadama Afaanii  sirna harma hodhaa Godina Horro Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruu qofaa irratti xiyyeeffate malee guutummaa aadaa uummata Aanaa Amuruu hundaa walitti hin qabatu. Yoommessi uumamaa sirna kun gaggeeffamu dhibuun odeeffannoo akkaayyoofi darbaadabarsaadhaan fayyadamuun hanqina kana keessa baheera. Kanaafuu, hanqina qorannoo kanaa kanneen maqaa dhahaman kanneen akka fakkeenyaattikan ibsamanidha. Qorannoo kana keessatti hanqinaalee qorataa mudatan keessaa inni biraa, sababa deddeebbii hojii idilee irraa kan ka'e gorsitoota isaa waliin yeroo yerootti walarguun qajeelfama fudhachaa deemuurratti hanqina akka ture yoo ta'e illee qorannicha gaggeessuu keessatti dhimmoota qajeelfama barbaadan adda addaarratti haala danda'ameen karaa bilbilaas ta,e darbee darbee fuulaafi fuulatti walarguun qajeelfama fudhachaa deemuun qorannoo kun gaggeeffameera

## 1.7. Ibsa naannoo qoranichaa.

Aanaa Amuruu Naannoo Oromiyaa Godina Horroo Guduruu Wallagaa keessaatti argamti. Aanaan kun Aanoota Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessaa tokko taatee bara 1911tti akka aanaati of dandeessee kan hundooftedha.Aanaan Amuruu magaalaa gudditti Oromiyaa Finfinneerra Kiiloo meetira 410 (km 410) gara Dhiyaatti faggattee kan argamtu yoo taatu magaalaa gudditti Godinaa Shaambuu irraa immo, kiiloomeetira 68 (KM 68).Aanaan kun kallattii sadiidhaan Aanoota naannoo Oromiyaaa keessa jiranii kan daangeeffamtu yoo taatu isaanis: Kallattii Bahaan Aanaa Jaardagaa Jaartee, Dhihaan Aanaa Kiramuu, Kibbaan Aanaa Abee Goongoroofi Aanaa Jaardagaa Jaarteen daangeffamti. Kallattii Kaabaan immoo naannoo Amaaraan daangeeffamti.




Fakkii 1. **Kaartaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Waajiira Aadaafi Turizimii Aanaa Amuruu Irraa Gaafa Guyyaa (20-08-2011) Fudhatame[1].**

Aanaan Amuruu haala teessuma lafaa garaagaraa qabdi. Innis: Tulluuwwandhibeentaa shan qabxii (%5.5), Irraangadeen dhibeentaaa kudha toorba qabxii shan afur (% 17.54), Dirreen dhibeentaa saddeeti (%8), Lafti caffeen hallayyaaniifi kattaan waliigalaan dhibeentaa sadii qabxii saddeeti (%3.8), Lafti qonnaf ooludhibeentaa sodomii shan (%35), Lafti dheedicha looniif oolu dhibeentaa k udha shan (%15), Bosonni dhibeentaa lama qabxii ja’a torba (%2.67) fi kanneen

1

biroo dhibeentaa shan qabxii sagal (%5.9) ol kan qabudha. (Obbo Zalaalem Nugusaa bara 20/06 2011).Anaan Amuruu haala qilleensa gosa sadii ofkeessaa qabdi. Isaanis: Gammoojji, Baddaafi Badda Dareedha. Isaan kanas dhibbeentaadhaan yemmuu keenyu, gammoojjiin dhibbeentaa shantama (% 50), baddaan dhibbeentaa torba (% 7), yoo ta'u badda dareen immoo, dhibeentaa bafurtamii sadii (%43)tu argama. Haaluma kanaan tempireecharri aanichaa inni xiqqaan digirii sheeliyeesii digdamii lama (c 22), Inni guddaan digirii sheeliyeesii sodoma (C30) dha.Roobni baay'inaan ganna kan roobu ta'ee akkasumas Arfaasaa sirritti ni rooba.Roobni inni guddaan miliimetira kuma shan (mm 5000) yoo ta'u, inni xiqqaan miiliimeetira kuma lamaafidhibba toorbaafi digdama (mm2720) tu argama.Walumaagalatti, waggaatti miilimeetira kuma torba (mm 7000) ol argatti. (Obbo Gammachuu Dhufeeraa 25/06/2011

### 1.8 Aadaa Hawaasa Aannichaa

Aanaa Amuruu keessaa aadaa fudhaafi heerumaa, boojina ba'uu, harma hodhaa, aadaa walgargaarsaa, aadaa nyaataafi dhugaatii, aadaa uffataa, aadaa jaarsummaa waliif ba'uu aadaa hojii yeroo gaddfi gammachuu waliin dabarsuuf

### 1.9 Aadaa Fudhaafi Heerumaa

**Kaadhimmannaa-** waliigaltee warra gurbaafi intalaatiin kan gaggeeffamu ta'ee kan gurbaafi intalli fedhii warraa irratti hundaa'anii walfuudhanidha.

**Aseennaa**-gosti gaa'ilaa kun dargaggeesichis ta'e maatiin isaa utuu hin beekiin fedhii shammarre qofaa sanarratti hundaa'uun kan rawwatudha.Shamarreen tokko utuu abbaa manaa hin argatiin yookiin hin heerumiin yoo turte umuriin ishee akka aadaa hawwaasa keessatti dhalatetti yoo heruma irraa darbite haftuu jedhamu irraa miliquuf kan isheen fedha isheetiin mana warra gurbaa barbaadde dhaquun akka inni ishee fuudhu gaafatudha. Nama barbaadeefi kan ishee gitu filachuudhaan mana warra dargaggeessichaa dhaquudhaan qodaa bukoo qabattee haadha manaa isaa seeraa ta'uudhaaf kan isheen labsitudha.

**Hawwii-**Hawwiin immoo, yeroo gurbaafi intalli waliigalanii ofuma isanii walfuudhan jechuudha.Kana yeroo baay'ee yoo gurbaan harka qalleessa ta'e gaggeeffama.Sababiin isaa, horii gabbara warra intalaaf kennuu waan hin qabneefidha.

**Butii-** Butiin kan warra shammarranii malee, humnaan raawwatamudha.Butiin kunis sababa lamaaf ta’a.Inni jalqabaa, dargaggeessichi shammarran fuudhuu barbaade, sababa hanqina mallaqaa irraan kanka’e maatiin ishee akka hin fuune yoo didan kan inni dhoksaadhaan hiriyyoota isaa qindeeffatee hubnaan butee haadha manaa godhatudha.Kana keessatti gurbaa qofaatu jaallata malee isheen kan jaalala hin qabneef fedhii kan hin qabnedha.

Inni lammaffaa, lamaan isaaniiyyu waljaallatanii maatiin isheen garuu sababa hiyyuma, sanyii ykn qomoo fi oogummaa dhabuu isaan irraa kan ka’e yoo itti heerumsiisuu didan innifi isheen waliigaluunhaala mijjeeffataniikan keessatti butii gaggeessanidha. (Biqilaa Abdataa 28/06/2011).

### 1.9.1. Aadaa Walgargaarsaa

Hawaasni Aanaa Amuruu karaa baay’eedhaan wal gargaaruudhaan waliin hojjetu.Aadaawwan walgargaarsaa maqaafi gosa garaagaraa qabachuutiin beekamu.Isaan keessaa: daadoo, afooshaafi maaldhibdeen hedduminaan beekamu.

**Daboo-**Daboo jechuun yeroo hojiin nama tokkotti hojiin baay’atee ofirraa fixuu dadhabu, farsoo naqee muulluu affeelee, nyaata qopheessee nama kadhata.Kana booda namootiin kadhataman guyyaa jedhamanittiifi yeroo jedhamanitti deemanii hojjetuuf.Daboo kanarratti namoota hubna qaban qofaa osoo hin ta’iin maanguddoonis yaadaafi eebbisuudhaaf kan kadhatamanidha.

**Daadoo**-Daadoon yeroo tokko tokko“dugda “jedhamee wamama. Innis, namoonni naannoo tokko dabaree naqatanii yeroof hojjetanidha.Dabareedhaan walirra naanna’uun walgargaarujechuun himamee jira.

Afoosha- Kun immoo, namoonni naannoo tokko jiraatan walitti dhufanii bakka tokkotti qarshii walitti qabatanii gaafa rakkinaa, gaddaafi gammachuu walcinaa dhaabatanii kan ittiin walgargaaranidha.

**Maaldhibdee**-Kunis amala aadaatiin walgargaaran ta’ee fakkeenyaaf, namni yookiin maatiin tokko yoo dhukkubsate, miseensa mmaatii keessaa namni yoo boqote /du’e/, haadholiin yoo dahan sababa rakkinoota kana irraa kan ka’e lafa qotachuufi midhaan galfachuu irratti dadhabuu danda’u.Kanaaf hawasni naannoo guyyaa kana affeerraa nyaataa, nyaataafi dhugaatii amma tokko qopheessuun namoota sanaaf kan qopheessanidha.

***Aadaa Nyaataafi Dhugaatii***

Akka odeeffannon namootarraaargame mul'isutti Aanaa Amuruu keessaa nyaataafi dhugaatiin illee aadaan nyaataa kanneen akka: combo, cororsaa, qorii, laaqaadammaa, caccabsaa, cuckoo, marqaa, booka, buqurii /guushii/fi farsoofaatu jira.

**Aadaa Uffannaa**

Odeeffannoon namarraa argame akka mul'isutti uffanni aadaa hawaasni Aanaa Amuruu itti tajajilamu kaneen akka: bullukkoo yookiin gaabii, balee, qoloo, sabbata, waaroo, wancaree, surree, jilba jaleefishaashiiffatu uffatama.

**Gaabii /Bullukkoo/-**Bullukkoon fo'aa jirbii irraa kan hojjetamu ta'ee, ogeessa huccuu dhahuun kan tolfamu ta'ee kan haati manaa abbaa manaa isheef dhoosiftudha.kunis **torbii** jedhamee beekama.

**Sabbata**-Sabbanni immoo, akkasuma jirbiirraa kan tolfamu ta'ee uffata qoloo dheertuu kan dubartoonni heerumuufi heerumuu dhabuu isaanii kan ittiin addaan baasuu danda'anidha. Sbbanni kan mudhiirratti kan hidhatamudha.

**Aadaa Araaraa**

Odeeffanno nammotarraa argame akka mul'isutti Aanaa Amuruu keessatti hawaasni oromoo karaa ittiin waldhabdee hiiku yookiin namoota waldhaban ittiin ararasu hedduu qaba. Isaanis: araara gumaafi jaarsummaadha.

**Gumaa-** gumaa jechuun namnni nama ajjeesse tokko haala inni ittiin gatii dhiigaa baasuun maatii nama du'eefi Waaqatti araaramudha.

**Jaarsummaa**-jaarsummaan namoota waldhaban lamaan gidduu jaarsi seenee dubbii isaa qoratee, gamaafi gamanaan ilaalee madaalee haala ittiin nama balleessetti adabbii muruufi nama itti balleeffameen dhiifama gaafachiisuun walitti araarsuu jechuun himamaee jira.

**Aadaa Harma Hodhaa**

Harma hodhaa ilaalchisee Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amuru (2004) waraqaa hin maxxanfamnerraa mata-duree aadaa hawaasa Aanaa Amuruu" jedhurraa qorataan akka odeeffannoo argatetti Namni harma hoosiise tokko kan harma hodhe sana ijoolleesaa keessaa akka dhala hangafaatti kan yeroo gaddaafi gammachuu isaarratti hirmaatu yemmuu ta'u; Namni

harma hodhe sunis akka abbaafi haadha godhachuun kan yeroo gaddaafi gammachuu isaaniirratti hirmaatee rakkoo isaanii furudhaaf kan ulaaggaa guutamuu qaban guutanii akka dhalaafi maatiitti waliin jiraatan ta'uu isaa oddeeffannoo argame irraatti hudaa'uun qaacceffameera.Kanaafuu harma hodhaan namoota hidda dhiigaa hin qabne abbaafi dhalummaa kan raawwatan ta'ee akka dhala hagafaatti kan ilaalamudha.


### 1.9.2. Amantii Hawaasa Aanichaa

Ragaan Waajira Aadaafi Turiziimii Aanaa Amuruu irraa fudhatame akka mul'sutti Aanaa Amuruu keessatti amantiilee afuritu argamu. Isaanis: Waaqeeffannaa. Pirooteestanii, Islaamaafi Ortoodoksiidha. Kanneen kunis lakkoofsa hordoftoota isaaniitiin: Waaqeffannaan dhiiraa dhibbeentaa torbaafi qabxii saddeeti (%7.8), dhalaan dhibbeentaa saddeeti qabxii lama (%8.2) waliigalatti dibbeentaa kudha sadii (%13). Hrdoftoonni amantaa Islaamaa immoo dhiira dhibbeentaa kudha-afuriif qabxii shan (%14.5). Dhalaan dhibbeentaa kudha-lama qabxii shan (%12.5) nidha. Walumaagalatti dhibbeentaa digdamii toorba (%27) dha.

Hodoftoonni amantaa Hortoodoksii dhiira dhibbeentaa kudhan (%10), yoo ta'u dhalaan dhibbeentaa kudha jaha (%16), walumaagalatti dhibbeentaa (%26) dha. Hordoftoonni amantaa Piroostaanii immoo, dhiira dhibbeentaa –tokko (%21) fi dhalaan dhibbeentaa digdamii sadii (%23) walumaagalatti dhibbeentaa afurtamii afur (%44) akka ta'e ragaan argame ni ib

### 1.9.3. Gandoota Aanaa Amuruu

Aanaan Amuruu gandoota magaalaa sadiifi gandoota baadiyyaa digdamii tokko walumaagalatti gandoota digdamii afur kan qabdu ta'uu ragaan Waaajira qonnaa Aanaa Amuruu irraa argame ni mul'isa




**Fakkii 2. Kaartaa Aanaa Amuruum Qorataan Gaafa Guyyaa (23/08/2011) Waajira Misooma Qonnaa Aanaa Amuruu deemee fudhatame.**

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA’A BARRUU

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti barruulee garaagaraa sakkatta’uurratti kan xiyyeeffatudha.Qabxiilee ijoo as jalatti dhiyaatanis barruulee yaada ijoo as jalatti dhiyaatanis barruulee yaada rime cimsan sakkatta’uu, barruulee yaaxxina xiinqooqa hawaasaa/sociolinguistic/fi yaaxxina duudhaa hawaasaa qorannoo kun kan buureffate dhiyyeessuuf hojiilee qorannoo isaa kanaan walitti dhufan kan sakkatta’udha.

Walleen sakkatta’a barruu ilaalchisee Addunyaan (2011:57), Berg (2011:9) wabeeffachuun akka ibsutti akka ibsutti “Qorannoon hojiiwwaan kanaan duraa sakkatta’uun barbaachisaadha. Barreeffama kanaan dura kan mataduree qorannichaatiin hidhata qaban sakkatta’uun faayidaa inni qabu keessaa inni guddaan yaadawwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbiffachuundha. Kana malees namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti mala ittiin hariiroo uumuun jiraatan qabu.Isaanis: amala waalfakkaataa qabaachuu, afaan tokko dubbachuu, amantaa tokko hordofuu, hojii walfakkaataa hojechuu ta’uu danda’u. Uummata Oromoo birrattis hariiroo namoota gidduutti uumuuf kan tajaajilan keessaa tokko afaaniifi faayidaasaa, afaan af-lameefi afaan walkeessa makanii fayyadamuu yemmuu ta’u kanneen biroo keessaa inni jalqabaa Yaadarimee fookiloorii, duudhaahawaasaa, waanta aadaafi ogafaanitu tarraa’ee jira. Inni lammaffaa, maalummaa ijaarsa firoominaafi sababoota firoominaa akka Addunyaafi Oromiyaa keessatti jira nitu ibsama.Sadafaa irratti, yaadarimee harma hodhaati dhiyaatan. Arfaffaa irratti gahee harma hodhaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabuibsama. Dhumma irratti faayidaan harma hodhaa jiruufi jireenya hawaasa keessaatti gahee inni qabutu ibsamee jira.

### 2.1 Yaadarime Afaaniifi Faayidaasaa

Afaan wanta sirnawaa kan waliigaltee sagaleewwanii yookiin mallattoolee barreeffamaa ilmaan nama walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadamaniidha *“language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbolsin a human society for communication, interaction and self expression*”,Crystal (1997:384)Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa fayyadama mallattoolee kan ofkeessaa qabu ta`ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu`uuf kan dhaabbate ta`uudha. Waa`ee mallattooleen waliigaltee afaanii keessatti tajaajilu kana ilaalchisee Gudykunst & kim (2003:75)

“*written words, spoken words, gesture and facial expressions are the common symbols used for communication*” jedha.Akka ibsa yaada kanaatti, afaan kan namoonni yaa da waljijjiiruuf of ibsuuf walqunnamtii hawaasaa keessatti meeshaa taʼee tajaajila guddaa kennuudha. Dabalatanis Mehl (2003:67) waaʼee afaanii yoo ibsu, “*The ways people use words convey a great deal of information about them selves, their audience and the situation they are beyond its communicative function*” jedha. Akka yaada gubbatti dhiyaate kanaatti, afaan namni tokko eenyu akka taʼe, eessaa akka dhufe duuba isaa hubachuuf kan nama gargaaruudha. Afaan yaada namaa kan ibsu taʼu ilaalchisee Holmes (1992:319) *“language enables people to express idea, feeling attitude during social enteractions.*” Jedha. Kunis afaan waliin dubbii keessatti kan yaada, fedhii, ilaalchaafi kkf ibsachuun hawaasa keessatti waliigalteen akka jiraatu kan taasisu akka ta’e hubachuun nidandaʼama. Faayidaa afaan kennu ilaalchisee Finch (2003: 21-38) *Language functions are two categories. One is micro function which covers the particular “individual use and the other is macro function which relates to the large or more general language* “jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti tajaajila afaanii micro jalatti Tajaajila odeeffannoo waraabuu, Tajaajila waa addaan baafachuu, Tajaajila yaada, fedhii, ilaalchaa ofii ibsachuu, tajaajila ka`umsa / jalqaba/ dubbii uumuu, Tajaajila walitti dhufeenya yookiin hariiroo namoota g idduutti uumuu, Tajaajila miira dadhabbii, aarii, gaddaa ibsuu , Tajaajila miira gammachuu, hawwuu namootaa ibsuu ta`uu ibseera.

Tajaajila afaanii “macro” jalatti ammo afaan bu`aawwan xixiqqoo (micro) heddu walitti qindeessuun kennuu akka danda`u lafa kaa`eera. Kunis: tajaajila addunya keessa jiraannu, faayidaa dhuunfaa keenyaa yookiin waliiniitiif akkaataa itti hubannee afaaniin ibsinu; tajaajila jechootatti gargaaramuun mataa keenya ibsuu, yookiin eenyummaa keenya namoota birootiif ifa gochuu. (The interpersonal function), Tajaajila addunyaa keessa jiraannutti ofis ta`ee namoota gammachisuufi kkf.dha.

### 2.1.1 Fayyadama Afaanii

Ilmaan namaa jiruufi jireenya isaa keessatti wantootaisaan walitti fidan qabu.Wantoota kanneen keessaa tokko fayyadama afaaniiti.Fayyadamni afaanii kallattii dubbiitiin irra caalaa gaggeeffama.Akkaataan ittigaggeeffmurratti garuu walhinfakkaatu.Sababni isaas haalli namootni keessattifayyadaman, bakkaan, umriifi saala, akkasumas sadarkaa barnootaatiin yookiin

jireenyaatiin garagarummaa qabaachuu danda'a.Kana qofa osoo hintaane afaanuma tokko keessattillee garaagarummaan afaanii nijiraata.

Kanarraa ka'uun dhimmootaafi kaayyoowwan adda addaatiif looga afaanicha keessa jiran akka isaa mijatutti jijjiiruun namootni afaanitti fayyadamu.Afaanichatti fayyadamuuniifi haalli hawaasummaa keessa jiraannu, caalatti ammoo dhiheenyiifi fageenyi kaayyoo afaanichaatiin walitti hidhatu murteessummaa qaba.Fayyadamni afaanii rakkoowwan afaaniin walqabataniif fala kan kennu ta'uu, Richard (1992)

> *Aplied linguistic provides the theoretical and descriptive foundations for investigation and solution of language related problems, especially those of language education in first, second and foreign language in teaching and learningRichard (1992).*

Akka yaada gubbatti ibsameetti, fayyadamni afaanii rakkoowwan afaaniin walqabatan kanneen haala fayyadama jechootaa, ibsoota hiikkaawwaniifi jijjiirraa keessatti jiraniif furmaata kaa'uudha. Keessattu rakkoowwan fayyadama afaanii gama barnootaatiin jiru hiikuun beekamaadha. Fayyadamni afaanii yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa afaanii xiinxaluun guddina afaaniitiif gahee olaanaa kan taphatuudha.

*Aplied linguistic is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life.At its centers are the theoretical investigations in real world issues in which language leading role* Goldman R.(1998:147).

Akka yaada ibsame kanaatti xinqooqni hujoon tajaajilamtootni afaanii haala hubannoo fayyadama afaanii akka argatan gochuun bu'uura yaaxxinaa lafa kaa'a. Kunis: afaan yoom, eessattiifi haala akkamii keessatti fa yyadamuun barbaachisaa akka ta'e hubannoo namootaa gabbisuun bu'aa olaanaa kan kennuudha.

### 2.1.2. Af-lamee

Af-lameen namoota afaan lama walfaana dubbachuu carraa filannoo qabaachuu isaanii kan agarsiisuudha. Af-lamee ta`uun ammoo afaan lachuu walqixa dandeettii isaa qabaachuu yookiin dhiisuu yookiin afaan tokko caalatti beekuu ta`uu danda`a.

> *Bilingualism as the practice of alternatively using two langualism (i.e roughly equal proficiency of two languages) and ambilingualism (i.e complete control of two languages and make use of them in all uses). are mostly ideal, bilinguals rid to be more fluent or generally proficient in one language.*Hoffman (1991:15)

Akka yaada gubbatti ibsameetti dandeettiin afaanii af-lame yookiin isaan alaa akkaataa yookiin haalaafi iddoo akkasumas dhimmicha dubbatan gadifageenyaan beekuu yookiin beekuu dhabuu isaarratti hundaa`a.Keessattuu dubbataan afaanichaa haalaafi bakka inni hinbeekneen alatti fayyadamni afaanii inni taasisu ergaa dubbichaa qofa osoo hin taane adeemsa dubbii yookiin waliigalteellee jijjiiruu danda`a jedha. Kanarraa ka`uun namoota afaan iddoo hojii mootummaa keessatti dubbataan giddutti haalli itti walhubatan dhiphinafi bal`ina kan qabu ta`uu agarsiisaa. Warri afaan lama dubbatan yaada qaban ibsuuf, irraa deddeebiifi ibsa haasawa dheeraa gochuu isaaniitiin warra afaan dhalootaatiin dubbataan irraa adda ta`u. Kun ammoo ergaa yaada ibsamee hubachuu dadhabuufi ergaa ofii ibsuu barbaaddan ibsachuu yookiin geessuu dadhabuu fiduu danda`a.Gama birootiins ilaalichi namni tokko afaan fayyadamurratti qabus ergaa dabarsu yookiin fudhaturrattis dhiibbaa kan qabu ta’uu, Holmes (1992:113)

> *Language attitude can also have an effect on whether or not a language is intelligible such linguistic barriers may lead non-natives in to misunderstanding and incomplete understanding of language*jechuun ibseera.

Akka yaada kanaatti ilaalchi namni tokko afaan fayyadamuun irratti qabu ergaa hubachuu yookiin dhiisuurratti dhiibbaa qabaachuu kan danda‟u ta’uu nu hubachiisa.

### 2.1.3. Afaan Walkeessa Makanii Fayyadamuu

Afaan wantoota hawaasni walitti dhufuun gamtaan akka jiraatan taasisan keessaa isa tokkoodha. Hawaasni gamtaan jiraatu kun ammoo si’a afaan fayyadamu inni tokko afaan isa kan biroo afaan ofii keessatti galchuun yoo fayyadamu mul’achuu danda’a.Afaan walkeessa makuu jechuun yeroo namni tokko haasawa isaa keessatti afaan garagaraa galchuun fayyadamu jechuudha. Yaada kanaas Matras (2009:540)” *Code switching is the alternation of language with in a conversation. That means a change from one language into another occurs in the middle of a speech*” jedha.Yaadni Kunis dubbataan afaan fayyadamaa jirurraa gara afaan birootti cee`uun jechoota, gaaleewwanfi ibsoota garagaraa fiduun jidduu dubbii isaatti galchuun dubbachuudha.Hayyuun kun yaada “code switching‟ jedhu“code mixing‟ isa jedhuun garaagarummaa akka hinqabnetti ibseera. Haata`umalee Gudykunstfi kim (2003:239) “code switching‟ kan jedhu hubannoo qabaachuu barbaadanii afaan biroo afaan dubbataa jiran keessatti galchuun fayyadamuu yoo ta`u “code mixing‟ ammoo osoo hinbeekin (hinhubatin) afaan biroo dubbii ofii keessattii fiduun fayyadamuudha” jechuun akka garaagarummaa qabaatanitti ibsanii

jiru. Zalaalam (1998:198-199) Gumperzfi Bakamba waabeffachuun waa`ee makoo (code switching and code mixing) yoo ibsu fayyadama afaanii keessatti afaan dubbataa jiran irraa gara afaan birootti cee`uun dhuma himootaa yookiin dubbii gidduutti (keessa himootaatti) jechoota gaaleewwan, maxxantootaafi himoota fayyadamuu akka ta`e lafa kaa`ee jira. Gama birootiin afaan walitti makuun tasa osoo hintaane sababa qabatamaa irraa kan uumamu ta`uu seera wajjiin wal qabsiisuun Tiersma (1999:105) akka ibseetti.

> *Code switching is virtually never random speakers will alternate between varieties of language depending on a number of factors or reasons. One factor is the topic of conversation when speaking about the law, it is natural for lawyers to switch to a legal language; particularly to technical terminologies*.

Akka yaada kanaatti ka`umsi afaan makoo fayyadamuu yaada ibsuu barbaadan ibsachuu dadhabuu, rakkoo dagachuu yookiin haala walitti dhiheenyaa mul'isuuf akka tae, akkasumas icciitii uumufillee kan raawwatamuu hayyootni ni ibsu.” *The reason for switching of language is to hide fluency or memory problem in second language, to facilitate interpersonal particular relationship and to create secret use of language*. Gudykunstfi Kim (2003:237). Sababni biraa kan afaan walitti makuu Hudson (1996:52) “S*peakers choose a language which the other person understands” jedha*dha. Akka yaada kanaatti namootni afaan dubbataa jiraniin irraa gara afaan birootti cee`uu afaan dhaggeeffataan nama hubatu filachuu yookiin ergaa dhaggeeffataa biratti uumuuf akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

### 2.1.4. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Adeemsa Sirna Harma Hodhaa

Adeemsa sirna harma hodhaa keessatti namni harma hodhuufi namni harma hoosiisu gidduu sirna sana keessatti itti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatuufi adeemsa harma hodhaa keessatti jechoota akkamiin akka isaan itti fayyadamanii dhimma itti bahani,meshaalee sirnicha keessatti barbaachiisu maal maal akka ta’an, jaarsoliin yeroo sirni sun raawwatamuufi sirna sanaratti yeroo eebbaa,kakaafi waadaa waliigalan jechoota haala akkamiin fayyadamanii waada galchani, eebbisanfiabaaran qoratichi bira gahuun ibsameera.

### 2.1.5. Guddina Afaanii

Guddinni afaanii hawaasa afaan isaatiin tajaajilamu san yoo bifa hammayyoomeen karoorfame bu’aa buusuu eegale mul’achuu danda’a. Karaa dubbiitiin waliigaltee namoota giddutti taasifamu mijeessuu bira dabree bifa barreeffamaatiin guddinna saayinsiifi teeknoolojii faana guddachuun

fedhii hawaasaa guutuu qaba. Gama kanaan Afaan Oromoo sirnoota asiin duraa keessatti walqunnamtii afaanii bira dabree barreeffamaan faayidaa kennaa hinturre.Haata'u malee mootummaa ADWUI Heera Federaalaa bara 1987 keewwata 5.3 gubbatti taa'een Mootummaan Naannolee hunduu Imaammata afaanii mataasaanii akka baafatanii afaan isaanii guddifachuu danda'an murteesseera. Haaluma kanaan Afaan Oromoo carraa kana argachuun guddina agarsiisuu eegaleera.Afaan Oromoo guddisuurratti gahee kan qaban dhimmamtoota A/O irratti hojjataniifi A/Otiin hojjatan akka ta'e Abbabaa Qannoo (2005:58) "Wiirtuu' lakk.10 irratti ibseera.Afaan tokko guddachuu kan danda'u ammoo wantootni sadii hojiitti yoo hiikaman akka ta'e hayyootni nidubbatu.Isaanis:

1. **Afaan murteessuu yookiin gahee murteessuu**-(Status planning)- Kana jechuun tajaajila afaan tokkoo heeraafi seera biyyattii keessatti keeyyata mirga afaan sana dhimma adda addaatiif fayyadamuu mirkaneessu murtee siyaasaa kennuudha. Fakkeenyaaf, afaan barnootaa, afaan hojii, miidiyaalee, mana murtiifi wkf. Keessatti kennu murteessuudha, Afaan Oromoo guddisuuf sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti tajaajila ykn.gahee afaanichaa murteessuu heddu kennamaniiru.Isaan keessaa muraasni: Afaan Oromoo Afaan hojii Mootumm Naannoo Oromiyaa ta'uu heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.46/1994:4 fooyya'ee bahee keewwata 5 jalatti" Afaan Oromoo afaan hojii Mootumaa Naannoo Oromiyaati. Kan barreeffamus qubee Afaan Oromootiin ta'a." jedha.Labsii kanarraa ka'uun waajjiraaleen Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti bulan hunduu, Caffeen Oromiyaa, Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miidiyaaleen Ummataa kan naannoofi federaalaa muraasni Afaan Oromootiin hojjataa jiru.
2. **Afaan Barnootaa ta'uu**-Kanarratti Wiley (1996:130) afaan barnootaa yoo ibsu"Afaan barnootni ittiin kennamu murteessuu, barsiisota afaanichaan barsiisan qopheessuu, meeshaalee barnootaa kan akka sirna barnootaa, silabasii, meeshaalee gargaarsa barnootaa qopheessuufi haala aadaa hawaasichaatiin walsimsiisuun dhiyeessuudha" jedha. Afaan Oromoos erga carraa kana argatee Manneen Barnoota sadarkaa 1ffaafi dhaabbilee leenjii barsiisotaa sadarkaa diplomaatti kan mootummaafi dhuunfaattille afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jira. Akka barnoota afaaniitti ammoo Oolmaa daa'immanii irraa eegalee manneen barnoota sadarkaa 1ffaafi mana barnoota sadarkaa 2ffaa akka gosa barnootaa tokkotti kan kennamu, akkasumas Yuunivarsiitii muraasa keessatti digrii 1ffaafi 2ffaan ittiin kennamaa jira.

Kufaatii Sirna Mootummaa Dargii booda haaluma Mootummaaleen Naannoo hudeeffamaniin afaan naannoo isaanii murteeffachuu akka qaban seerri biyya keenyaa labsii bara 1987 bahe keewwata 5 jalatti teessiseera. Haaluma kanaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannichaa ta'uu labsii 46/1994 keeyyata 5 jalatti raggaasiseen Manneen murtii Oromiyaa sadarkaa aanaa hanga mana murtii waliigalaatti Afaan Oromootiin hojiiwwan seeraa Labsii 114/2000 lakk.4 Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa deebsanii hundeessuuf bahe kamiiyyuu hojjataa jiru.

**3-Afaan karoorsuu-** (Language planning)- Afaan biyyatti tokkoo afaan hojii mootummaa ta'ee erga mirkanaa'ee booda haala afaan sun hawaasicha itti tajaajilu mijeessuudha.Afaan guddinna diinagdee,hawaasaafi teeknoolojii faana deemuu akka danda'u dhaabbata guddinna afaanii karoorsu,kan aangoon akkaataa fayyadamaarratti seera baasuu keennameef yookiin akkaadaamii barnootaa hundaa keessatti cimee akka itti hojjetamu ta'ee jira.

### 2.1.6. Haala Umamaafi Fayyadama Jechootaa

Jechi sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaran jecha jedhamu. Yaadda kana Addunyaan (2011:33) jechi" Dhamjecha yookiin dhamjechootarraa ijaaramee uunkaalee hiika tokoofi isaa olqabaniin dhiyaachuu kan danda'uufi ofdanda'ee kan dhaabbatu, bakka bu' aa muuxxannoo hawaasaati" jechuun hiikeera. Kanarraa ka'uun jechi sagalee yookiin dhamjechootarraa kan uumamuufi hiika qabeessa ta'ee kan waan tokkoof dhaabbatu ta'uu hubanna.

Jechootni afaan tokko keessatti argaman baay'ina kan qaban waan ta'eef qorachuufillee kan rakkisu ta'uurraa kan ka'e hayyootni afaanii garee gareetti addaan qooduun xiinxaludha. Qoodinsi garee kunis kan bu'uureffatu gosoota, haala uumamaa, tajaajilaafi qubanna akkasumas hiika isaarratti ta'a. Jechootni afaan tokko keessa jiran tajaajilaafi uunkaasaa gadi fageenyaan qorachuuf hayyootni afaanii jechoota garee jechootaatti addaan qoodu. Gama kanaan hayyootni jechoota Afaan Oromoo caasaa isaa xiinxalan yeroo garagaraatti garee addaaddaatti qoodanii jiru. Mitikkuufi Tashoomaan (1998) garee jechootaa maqaa, ibsamaqaa, xumura,ibsa xumuraafi durduubee jechuun qoodaniiru. Abaraafi kaawwan (1998:162) jechoota Afaan Oromoo maqaa, maqdhaala, addeessa, gochima,dabal gochima, durgaafi waliingaa jechuun bakka saddetitti yoo qoodan Shifarraa Fayyisaa (1999:20) ammo garee jechootaAfaan Oromoo maqaa,

addessa,gochima dabal gochimafi durgaa jechuun iddoo shanitti qoodeera. Ulaagaan qooddii garee jechoota afaanii amala afaanichi tokko qophaatti qaburraa madduu akka qabu ilaalchisee Addunyaan (2011:48) qooddiin garee jechootaa ulaagaa xiinjechaa, xinhimaafi xinhiikaa ta;uu akka qabu eeruun garee jechootaa Afaan Oromoo Maqaa, maqibsa, gochimaafi durduubee jechuun bakkaafuritti qoodeera. Haata'umalee kitaabilee seer-lugaa (caas-lugaa), kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee garagaraatti jiru keessatti jechootni Afaan Oromoo bu'uura tajaajila caasaa himaa keessatti qabaniin bakka heddutti qoodameera. Garee maqaa, maqibsiifi gochima akkasumas gochibsiifi durduubee jechuun bakka shanitti qoodamee barreeffamuun barsiifamaa jira.

### 2.1.7. Tolfama Jechootaa

Afaan ilmaan namaa ittiin waliigalan amalli isa adda taasisu keessaa tokko jechootaa haaraa fi ibsoota uummataa kan deemuu ta'uusaati. Ijaarsi jechootaa haaraafi ibsootaa kun immoo irra caalatti yeroo dubbataan waliigaltee keessatti yaada haaraa ibsachuu barbaade kan calaqisu yoo ta`u kunis guddinna afaanichaatifis tumsa qaba. Yaada kana Yule (1985:45) akkana jechuun ibseera.

> *One of the unique characterstic of a human language is the potential to create new words and expressions*". Dabalatanis Zelealem (2009:67*)" A language develops its lexions when there is a complelling need to accommodate new concepts that cannot be expressed by the available vocabulary* "jechuun kaa'eera.

Afaan tokko keessatti jechootni haaraan karaalee hedduun ijraaramee argamuu danda'a. Baay'een isaanii dhamjechoota maxxanfachuun,ergifannaan, tisheessuun (diggalaan), suphaaniifi kkf.ta'a.Yaada kana Yule (1985)." *Borrowing, compounding blending, clipping, acronym, derivation and coinage are the commonly observed method in the process of lexical development*" jechuun ibseera

### A.Ergifannaa

Adeemsa walitti dhufeenya hawaasaa afaan garagaraa dubbataan jiddutti jechoota afaan tokkorraa gara birootti dabran akka ta`e Zalaalam (2009:67) akkas jechuun ibseera.*"Borrowing refers to the importation of lexical or grammatical elements from or other language mainly due to language contact situations*" Afaan yaadaa fi aadaa dubbataa afaan sanaa ibsuuf ga`umsa qaba. Haata`umalee afaan tokko hawaasa afaanicha dubbatu sanaan alatti bahee aadaa hawaasa

biroo ibsuurratti haqinna qabaachuu mala.Haala akkasii keessatti dubbattootni afaan isaanii fayyadamuun yaadafi aadaa akkasumas jechoota yookiin ibsoota afaan isaanii waliiqooduu yookiin ergisuu danda`u.

Ergifannaan gosa garagaraa qaba.Kana keessaa tokko ergifanna hiikaati. Kuns jechootnidubbataa gara afaan dhaggeeffataatti yookiin fudhataatti hiikamuufi adeemsa kana keessatti jechootni haaraan kan yaadaa bakka bu`an itti uumaman akka ta`e Zalaalam (2009) ibseera.

**B.Tishoo (Diiggala)**

Malli biroo kan jechootni haaraan ittin uumamu danda`u ammo tisheesuudha. Tisheessuun jechoota,adda addaa lamaafi isaa ol walitti fiduun jecha haaraa biroo uumuudha. Hiika jechichaas garee jechoota irraa ijaaramee irraa tilmaamuun yookiin isaaniin alatti xiinxalluun kan kennamu ta’a.” Addunyaa (2010:145-146).

**C.Fufachuu**

Fufachuun immoo karaa dura yookiin booda jechaatti maxxantoota dabaluun jechootni biroo kan hiikaan yookiin gareen adda ta`e akka uumamu gochuu ti. yaada kana*” Derivation is another word formation through addition of affixes to the beginning or end of a word*” jechuun Yule (1985:45-46) ibseera.Jechootni Afaan Oromoo jechoota haadhoo (bu’uuraa)fi jechoota uumamtee jechuun addaan qoodamuu danda’a.Jechootni bu’uuraa jechootni uumamtee ta’an akka uumamaniif yookiin tolfamniif sababa ta’u.Akkaataa kanaan jechootni Afaan Oromoo karaa garagaraatiin akka tolfamanAddunyaa(2011:51),Shifarraa(1999:24) ibsee jira.Jechootni Afaan Oromoo dhamjechoota fufachuudhaan karaa lamaan argamuu danda’a.Isaanis yaasaafi horteedha.

**Yaasaa (umamtee**)-Yaasaan dhamjechoota uumamtee fufachuudhaan jechootni haaraan afaanicha keessatti akka uumaman (dabalaman) kan gargaaruudha. Dhamjechootni haala yaasaa kanaaf tajaajilan xiyyeeffannoon isaanii garee jechaa yookiin hiikaa jechootaa jijjiiruurratti ta’a.

**Hortee**-Jechootni Afaan Oromoo dhamjechoota fufachuudhaan walhoru.Dhamjechootni walhormaata jechootaatiif oolan tajaajila caaslugaatiif kan fayyadan yoo ta’an akka dhamjechoota yaasaa garee jechaa yookiin hiikaa jechaa jijjiiruuf kan hintaaneedha.

### D.Gabaabsanii Barreessuu

Seera barreeaffama afaanii keessatti yaadotni barreeffamaan karaa qusannaa qabuun dhiyaatu. Kun ammo bakkaafi yeroo gabaabsuuf nama gargaara. Dabalataanis barreeffamichi ergaan isaa osoo hindabiin midhaagina qabaatee argamuu danda'a.Seera gabaabsanii barreessuu kana milkeessuuf tooftaalee gargaaran keessaa tokko kan ta'an gabaajeefi kottonfachiiftuu ta'u. Garaagarummaa isaan gidduu jiru Geetachoon (2007:64) yoo ibsu gabaajeen barreeffama jechoota lamaafi lamaa ol walfaana jiran yookiin walwajiin qaama tokko ta'anii dhaabbatan gabaabsanii barreessuuf oola.Tooftaan inni ittiin barreeffamus qubeewwan jalqaba jechootaa irratti argaman funaananii fudhachuufi qubee guddaan kaa'uun ta'a.

### E.Kottoonfachiiftuu

Kottoonfachiistuun ammo tooftaa qubee jechoota tokko keessatti argaman keessaa muraasa fudhachuun yookiin filachuun qubee jalqabaa qofa qubee-guddaa gochuun gabaabsanii barreessuudha.

## 2.2. Ijaarsa Hariiroo Hawaasaa

Jechih"hariiroo" jedhu kanneen afaan Ingilliffaan "intigretion and relation "jedhaman waliin walbira qabamuun yoo ilaalamu tokko ta'uu firoomuu, qindoomuu, qunnamtii uumu jechuudha.Parkin (1974) akka ibsutti firoommiin hidhata namoota gidduutti gama aadaafi hawaasummaan ijaaramudha. Seenduubeeb isaa hidhata, qunnamtii, amala,ilaalchaafi hariiroo hawaasummaa namoota gidduu jiranidha. (Ayalew, 2002).Servan (2008), Schiefloe (2007:49) wabeeffachuun akka ibsutti"*Social network consists of relatively voluntary relation between individuals or other units, like group or inistution*" jedha. Kanarraa kan hubatamu waliin jireenya namootaa kan ijaaramu fedhii namootarratti hundaa'uun.Hariiroon kun itti fufuus dhiisuus danda'a.Akka itti fufu ykn itti fufuu dhiisuusaaf haalli hawaasaa keessaa jiru gahee olaanaa qaba. Kunis hawaasni keessatti walitti dhufeenyi uumamuu qabu kan akkamii ta'uu akka qabu daangessuu danda, a jechuudha. Akkasumas Misgaanuun (2011:7) Ben Betkin (1938) wabeeffachuun akka ibsuttu "*Every group bound together or by common interest and purpose,wether educated or un educated, rural or urban possesses a body of traditions which may be colled its folk lore.''*Yaada kanarraa waanti hubatamu namni hariir oo ykn tokkummaa uumee kan jiraatu fedhiisaarratti hundaa'uuni. Kana malees Ayalew(2002), Gammachuufi

Asaffaa (2006), Tsega(2012) dhimma hariiroo hawaasaa ijaaruu yeroo ibsan hawaasni naannoo tokko yoo jiraatu yeroo gaddaas ta'e gammachuu walgrgaaruufi kallattii adda addaan hariiroo uumee jiraata.

Yaaduma kana waliin kan wal fakkaatu Muradu and Gerbreyes (2009) kanneen akka Bartels (1983:167), Baxer (2005:901), Blackhurst (1996:240), Mhammed (1990:21) Tsega (2002) wabeeffachhun akka ibsanitti:

> *There are many kind of instituations that promote inter ethinic dispute resolution including oromoo traditions of group or individual adoption and fostering, moggaasa or guddiffachaa patronage,harma hodhaa, and bond firend ships michu, which remains an important element of estabilished and mentainig peaceful inter ethinic relations (f.171-72*) jedhu.

Yaada kanarraa waanti hubatamu, hawaasni oromoo gosa adda adaan hawaasa naannoo isaa jiraatan waliin attamitti hariiroo uumee akka jiraataa turedha. Aadaa oromoo keessatti namni tokko nama biroo waliin hariiroo yoo uumu akka qaama hawaasa sanaatti ilaalama malee, hin moggiffamu .Innis ta'e qomoon isaa akka miseensa gosa sanaatti simatamu.

Walumaagalatti haala jiaarsa hariiroo hawaasaarratti yaadni jiru karaa adda addaan haa ibsamu malee, baay'een kan walirraa fagaate miti. Hawaasni tokko hawaasa gosa isaa waliin hariiroo uumee akka jiraatuuf qabata kan ta'an naannoo tokko jiraachuu, amantaa tokko hordofuu, afaan tokko dubbachuu, waliin barachuu, waliin daldaluu, waliin hojjechuufi kan kanafakaatan ta,uu danda'u. Kunis hariiroo hawaasaa kanneen cimsan keessaa kanneen akka, Guddiffachaa, Boojin aba'uufi harma hodhaadha.

### 2.2.1. Boojina Ba'uu

Boojina ba'uu jechuun akka Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amuruu (2004) waraqaa hin maxxaffamne Mata duree "aadaa fuudhaafi heeruma aanaa Amuruu" jedhu irraa akka argametti boojina ba,uu jechuun obboleessa ykn obboleetti walgodhachuu jechuudha. Kana jechuun hariiroo maatii uumuu jechuudha. Kunis dargaggeessa yookiin dargaggeettiin namoonni fira dhiigaa waliif hin qabne tokko yeroo baay'ee firoma walii kan waljaallatan ta'e adeemsa sirna boojina ba'uu qabu keessa darbanii ulaagaa guutamuu qabuguutanii kan obboleessa ykn obboleettii walgodhatanii hariiroo hawaasaa uumanidha.

### 2.2.2. Guddifachaa

Guddifachaa ilaalchisee qorataan barreefamoota adda addaa dubbisuuniifi maangudoota naannoo irraa gaaffachuun akka ibsa argatetti guddiffachaa jechuun dubartiin tokko yookiin dhiirri tokko osoo mana hin godhatiin ykn.osoo hinfuudhii/hinheerumiin nama biraaf ulfootee deesse yoo guddisuu dadhabde, yookiin deessee daa'ima kana guddisuuf fedhii hin qabdu yoo ta'e daa'imni kana nama biraaf nama akka dhala isaatti guddisee dhala godhatuuf kan kennamudha. Karaa biraatiin Guddifachaan adeemsa mataa isaa qaba.kunis warri ijoollee dhaban warra ijoollee qaban haalli ittiin ijoollee isaanii guddiffachuuf gaafatan seera mataa isaa qaba.Adeemsisaa warri ijaallee dhaban warra ijoollee lama, sadii, afur qaban biratti nama icciitii eegu filatanii warra ijoollee qabaniitti ergu. Kanaa booda abbaa abalufi haati abaluu ijoollee keessan keessaa abaluun waan guddiffachuu barbaadaniif warra mucaa dhaban kanaaf yoo lattan maal ta'a jechuun gaafatu. Erga kana gaafatanii booda deebbii isaanii eeggatanii yoo warri mucaa tole jedhan warri guddiffachuuf gaafatan jaarsioliima sana itti erganii ulagaa abbaafi haadha mucaafi daara baasanii mucaa sanaaf elleellaafi caaccuu bitanii jaarsa dubbii beekuun fudhatanii deemuun akka dhalaatti akka guddisaniifi booda akka dhaalmaa argatu waadaa galchisiisuun kan ijoollee waggaa 14 gadii waliif kennanii hariiroo hawaasummaa kara ittiin cimsatanidha. Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa Bara 2005 (102-103) Ministeera Barnootaan Maxxanfame.Akka odkennaan Dhaabaa Galataa gaafa guyyaa 01/06/2011 akka himutti immoo, "Guddifachaan akka naannoo kanaatti ijjoollee umuriin isaanii waggaa kudha-afurii (14)gad jiran haatiifi abbaan isaanii guddisuuf qabeenya yookiin fedhii hin qaban yoo ta'e nama dhala hin qabneef /dhabduu/ kan ta'aniifi bakka ragooliin jiranitti ulaagaa guutamuu qabu guutuun kan kennamudha.Ulaagaan namni guddifachaa fudhatu guutu keessaa namichi fudhatu kun nama qabeenya qabu, nama dhukkuba daddarbaarraa bilisa ta'e,nama araada adda addaa irraa bilisa ta'e,nama guddisuuf qabeenya qabu,nama guddisee akka dhla isaatti dhaalmaa kennu, kan ulaagaa daa'ima tokkoof guutuu qabu guutuu danda'uu dha kan guddifachaa fudhachuu danda'u" jedha.

### 2.2.3. Gahee Afaanii Maalummaa Sirna Harma Hodhaa keessatti.

Maalummaa Harma hodhaa ilaalchsee qorataan barreeffamoota garaagaraa dubbisuun yaada dabalataa argachuufi yaalii garaagaraa gochaa tureera. Haata'u garuu, dhimmasirna harma hodhaa itti fayyadama afaanii jedhuirratti qorannoo kana dura hojjetamee darbeeru argachuu waan hin dandeenyeef, dhimma mata-duree kanaa odeeffannoo namoota harma hodhaniifi harma

hoosisan bira ga’uudhaan achi keessatti gaheen itti fayyadamni afaanii jechuun jechootaaykn gaalee maal akka fakkaatu ragaalee odkennitoota irraa odeeffannoo gahaa funaannachuuniifi qorannoo yaada sana waliin walitti dhufeenya kan qaban dubbisuun akka itti aanutti ibsee jira.

Harma hodhaa jechuun jalqba “harma”qaama namaa ta’ee waanta nama waliin dhalatee jiru tokko karaa ittiin soorata haadhaa irraa aannan argatudha.Hodhuun immoo, nyaataqophaa’aa bifa dhangala’aa ta’e karaa harma afaniin xuuxanii aannan argachuudha.Harma hodhuu yookiin hoosisuu jedhu immoo jecha afaan Ingilliffaa ‘**lit breast, sucking’** jechuun walqixadha. (Tsega, 2012). Dhufteen isaas jechoota kana lamaan walitti fiduun kan ijaaramedha.Harma hodhuu jechuun immoo, karaa harmaa aannan fudhachuu jechuudha.

Gama aadaatiin hiikin harma hodhaaf aadaa hawaasichaaf kennamee jiru harma hodhuun abbaa yookiin haadha harma godhachuu yoo ta’u, harma hoosiisuun immoo dhala yookiin ilmoo harmaa godhachuu jechuudha.Haaluma kanaan harma hodhaa jechuun hariiroo maatiifi daa’imummaa namoota firooma dhiigaa hin qabne gidduutti uumuudha.Tamene(2012) yaada kana yoo ibsu Harma hodhaan*”literally translated as sucking the breast.This system was used to estabilished akind of parent-child relationship between the oromo and the other groups*’’jedha. (f.40).

Yaada kanarraa waanti hubatamu harma hodhaa jechuun harma hodhuu kan jedhu waliin walfakkachuu isaadha. Faayidaan isaa oromoofi kanneen oromoo hin taane gidduutti hariiroo maatiifi daa’mummaa gidduutti kan uumuufi walitti dhufeenya kan cimsu jechuudha.

### 2.2.4. Tajaajil afaanii sirna Harma Hodhaa Jiruufi Jireenya Hawaasaa Oromoo Keessatti.

Harma hodhaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti namni tokko dhala yoo dhabe akka dhalaatti kan ta’uuf nama hidda dhiigaa hin qabne nama biraa akka dhalaatti guddiffachuuniifi qabeenya isaan deegaruun dhummarratti dhaalsisuuf kan harma hoosisudha. Inni harma hodhus nama harma hodhe sana akka abbaafi haadhaatti ilaaluun gaddaafi gammachuu hundarratti hirmaachuun akkuma hidda dhiigaa warra qabanii kan walitti dhufeenya isaanii cimsatanidha. Waajira Aadaafi Turizimii Aanaa Amuruu (2004) barreeffamaan kan hin maxxanfamnerraa kan fudhatamedha.

Akka yaada kanaatti gaheen afaanii as keessatti jechi*“harma hodhuu***”** jechuun hariiroo abbaafi ilmummaaa uumudha.Kana jechuun qomoodhaan yookiin gosaan orma kan ta’an gosaan tokko ta’anii firooma dhiigaa kan hin qabne waliin abbaafi ilma yookiin haadhaafi dhala godhatanii hariiroo maatii uumuun waliin jiraachuu jechuudha.

Haaluma kanaan harma hodhaa fayyadamun uummata oromoo waliin kanneen irra caalaatti firoomaa turan Gumuziifi Shinaashaadha.Tsega(2004) akka ibsutti “*The Gumuz or the Shinasha individuals either representing his clan or family is supposed to suckle a breast or anointed thamb of the oromoo individual and becom his son*”jedha. Kana jechuun gosti namichi harma hodhes miseensa gosa harma hoosiisee ta’a.Harma hodhuu kan danda’u ormaafi qomoon isaa oromoo hin taaneefi oromoo ta’e firooma dhiiga dhiyoo kan hin qabnedha. (Merwan, 2013).

### 2.2.5. Faayidaa Harma Hodhaa

Harma hodhuun jaarmiyaalee hariiroo cimsan keessaa isa tokkodha. Tsega (2012) dhimma hariiroo hawaasaa ijaaruu yooibsu, hawaasni naannoo tokko yoo jiraatu yeroo gaddaas ta’e gammachuu walgargaaruuf kallattii adda addaan hariiroo uumee jiraata jedha.Kana malees harma hodhaan faayidaa attamii akka inni qabu barreesitootiniifi qorattooni yaada kaasan qabu. Tsega(2012) harma hodhaan kan tajajilu walitti bu’insa gosaafi gosa gidduu jiruufi gosa tokko gidduu jiru hiikuuf kan gargaarudha jedhu. Keesumaa Tsega (2012)”*The instituation is intera as well as inter ethic conflict resolution principles*” jechuun ibsa.Yaada kanarraa kan hubatamu faayidaa harma hodhaa jiruufi jireenya namootaa keessatti rakkoo gama adda addaan mudatu waliin furuuf kan gargaaru ta’uu isaadha.

Akkasumas faayidaa harma hodhaa ilaalchisee Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amuru (2004) waraqaa hin maxxanfamnerraa mata-duree aadaa hawaasa Aanaa Amuruu” jedhurraa qorataan akka odeeffannoo argatetti Namni harma hoosiise tokko kan harma hodhe sana ijoolleesaa keessaa akka dhala hangafaatti kan yeroo gaddaafi gammachuu isaarratti hirmaatu yemmuu ta’u; Namni harma hodhe sunis akka abbaafi haadha godhachuun kan yeroo gaddaafi gammachuu isaaniirratti hirmaatee rakkoo isaanii furudhaaf kan ulaaggaa guutamuu qaban guutanii akka dhalaafi maatiitti waliin jiraatan ta’uu isaa oddeeffannoo argame irraa qaacceffameera.

## 2.3. Qorannoowwan Aantee

Yaada kanaan walqabatee qorannoowwan mata duree kanatti dhiyeenya qaban kan kanaan dura gaggeeffamanii jiran akka armaan gadiitti ibamanii jiru.Qorannoo kanaan hamma tokko kan walitti siiqu qorannoo Dessalegn. (2006). "Guddifachaa: Practice as Child Problem Intervenition in Oromo Society" The Case of Ada'a Liban District jedhu walfakkeenyi qorannoo koofi qorannoo olitti eerame kun dhimma hariiroo hawaasaa ijaaruu irratti yoo walfakkatan guddifachaan orma ofitti fudhachuun akka dhalaatti kan tajaajilaman yemmuu ta'u harma hodhaan garuu hariiroo abbaafi ilmummaa uumuudha. Afaan achi keessatti itti fayyadamanis waadaan harma hodhaa keessatti adeemsifamu sanaa ol ni jabaata.

Haaluma walfakkatuun mataduree qorannoo kootiin kan walitti siqu inni biraan , Gammachuu Beyenefi Asafa (2006) ".Marriage Practice Among The Giddaa Oromo Northern Wollega "matadure jedhu irratti kan hojjetame yoo ta'u,Argannoon isaanis hariirroo umuu keessatti akkaata dhiirri tokkoofi shamarreen tokko adeemsa sirna fuudhaafi heeruma raawwatanii bultii ijaaran qaaccessu irratti xiyyeeffatedha." Tokkummaan qorannoo kana waliin sirna raawwatanii hariiroo uumuun abbaa manaafi haadha manaa yoo ta'an harma hodhaan garuu namni firoomina dhiigaa hin qabne abbaafi dhala ta'uu uumuudha. Akkasumas Ayalew.(2002). "Guddifachaa: Adoption practice in Oromo society with particular reference to Boorana Oromoo" irratti kan hojjete yoo ta'u argannoon isaa dhimma hariiroo hawaasaa ijaaruu keessatti guddifachaan orma ofitti fudhachuun guddifatanii akka dhala ofiitti dhaala kennu. Akkasumas, mirga lammummaa kennuun dhala ofii godhachuu mirkaneesseera. Walfakkeenyi qorannoo koo waliin dhimma hariiroo hawaasaa ijaaruu yoo ta'u ,garaagarummaa qorannoo koo waliin "Qaaccessa itti fayyadama afaanii adeemsa Sirna harma hodhaa,firiiwwan afoolaa keessaa kakuufi waadaan qaacceffame adda isa taasiseera.Haata'u malee harma hodhaan ormi jechuun kan hidda dhiigaa hin qabne fira godhachuudhaaf harma hoosisuufi harma hodhuun hariiroo abbaafi ilmummaa uumuu waan ta'eef qorannoo dhimma ijaarsa hariiroo hawaasaa waliin walqabate irratti gaggeeffamee jiru waan barreeffamoota adda addaa irraa argachuun irraa dubbisuun walbira qabee ilaaluuniifi itti fayyadama afaanii irratti iddoo tokko ta'aniifi addaa addummaa qaban hubachuun gara waajiira aadaafi turiziimii Aanaa Amuruu irraafi maanguddoota aanaa kana keessaa warra muuxannoo dheeraa qaban filchuu adeemsa harma hodhaa keessatti gahee afaanii jalqabaa hanga dhumaatti odeeffannoo funaanuun kan qaacceefamedha..

## 2.4. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxina mata-duree sanaaf oolu hordofuun baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, bu'aa beekumsa tokkoo argamsiisuuf qabu daandii inni beektootatti argisiisuuf qaburratti hundaa'uun yaaxinoota fookloorii garaagaraatu jira.Kanneen keessaa qorannoon kun kan irratti bu' uureffame

Yaaxxinoota jiran keessaa yaaxxina caasaa, yaaxxina faayadamummaa (structuralfunction), yaaxxina xiinqooqa sirnawaa (systematic functional Linguistic) dha. Halliday yoo ibsu" Systematic functional linguistics the study of how meanings are made in different contexts" jedha.Yaada armaan olii kana xiinqooqni haala dubbatamurratti hundaa'uun hiikuuf kan afeerudha.Kanaafuu qorataanis yaaxxina kana itti fayyadameera.

Dabalataanis yaaxxina xiinqooqa hawaasaa (sociolinguistices) kun hayyoota xiinmaddaatiin kan madde ta'ee fayyadamni afaanii uummataaf tajaajila akkamii akka qabu qorachuu irratti kan xiyyeffatedha.Inni biraan yaaxxina duudhaa hawaasaatti kan fayyadameedha. Dorson (1972) Duudhaan hawasaa kan hawaasni dhugaadha jechuun fudhatee itti tajaajilamu kanneen akka boojina ba'uu, harma hodhaa, abjuu, waadaa, kakuu, milkii, laguufi safuu ofkeessatti haammata Sababiin isaa hawaasni aadaa isaa afaaniin kan itti gargaaramnu bakka, yeroofi haala keessaa jiru sanarratti waan ta'eef. Akkasumas Okephew (1992:59) akka ibsutti yaaxxinni xiinqooqa hawaasaa/Sociolinguistic/kun hayyoota xiin-maddaatiin kan madde ta'ee fayyadamni afaanii uummata keessatti tajaajila akkamii akka inni qabu qorachuurratti kan xiyyeeffatedha.

Walumaagalatti hiika waan tokkoo beekuufi ergaa ykn fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta'edha.Fayyadamni kun immoo, dhugaa hawaasa keessatti mul'atu waan ta'eef, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru mimiidhagsee akka jirutti kan dhiyeessudha. Kanaaf, qorataanis mata-duree Qaaccessa itti fayyadama afaanii adeemsa sirna harma hodhaa jedhu kana keessatti hawaasichi afaaniin kan itti dhimma ba'u maaliif akka tajaajiluufi maal akka inni agarsiisu, bu'aa inni hawaasichaaf qaburratti hundaa'uun yaaxxina armaan oliitti dhimma baheera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHA.

## Seensa

Qoranno kun mala qorannoo ibsaa fayyadamuun kan gaggffamedha.Gosti qorannoo isaa qorannoo akkamtaadha. Qorataan kun odeeffannoo barbaachisoo ta’an argachuuf madda odeeffannoo tokkoffaa filatee jira.Irraawwatamni qorannoo kanaa hawaasa aanaa Amuruudha. Malli qorannoo iddattoo kanaa keessatti qorataan fayyadame iddattoo miti-carraa kanneen ta’an akkaayyoofi darbaadabarsaadha.Meeshaalee odeeffanno ittiin funaanaman immoo marii garee xiyyeeffatamaafi af-gaaffiidha.Odeeffannoowwan argaman ittiin galmeessuuf meeshaaleen qorataan itti fayyadame yaadannoofi sagalee waraaabuudha.Qorataan odeeffannoo sassaabame akkaataa wal fakkeenya isaaniin kallattii adda addaan jiran walitti fiduun erga qindeessee booda mala akkamtaatti fayyadamuun jechaan qaacceffamee jira.

### 3.1. Mala Qorannichaa

Malleen qorannoo adda addaa akka jiran hayyoonni hedduun ragaa ni bahu.Malli qorannoo akkamtaa malleen jiran keessaa isa tokkodha.Dastaan (2013:29)Serantakes (2005) gosoota qorannoo yemmuu ibsan, qorannoo tokko haala odeeffannoo ittiin funaanamuufi odeeffannon funaaname sun haala itti hiikamu irratti hundaa’ee qorannoo lakkoofsaafi akkamtaa ta’a jechuudhaan ibsu.Kanarraa ka’uun qorataan gosa qorannoo kana ittiin gaggeesse keessaa gosa qorannoo akkamtaadha.

Dastaan (2013:30) akka ibsutti“malli qorannoo quoqullinaa haala jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amalli hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuun maal akka ta’e hima.”Akkasumas sababa isaa maal akka ta’e kan ittiin xiinxalamu ta’uun addeessa.Qoratichi haala kana fayyadamuun mala qorannoo ibsaa hojiirra oolcheera.Datsaa (2013:39) mala qorannoo ibsaaf hiika bu’uuraa tarreessuun maaltu akka ta’e; maaltu ta’aa akka jiru, kan ittiin adda baafatu ta’uu isaa ibsa.Akkasumas CressWell (2012:19) *“Where as qualitative research the reaserch proplem discussion is typically used to establish the importance of the centeral ideas*” jechuudhaan ibsu.

Qorataanis yaada armaan olii bu’uura godhachuun gosa qorannoo akkamtaatti dhimma itti baheera.Sababiin isaaqorannoon qulqullinaa aadaa hawaasaa ibsa waan ta’eefidha.Qorannoon kunis, gosa aadaafi duudhaa hawaasaafi yaaxxina xiinqooqa hawaasaajalatti ramadamee irratti waan adeemsiffamuuf mala kanatti dhimma baheera.

### 3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoon kun Qaaccessa itti fayyadama afaanii adeemsa Sirna Harma Hodhaa jedhurratti qofa kan xiyyeeffate akka ta’e daangaa qorannichaan ibsamuun ni yaadatama. Maddi ragaa kanaaf argamuu danda’u Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruuti. Haaluma Kanaan Addunyaan (2011:64) akka ibsutti “qorannoon tokko madda raga qaba. Kunis namootaafi dhimmoota qorannoon irratti gaggeeffamu ta’a” jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti maddi ragaa dhimma qorannoo tokkoof baay’ee murteessaa akka ta’edha. Yaada kana bu’uura godhachuun qorannoon kunis madda ragaa tokkoffaarratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamudha.Maddi ragaa tokkoffaa kan jedhamanis namoota harma hoosisan, hodhaniifi namoota sirna raawwii harma hodhaa irratti hubannoo gahaa qaban odeeffannoo gahaa kennujedhamanii mala iddatteessuu miti-carraan kan filatamanidha. Haaluma kanaan maddi raga qorannoo “Qaacceessa itti fayyadama afaanii adeemsa sirna harma hodhaa”jedhu jaarsolii Gandoota Aanaa Aanaa Amuruu 24 jiran keessaa Ganda Haroo Guddinaafi Haroo Waloofi Sammoo Illaammuu bakka addaa qorannoon kun irratti agggeeffamudha. Maddi ragaan, namoota sirna harma hodhaarratti hirmaatani namoota kudha- lamafi namoota harma hoosiisan sadiifi namoota harma hodhan sadii walitti jaha kan ta’aniifi jaarsolii haala sirna kanaa hubannoo gahaa qabaniifi haala aanaa kanaa gadfageenyaa ibsuu danda’an sadii walumaagalatti namoota digdamii-tokkomala iddatteessuu miti-carraa keessaa akkaayyoofi darbaadabarsaan filataman madda ragaa qorannoo kanaa ta’u jechuudha.

### 3.3 Mala Filannoo Iddatteessuu

Iddattoo qorannichaa kan ta’an adeemsa sirna harma hodhaa itti fayyadama afaanii keessatti namoota muuxannoo qaban keesaa qorataan kan itti fayyadame iddatteessuu mit-carraa keessaa akkayyoofi darbaadabarsaadha.Sababiin qorataan kun mala iddatteessuu akkaayyoo fayyadame odkennitoonni odeeffannoo gaaffilee bu’uuraa qorannichaa keessatti deebii argachuu qaban deebisuu kan danda’an itti argachuufidha.Malli akkaayyoo immoo odeeffannoo argamu sun akka kaayyoo qorannoo sana deebii gahaa argachuudhaaf nama tokko irraa odeeffannoo amma tokko argamee odeeffannoo gahaa argachuufdha.

Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ragaan iddattoo sanarraa argamu hawaasa naannichaa sanaa bakka bu’u jedhameeti.Akkasumas,Singh (2007:94) akka ibsutti“gosoonni iddattoo ittiin

beekaman lamadha.Isaanis iddattoo carraafi mit-carraadha”, Qorannoo kana keessatti qorataan kaayyoo qorannoo isaa galmaan gahuuf kan itti fayyadame iddateessuu miti-carraa (Non probability Sampling) keessaa akkayyoo (purposive sampling) fidarbaadabarsaadha.

Sababiin isaas adeemsa sirna harma hodhaa keessatti maangudootaafi namoota naannoo qorannichaa irratti gaggeeffamu keesaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uu danda’an odeeffannoo kenname walirraa dabarsuun kan filatamedha. Sirnicha irratti hirmaatanii odeeffannoo gahaa kennuu danda’u jedhamani mala iddatteessuu miti-carraatiin filatamaniiru.

Malli akkaayyoo kanaa akkuma maqaa isaarraa hubatamu akka kaayyoo qoranichaatti odkenniitota filachuun qorannoon tokko kan gaggeeffamudha.

Creswell,(2012:” *purposive sampling, the reasech select people or sites who can best help us understanding our phenomenon”* yaada kana Addunyaan (2011:67) yoo ibsau “iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) akaakuu iddatteessuu miti-carraa kan namoonni gaggeessan beekumsa dhimmicharratti qaban irraa ka’anii kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’an murteessan ilaallata”jedha.

Qoratichi mala iddattoo akkaayyoo kan filate waa’ee odeeffannoo isaarratti namoota beekumsa qabanitti qaama dhimmi irra caalaa ilaallatu jechuunis dhimmoota, aadaa, seenaafi duudhaa oromoo waliin walitti hidhannaa qaban naaf argamsiisuu danda’a jedhee waan amanuufidha. Qorannoo kana keessatti qoratichi filannoo iddattoo isaa kanas,hojiirra osoo hin oolchiin dursa od-kennittoa addaan baafateera.Itti dabaluunis maangudoota beekamoo odkennitoota gaafachuun walqunnamuun gaaffilee barbaachisuuf haala mija’aa ta’een gaggeeffameera.

### 3.4 Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu, odeeffanno funaannachuun hojii isa hangafaati.Odeeffannoon funaaname kana qorataan raagaalee qorannichaaf barbaachisan ittiin funaanuuf meeshaalee garaagaraa itti fayyadamudha. Isaanis: Afgaaffi, hin caasseffamne, Marii garee xiyyeeffatamaa, lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsuun kan gaggeeffamudha. Yaada kana cimsuun Dastaa (2013:33),Marietjiifi Maarita(2001)wabeeffachuun yoo ibsan“Qorannooqulqullinaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu, Afgaaffii, odkennitota xiinxaluufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual matrials) fayyadamuunidha”jechuun ibsa.

Qoratichis kanuma bu'uura godhachuun qorannoo isaa keessatti malleen armaan olii keessaa mala af-gaaffiifi mariigaree xiyyeeffatamaafi odkennitootni xiinxaluun ragaa odeeffannoo walitti niqabate. Qorannoo kana gaggeessuuf madda odeeffannoo lamatti gargaarame.Isaanis: madda raga tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati.Inni tokkoffaan kan argamu aloola bahuun kan odeeffannoo funnaanamudha. Inni lammaffaan immoo, mat-duree qorannoo isaa waliin walqabatu dookmentii Waajiira Aadaafi Turizimii Aanaa Amuruu keessatti argamuufi kitaabolee garaagaraa sakkatta'uun dubbisuun kan gaggeeffamedha.

### 3.4.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosoota odeeffannoo ittiin funaannamu keessaa isa tokko ta'ee kan odeeffanno waliif kennanidha.Yaadakana Dastaan(2013:111) akka ibsutti "odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu waanti gaariin isa taasiisu qorataan yookiin qorattuun gaaffii dhiyaatu sirriitti ifa gochuun ibsuun odeeffanno kennaan gaaffachuu danda'uu isaati".

Akkasumas, Cress Well (2012:218) yoo ibsu "The interviwer also has better control over the type of information"jedha. Kanaafuu, qorannoon kun yeroo gaggeeffamu gosa meeshaalee funaansaa odeeffannoo kan ta'e af-gaaffii hin caaseffamnetti dhimma itti kan ba'amedha. Kanumarraa ka'uun qorataan namoota harma hoosisan, kan harma hodhaniifi manguddoota odeeffannoo ji'a Amajjii hanga Eebilaatti yeroo adda addaa itti deddeebuun gaaffilee gaaffachuun odeefanno irraa fudhachuun kan odeeffannoo argame immoo jechaan qaaccessuudhaan kan hojiirra ooledha.

#### 3.4.1.1. Af-gaaffii Hin Caaseffamne

Afgaaffiin hin caaseffamne gosa meeshaalee qorataan odeeffannoo ittiin sassaabuuf dhimma itti bahu keessaa isa tokkodha. *Berg (2001:70) akka ibsutti "unstructured interviwers are usfull when reasercher unfamiliar with respondents life styles religious or ethinc culture or custom and similar attiributes"*Kan jedhudha. Kanaafuu Af-gaaffiin meeshaalee odeeffannoo funaanuuf gargaaran keessaa isa tokkodha. kanaafuu, qorannoo kana keessatti odeeffannoo sassaabuuf Af-gaaffii hin caaseffamnetu hojiirra ooleera.

Kunis dhimmichi akka ifa ta.'uu danda'utti qorataa waliin fuulleetti walga'anii odeeffannoo waliif kennaniiru.Qorataanis afgaaffii kaayyoo qorannoo kanaa galmaa'aan ga'uu keessatti gahee

guddaa qaba jedhee waan itti amaneef itti gargaarameera. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii sirna harma hodhaa irratti iddattoon hirmaatan jaarsolii Aanicha keessaa sadii,kanneen harma hodha sadii,kan harma hoosisan sadiifi namoota mare garee Afi mare garee B irratti hirmaatan kudha lama waliigala namoota digdamii tokko filatamanii Amajjii 25/05/2011 hanga Eebilaatti 20 /2011 bakka isaaniif mijjatutti walarguun gaaffilee afgaaffii dhiyyeesse ragaa irraa funaanate jechaan qaaccesseera.

### 3.4.1.2. Marii Garee Xiyyeeffatamaa

Meeshaalee qorataan itti fayyadamuun odeeffannoo ittiin sassaabate keessaa tokko marii garee xiyyeeffatamaadha. Kanas Neuman (2007) yoo ibsitu*"focus group discussion useful for exploring idea and obtaining in depth information about how people think about an issue"* jedha. Qabanni isaa marii kanarratti namoonni hirmaatan muuxannoo qaban ganda Haroo Waloo, ganda Haroo GuddinaafiSammoo Illaammuu argaman dhiira jaha jaha waliigala dhiira kudh-lama guyyaa lama lama jechuun gaafa19/08/2011fi gaafa 28/08/2011 beelamaan maanguddoota (MGA) walarguun sa'aatii tokkoofi walakaaf Ganda Haroo Guddinaatti turtii taasiisuun ragaalee barbaachisoo fudhachuun yoo ta'u maangudoota (MGB) immoo gaafa guyyaa 26/08/2011fi gaafa 03/09/2011 akkasuma Ganda xombee Dangaabitti guyyaa lama lama sa'aa takkoofi walakaaf qorataan gaaffilee gaafate sana odeeffannoo fudhachuun jechaan qaacceesseera. Sababiin mare garee kana iddoo lamatti qoodamanis garee tokko namoota jahaa walitti qabuun haala tasggabbii qabuun yaada sirriifi qabatamaa ta'e argachuufidha.

## 3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee

Haaluma Odeeffannoo meshaalee funaansa ragaawwan lamaan (af-gaaffii hin caaffefamneefi Maree garee xiyyeeffatamaaan) mangoddoota sirna harma hodhaa gadi fageenyaan beekaniifi namoota harma hoosisaniifi harma hodhan irraa odeeffannoo walitti qabuun mala qorannoo qulqullinaan (qualitative) kan qaacceeffamudha. Sababiin isaas odeeffannoo hirmaattootarraa af-gaaffii fi mare garee xiyyeeffataman walitti qabamuun qindeessuungosa gosaan qoqqooduun dhiyaateera.

Ragaa walitti qabuufi qindeessuu keessatti adeemsi qulqullinaan ragaa sana ibsu jiraachuun barbaachisaadha. Qulqullina gosa qorannoo kamiiyyu qulqullina adeemsa raga sassaabuufi qindeessuun kan walqabatu ta'uu danda'a. Ragaalee walitti qabuufi adeemsa filannoo

iddattoorraa jalqabee mala odeeffannoo funaanuun raga walitti qabuuti. Ragaan af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaa erga walitti qabamee booda haala walitti dhufeenya isaaniin qindeessuun jechaan ibsuun kan gaggeeffamedha.

### 3.6. Naamusa Qorannichaa

Qorannoon kamiyyu adeemsa ittiin abbaa dhimmichaatti dhiyaachuun waan barbaadan sanarraa odeeffannoo argachuun danad'amu beekuun barbaachisaadha. Fileen (2011:69) yoo ibsu "hojii qorannoo adda addaa keessatti, naamusa adda addaa kabajuufi of eeggannoo kennuun bu'aalee qorannoo sanaaf daran murteessaadha" jedha. Qorataan haala kana keessatti hawaasa sana bira deemuun akka isaanitti yaaduufi buluun, isaan fakkaatee odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf qulqullina qorannichaaf murteessaadha. Haaluma kanaan qorataanis hawaasa sana keessatti waan guddateef haala uffannaa, dubbannaa, safuu, aadaa hawaasaa, amantii, jechoota salfiifi kabaja bakka namoonni itti argamuu qabaniifi argamuu hin qabne addaan baasee waanta hubate beekuufi naamusa ogummaa eegee haaluma waliigaluun qorannichi adeemsifameera.

# BOQONNAA AFUR: QAACCEESSA RAGAALE

## Seensa

Boqonnaa kana jalatti ibsaafi qaaccessa ragaalee fayyadama afaanii oromoo ilaalchisee karaa afgaaffii hin caassefamneefi mare garee xiyyeefatamaatiin odeeffannoo funaanametu qaacca'ee dhiyaata.Itti dhaansuun haala itti fayyadama afaanii adeemsa sirna harma hodhaatu walduraa duubaan kan dhiyaatudha.Harma hodhaan aadaa hawaasaa Aanaa Amuruu keessaa isaa tokko ta'ee mala ittiin hariiroo maatii ijranidha.Sirni kun kan raawwatamu namoota qomoo tokko ta'anii hidhata dhiigaa hin qabneefi orma biyya biraatti sababa adda addaaf dhufan gidduuttidha. Namoonni harma hodhanis ta'e kanneen harma hoosiisan firrummaa uumuuf sirna raawwatamudha.Kanaafuu qorannoon kunis haaluma kanaan qorannoo qaacceessa itti fayyadama afaanii adeemsaa sirna harma hodhaa Aanaa Amuruu irratti xiyyeeffatee gaggeeffame odkennittoota irraa af-gaaffii hin caffefamneefi marii garee xiyyeeffatamaatti fayyadamuun odeeffannoo funaaname bu'uura godhachuun akka armaan gadiitti qaacceeffamee jira.

### 4.1. Harmi hodhaan yeroo gaggeeffamu keessatti gahee afaanii ilalchisee.

Raawwiin sirna Harma Hodhaa oromoo Aanaa Amuruu ilaalchisee hirmaattoonni manguddoota gaafa guyyaa 19/08/2011 (MGA)fi (MGB) immoo, gaafa guyyaa 26/08/2011 yaada isaan kennan irraa akka waliigalaatti kan hubatamu namoonni harma hoosiisaniifi namoonni harma hodhan waantoota sirnnicha dura hojjetamuu qaban,waantoota yeroo sirnnicha raaawwatamufi sirnnichi booda raaawwatamuu qaban yaada isaanii akka armaan gadiitti kan ibsamuu qaban ibsaniiru.

Akka yaada namoota kanarraa hubatamutti namni harma hodhuufi harma hoosiisu barbaadu dirqama sirnnicha dura, yeroo sirnnichaafi sirnnicha booda waantoota raawwatamuu qaban jiraachuu isaa ibsu. Namni sirna kana hin raawwanne akka waan harma hodheefi harma hoosiiseetti hin fudhatamu. Kun kan agarsiisu harma hodhaa irratti adeemsa kana keessa darbuun ulaagaa barbaadamu keessaa isa bu'uura ta'uu isaati. Kanaafuu sirna kana keessaatti jechooniifi himoonni sirna kana keessatti fayyadamanii waanta sirna kana keessatti dubbatamuufi dubbatamuu hin qabne adda baasanii itti kan fayyadamanidha.

### 4.1.1 Gahee afaanii Sirnicha Dura Waantoota Raawwataman keessatti.

Adeemsi harma hodhaa itti fayyadama afaanii akkaataa raawwii mataasaa danda'e qaamolee adda addaan raawwatamu ofkeessatti kan qabateefi sadarkaa keessa darbu qaba.Haaluma kanaan kutaa kana keessattis raagaa odkennitoota irraatti hundaa'uun sirnicha dura waantoota qaamolee adda addaan raawwatamuu qaban duraa duubaan qaacceeffamanii dhiyaataniiru.

### 4.1.2. Sirnicha Dura Warreen Harma Hodhaniin Waantoota Raawwataman

Marii garee xiyyeeffatamaa irratti hirmaachuun yaada Obbao Nagaraa Labataa gaafa 27/04/2011fi Obbo Biqilaa Abdataa gaafa 30/04/2011 kennan cuunfuudhaan yoo ibsamu namni harma hodhuu barbaadu duraan dursee nama harma hodhuu barbaade sana adda baafata. Nammicha adda baafate sanatti maanguddoota muuxannoo dheeraafi umurii dheeraa qaban, akkasumas maangudoota naannoo sanatti fudhhatama guddaa qaban barbaaduun akka nama sana harma hodhuu barbaade akka gaafataniif maangudoota kanatti ergata. Odkennitotini harma hodhanii af-gaaffiin odeeffannoo qorataaf kennanis nama harma hodhuu barbaade adda baaffachuun jaarsolii itti erguu isaaniihimu.

Yaada kanarraa waanti hubatamu namni harma hodhuu barbaadu tokko duraan dursee heeyyama argachuuf namoota erguun gaaffachuun barbaachisaa ta,uu isaadha. Kana jechuun, utuu namni harma hodhamu sun hinbeekiin kan hodhuu barbaadu harma hodhuuf deemuu hin danda,u. Kanaafuu, namni harma hodhuu barbaade duraan dursee namichi harma hodhuu barbaade sanatti jaarsolii biyyaa erguun heeyyamamaa ta,uusaa barbaachisaadha. Kanarraa ka,uun, nama *gurra duudaatti* harma hodhuu deemuun akka hin danada'amne beekuun kan danda'amudha.

Akka yaada keeyyattootaa armaan olii keessatti itti fayyadamni gaalee sirna sana raawachuuf itti gargaagaman hiikni isaan sirna kana keessatti qabaniifi sirna biroo keessatti qaban garaagar ta'uu isaa nama hubachiisa. Kunis:

"**Nama gurra duudaa**" kan jedhu waa'ee dhimma sanaa osoo itti hin himiin yookiin hin dhaga'iin mana isa harma hoosisuu inni hodhu demee sirna sana raawwachuu akka hin dandeenye kan nama hubachiisudha malee waa'ee dhaga'uufi dhaga'uu dhabuu gurra sanaa akka hin taane kan nama hubachiisudha.

### 4.1.3 Gahee afaanii Sirnicha Dura Warreen Harma Hoosiisan Waantoota Raawwataman keessatti.

Afgaaffii irratti hirmaachuun waantoota namoonni harma hoosiisan sirnicha dura raawwatanirratti odeeffannoo kanneen kennan Balaay Zallaqaa gaafa guyyaa 27/07/2011, Nagasaa Dhuguma gaafa 03/07/2011 fi Abdiisaa Guddataa 06/07/2011 akka jedhanitti "gaaffii maanguddoonni dhiyeessan irraa ka,uun eenyummaa namichaa baruuf "*eenyudha inni?Eessaa dhufe?'', Ilma eenyuuti*? Jechuudhaan erga qoratanii booda gara manaatti olseenuun maatii isaanii hunda marii'achuudhaan nama firooma barbaadu akka hinjibbine walitti himanii deebii isaa '' *akkuma isiin jettan haa ta*,u "jechuudhaan maanguddootaaf deebii kennu"

Yaada kanarraa waanti hubatamu,namini harma hoosiisu tole jedhee utuu hin eeyyamiin eenyummaa nama sanaa beekuun barbaachisaa waan ta,eefdha.Akkasumas bakka namni kun ***eessaa akka inni dhufe*?*ilma eenyuu akka ta'e***?-gaaleen kun inni harma hodhu kun amala akkamii akka inni qabu,kaayyoo malii akka inni qabu beekuuniifi dhala eenyuu akka inni ta,eefi fira qabaachuufi dhabuu isaa hidda dhaloota nama kanaa beekuun barbaachisaadha.Kanaafuu, namni harma hoosiisu tokko sirnicha dura eenyummaa nama harma hodhuu barbaadee adda baaffachuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun waanta ulfaatu miti.Kuni immoo dogoggora booda dhufuu danda'uuf ooluu kan nama gargaarudha.

Ergaa keeyyata armaan olii odkennitootarraa hubachuun Qorataan yoo lafa kaa'u, hawaasichi dhimma tokkorratti murtoo utuu hin kenniin dura"***maatii isaa mariiyachuu***"dha.Yaadni gaaleekun kan agrsiisu hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti hirmaannaan jireenya maatii sanaa barbaachisaafi murteessaa ta'uu isaa kan mul'isudha.Kanumatti dabalee, yaada"***akkuma isiin jettan haata'u*** "jedhu kun kan nama hubachiisu namni kamiyyu yaada maanguddootaa keessaa ba'uu akka hin dandeenyedha. Kun immoo hawaasichi dubbatee waldhageesiffachuu danda'uufi walkabajuu kan agrsiisudha.

### 4.1.4. Itti fayyadama jechaa Sirnichaan Duraafi Gahee Maamguddootni Namoota Harma Walhodhan Walitti Fiduu Keessatti Qaban.

Marii garee irratti kan hirmaatan Obbo Nagaraafi Obbo Biqilaa akka jedhanitti "maanguddooni dhaqanii mana nama harma hoosisuu yeroo ga'an haala naannoo isaa qoratu *'Namni manaa bahee ala bule jiraa*? Haati warraa ke qabbana bulfatee jirtii ? *Biqila afoo yookiin araatiirraa*

*qabdii*? Jechuun abbaa manaa gaafatu. Innis haala kana hundaa itti hima. Sanaa booda milkiin laate jira yoo ta’eef itti fufu.kan kanaa achii dhimma isaanii itti fuulchuun gara mana isaaniitti beelama qabatanii gara mana isaanitti galu. Sababni milkiin kun ilaalamuuf inni guddaan, namoota sirna kana raawwatan gidduutti hariiroo uumamu of eeggannoo guddaa waan barbaaduuf.Kanaa ala yoo ta’e hariiroon sun itti fufinsa hin qabaatu” jechuun yaada kennu.

Ittifufuun “erga milkiin laatee yaada isaanii itti ibsu. ‘Namni firooma keessan barbaadee sitti nu ergee jira. Kunis akka ati abbaa taatuuf, innis dhala siif ta’uuf /abbaa harmaa si godhachuu/ barbaade jira. Kanaafuu, nama kanaan maal jetta ?’ jedhanii gaafatu.Innis deebii isaa kenna. Tole yoo jedhe maanguddoonni guyyaa sirni kun itti raawwatamu qabatanii gara mana isaanitti galu. Guyyaan isaan walbeellaman kun Sanbata, Kibxatafi Kamisa ta’uu qaba. Sababiin guyyoonni kun filatamanis waantooni akka harma hodhaa, araaraafi gaa’ilaa gaafa kana yoo raawwataman milkiin qajeela ta’a jedhamee amanama waan jedhamee amanamuuf. Yeroon isaa ganama bariidha. Kun kan ta’eef firoomaafi araara irrati *afaan buleen* haasawuutu filatama jedhama” jechuun ibsu.

Yaada odkenitoota kanarraa waanti hubatamu,maanguddoonni karaa adeemsa sirna kanaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaaniiti.Kunis nama harma hodhuu sana irraa odeeffannoo barbaachisaa ta’e funaanuu irraa kaasee hanga deemanii nama harma hoosisu amansiisutti maanguddoonni kun barbaachisoo ta’uu isaaniidha.

Akkasumas,guyyaa sirni kun itti raawwatamuu qabu adda baasanii murteessuu iraatti shoorri isaanii barbaachisaa ta’uu adda baafachuun hin ulfaatu.Sababni isaa hawaasni naannoo sanaa biratti waantoonni akka araaraa, gaa’elaafi harma hodhaa guyyaa namni hin raawwatu.guyyoonni sirnicha raawwannaafi jedhamanii hawaasicha biraati beekaman jiru. Guyyoonni kunis kanneen akka Dilbata (sabat guddaa), Kibxataafi Kamisa. Sababni guyyoonni kun filatamaniif hawaasa naannoo birratti guyyoonni kun guyyaa guutuufi milkii gaarii qabu jedhamanii waan amananiifidha. Kanaafuu irra caalaan isaanii mana nama harma hoosiisuu deemanii sirnnicha raawwachuuf beelama qabatan guyyaa Dilbata, Kibxataafi Kamisa ta’uu isaa beekuun ni danda’ama. Kanarraa ka’uun hawaasni guyyoota sirna harma hodhaa itti raawwatu ni filata jechuudha.

Yaadni kana keessatti itti fayyadamni afaanii jechootaafi gaaleewwan kannen akka:

***milkii gaarii* -** jechuun gaddi ykn rakkoo mana keessa akka hin jirre kan agarsiisuuf yoo ta'u

***biqila afoo irraa/araatii*irraa qabdii -** jechuun immoo,dubartittiin kaameettii/qophee ta'uu ishee akka aadaatti dubartiin kameettii biqila manaa akka hin dhabne baramaa waan ta'eefi.

***Namni manaa bahee ala bulejiraa?*** jechuun kan ibsu sirna harma hodhaa raawwachuufis ta'e waa'ee isaa marii'achuuf miseensi maatii hundi jiraachuu waan qabuufdha. Dimshaaumatti, qoodni maanguddootaa sirna kana keessatti olaanaa waan ta'eef barbaachisoodha. Maanguddoonni bu'aa ba'ii hedduu keessa waan darbaniif waantoota sirnichaan dura raawwatamu mijeessuu irratti gaheen isaanii guddaadha. Gahee isaanii kana bahuuf immoo jechoonni itti fayyadamanii amansiisan hubna guddaa akka qabu nama hubachiisa.

### 4.1.5. Tajaajila afaanii Sirnicha Irratti Warreen Harma Hodhan Waantoota Raawwatan

Namoonni harma hodhan waantoota sirnicha irratti raawwachuu qaban ilaalchisuun Nagaraafi Biqilaan akka jedhanitti "gaafa sirni sun raawwatamu kan hodhu maaatiifi firroottan isaa waliin Korbeessa hoolaa daalacha yookiin diimaa qabatee gara mana isa harma hodhamuu deema. Sanaam booda inniifi maatiin isaa gara manaatti olseenu.Itti fufuun, harma kan hodhu fuuldura isa harma hoosisuu deemuun daajjaa yookiin kal'ee (jandee)lafa afee irra itti galagaluun taa'a. Achii aannaniifi damma qophaa'e a*bgudduu* yookiin *quba moggee* isaa inni harma hoosisuu cuubee al-sadii kanarraa darbarraan al-shan kanarra dabarraan al-toorba isa hodhu*muuxachiisa*. Farsoo waancaa tokkotti guutamee dhiyaate abbaa harmaa isaa waliin qabachuun waadaa seena. Boodas farsoo sana waancaa tokko keessaa nama harma isa hiisisu waliin altakkaayookiin alsadii…… abbuuqatau.Achiis, bakka taa'uu ka'ee gara taa'umsa qophaa'eetti osoo hin deemiin hoolaa fidee dhufe gara mirgaatti kuffiisuun morma hoolaa sanaa mura.Foon hoolaa sanaas namoota isa waliin d hufan wajjin qalanii gara golaatti guuru " jedhu.

Yaaduma Nagaraafi Biqilaa kana kan cimsuuf Obbo Takkalaa Bakareen gaafa guyyaa 25/07/2011 akka jedhuttu "Jaqaba irratti inni harma hodhu eenyuun akka harma hodhu adda baafata. Achii erga adda baafatee booda jaarsolii naannoo sanatti nama abaluu jedhamu harma hodhuu waan ani barbaadeef naaf gaafadhaa" jedhee itti himata. Erga himatee booda haaldureewwan adda addaa qopheeffata. Kunis inni harma hodhu hoolaa diimaa ykn daalacha

qopheeffata. Gaafa namni inni harma hodhu maatii isaa marii'atee haata'u jedhee yoo heeyamamaa ta'e gaafa beellama waamame sanaa maatii isaa,firoota isaa waliin hoolaa bite sana qabatee deema"jedha.

Yaada odkennitoota oill irraa waanti hubatamu,namichi harma hodhuu barbaadu kan maatiifi firoottan isaa qabatee guyyaa sirnnichaa deemu akka isaan walbaraniifidha.

Guyyaa kana yoo walbaran malee bakka biraatti walarganii nagaa walgaaffachuurra akka ormaatti wal ilaalanii darbu danda'u jechuudha. Darbees bakka adda addaa waan jiraataniif gaddas ta'e gammachuu waliirratti hirmaachuu hindanda'ani. Gaa'ila illee osoo adda walhinbaaffatiin raawwachuu danda'u. Kanaafuu guyyaa kana walarganii walbaruu diqama ta'a jechuudha.

Kanatti dabalee, waanti yaada armaan olii kanarraa hubatamu harma kan hodhu miseensa maatii sanaa waan hin taaneef amma sirna kana raawwatutti akkuma fedhe ol seenee hin taa'u. Kanaaf akkuma ol seeneen namicha harma hoosiisu sana fuuldura isaa daajjaa yookiin kallee/ janddee/ irra taa'ee maatii sanaatti makamuu isaa kan mirkanneessu aannaniifi damma alsadii yookiin alshan yookiin altorbaa *quba abgudduu* isaa itti cuubee inni harma hoosiisu akka muuxachiisu taasiisu. Inni harma hodhus akkuma jaarsoliin jedhan muuxata. Sanaa booda farsoon waancaatti guutamee dhiyaate alsadii *habbuuqqachuun w*aadaa seenee maatii sanatti makamuu isaa mirkanneessa. *Korbeessaa hoolaa* fidee dhufe manatti ol galchuun mirgatti kuffiisee morma muruun dhiiga buusee makamuu isaa dhugoomsa.

***Mirgatti kuffisee kan morma muruun-*** hawaasa biratti milkii gaarii qaba jedhamee waan amanamuufidha. Kana jechuun loon,bushaayeeniifi lukkuun yeroo qalaman milkii gaariidha jedhamee hawaasicha biratti kan beekamu mirgatti kuffiisuun morma kutuu isaaniitti.

Keeyyata armaan olii irraa waanti nama hubachiisu gaheen afaani sirna kana keessatti qabu jechootaafi maqaalee as keessattifayyadaman keesaa fkn. *Quba abgudduu*- kan jedhu quba shanan jiran keessaa isa jalqabaa sababiin quba jalqabaa kanatti cuubee isa hoosisu dhala ko warra jalqabaatti sidabaladheera kan jedhu kan ibsudha.

***Annannitti quba cuubuun*** immoo,aannan qulqulluu,filatamaa,qabanaa'aa waan ta'eefi akka isaan waljaallatan,waliif na'aniifi yaadnii isaanii akka tokko ta'uu bakka kan bu'udha.

***Quba abgudduu_*** kan jedhu immoo qubni kun quba shanan keessaa moggaarra waan jiruuf, namni harma hodhu kunis dura maatii ala waan jiruuf ergasii maatiitti si dabalanneerra yaada jedhu bakka bu'a jechuudha.

***Lakkoofsi altokko. alsadii, alshan,altorba***-kannen bakka bu'an immoo,sirna raawwii akkasii keessatti lakkoofsi hir'uu malee lakkoofsi guutuun hin barbaachisu.Yoo lakkoofsa guutuu ta,e hidhaan firoomicha hin jabaatu jedhanii waan amananiif.

***Habbuuqqachuu***- jehi jedhu aannan afaan guutanii afaanitti qabachuun dhuguu jedhu kan bakka bu'udha.

***Daajjaa ykn,Kal'ee*** kan inni agarsiisu oromoon durii kaasee qulqullina isaa waan eeggatuuf yeroo waadaa seenan akka uffata isaanii huuba yookiin awwaarri hin tuqneef lafa afatanii irra taa'anii waadaa walii kan gala agarsiisuuf kan bakka bu'udha..

***Hoolaa bifti daalachaafi diimaan***kan bakka bu'u immoo, hawaasa biratti bifti lamaan kanatti waan gammaduufi dhiigni hoolaa immoo akka waan qulqulluu, kan mudaa hin qabnetti waan ilaalee itti amanuuf. Bifa gurracha immoo,waan akka waan gadheettiykn gaddaatti ilaalaniifdha.

### 4.1.6. Gahee afaanii Sirnicha Irratti Warreen Harma Hoosisaniin Waantoota Raawwataman

Sirna harmaa hodhaa keessatti jaarsolii jiran keessaa Obbo Nagaraafi Obbo Biqilaa Abdataa waantoota raawwataman yoo ibsan "namni harma hoosisu sirnicha raawwachuuf waanta qabu qopheeffata. Waantoonni qopheeffaman kunis: annaan qabeetti, damma buqqeetti yookiin faagaatti, farsoo buqqeetti yookiin waancaattidha.

Akkasumas mana isaa keessatti bakka taa'anii waada sana raawwatan daajjaa yookiin kallee /Ittillee/ afee fuuldura namaatti qopheeffata. Sanaa booda maatiifi firoottan isaa hunda waliin mana isaa kana keessaa taa'anii isa harma hodhuuf dhufe sana eegu. Namichi harma hoosisu bakka afame sana diriirfatee taa'a. Sana booda,yeroo inni harma hodhu dhufu akka olseenu heeyyamaaf. Namichi harma hodhu akkuma dhufee olseeneen fuuldura isaa taa'uun jaarsolii jiraniin raawwii sirna sanaatti seenama. Namichi harma hoosisu quba abgudduu yookiin quba moggee isaa aannaniifi dammatti cuubee alsadii muuxachiisee ofiisaas muuxata. Farsoo waancaatti yookiin buqqeetti guutamee dhiyaate qabachuun waada erga seenee booda alsadii

dhala isa harmaa isaa waliin qodaa tokko keessaa habbuuqatu. Sirnicha erga raawwatanii booda lafa taa'anii ka'uun taa'umsarra taa'uun nyaataafi dhugaatii qophaa'e sana namoota hundaaf akka kennamu ta''a" jechuun dubbatu.

Yaada kanarraa qorataan waanta hubate, ***aannan,dammaafi farsoon*** sirnicharratti ulaagaa barbaachisoo ta'uu isaaniidha. Akkasumas waada sirna kanaa yeroo raawwatan taa'umsa irra hin taa'an.Sababiin isaa waanta akka harma hodhaa, gaa'eelafi araara irratti taa'umsarra ta'uun milkii gaarii miti jedhamee amanama.

**Lafa taa'uun isaanii-** ergaa inni dabarsu, lafti waan hundaa akka danda'u,waan hundaa akka baatu ibsuuf yaadame ta'uu isaa hubachuu nidanda'ama.

***Farsoowaancaatti-*** kan jedhu waancaan meeshaa aadaa kan gaafa horii irraa hojjetamee farsoo itti dhuguuf kan tajaajiludha.

***Damma faagatti-***kan jedhu immoo oromoo damma kan kaawwatu yeroo baay'ee meeshaa faagaa kan jedhamu kan buqqee irraa hojjetamuudha

***Dammi-*** kan bakka bu'u immoo dammi mi'aadhaa jaallatamaa waan ta'eef inni hodheefi hoosise akka waljaallataniifi waliigalan kan hawaasni amanuufidha.

Kanaafuu maqaaleefi meeshaaleen kun sirna harma hodhaa kana keessaatti kan bakka bu'an qabu jechuudha. Kanatti dabalees, maatiifi firroottan isaa bakka tokkootti walitti qabamuun sirnicha irraatti kan isaan hirmaatan maatiifi firoota sanaaf miseensa haaraa dabalame baruufidha.Isa harma hoosisu waliin ta'uun ofitti dabalu. Booru namichi harma hodhe, maatiifi firoottan isaa yoo rakkatan,yookiin gammadan waliin hirmaachuuf eenyummaa isaafi firroottan isaa adda baaffachuuf akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

***Diriirfatee taa'uun-*** isaa irraa waanti hubatamu fedhii guutuufi garaa guutuun simachuudha.

### 4.1.7. Faayidaa afaanii Sirnicha Booda warreen Hodhan Wantoota Raawwataman keessatti.

Sirnicha booda wantoota warreen hodhannin raawwatamu irratti odkenitootni MGA gaafa 19/08/2011fi MGB 26/08/2011 akka jedhanitti "namni harma hodhe tokko sirnicha booda guyyaa namichi harma isa hoosise waamutti uffata qopheeffatee dhaqa. Uffata inni qopheeffatee

dhaqu namichaaf gaabii yookiin bullukkoo,Haadha manaa isaaf immoo, qoloodha. Guyyaa kana maatii isaaf firroottan aantee ta'an keessaa namoota jireenyaafi hiryummaan walitti hiiqan waamatee waliin deema."jechuun dubbatu.

Yaada armaan olii kanarraa itti fayyadamni maqaa meeshaafi jechootaa keeyyata armaan olii kanarraa hawaasa biratti kan bakka kan bu'an qabu.Kunis:

**Gaabii/Bullukkoo-**Jechi jedhu uffata kabajamaa,uffata aadaa oromoo biratti uffatamuufi uffata aadaa namoonni keesumaa iyyu jaarsoliin yeroo walga'ii, ayyaanaa jaarsummaafiwaadaa galchuurratti uffatanidha.

**Jechi qoloo-**jedhu immoo,uffata aadaa kan jirbbii irraa hojjitamu kan dubartiin uffattudha. Kana malees,namichi harma hodhe guyyaa waamame abbaafi haadha harmaa isaa daara baasuudhaan dhala isaanii ta'uu isaa mirkanneessa. Akkasumas maatiifi firootni isa waliin deeman firaafi maatii harma hoosisee baruun bakka walarganitti ooltee-bultee waljechuuf yookiin nagaa walgaaffachuuf gargaaru hubachuun salphaadha.

### 4.1.8. Fayidaa afaanii Sirnicha Booda Warreen Hoosisan Wantoota Raawwataman keessatti.

Namoonni harma hoosisan waantoota raawwachuu qabaniin walqabatee Nagaraafi Biqilaan yaada yeroo kennan: "namni harma hoosiisu sirnicha booda ji'a lama yookiin sadii booda mana isaatti nyaataafi dhugaatii qopheeffatee kan harma hodhe sana waama. Sababa waamicha kanaa, akka mana aseennaatti kennaa loonii yookiin lafa kennuufidha. Kanas kan raawatamu bakka maatiifi firoottan isaanii jiranittidha. Sana booda guyyaa lamaa hanga sadiitti bulchuun yoo kamisarra waamameera ta'e Dilbata galagala gaggeessa" jechuun ibsa. Namoonni afgaaffii irratti hirmaatan mana aseennaa dhala harmaa isaanii waamu kennaa kennuu isaanii ibsanii jiru.Haala kennaa ilaalchisee Balaay Zallaqaa gaafa 27/07/2011fi Abdiisaa Guddataa gaafa 06/07/2011 nama harma hoosisaniif lafa qonnaaf oolu yoo kennan Nagasaa Dhugumaa gaafa 03/07/2011 immoo nama harma hoosiseef goromsa cinaacha osoo hin taane guutummaa goromsa sanaakennuu "dubbata.

Yaada kanarraa waanti hubatamu namichi harma hoosise kan harma hodhe sana mana isaattiwaamee kennaa kan kennu waada jalqaba seene sana raawwachuu isaa agarsiisufidha. Darbees namni harma hodhe jireenya isaa akka itti fooyyeeffatuuf jedhameeti. Gama

biroon,kennaan looniifi lafaa hawaasaa oromoo biratti bakka olaanaa waan qabuuf akka kennaa olaanaatti waan amanamuufidha.

Guyyaan namni mana aseennaa waamamuun walqabatee akka aadaatti hawaasichaan hubatamee kan jiru Kamisa yookaan jimaata galaga ta’ee guyyaa namichi mana isaatti deebi’ee galu Dilbata gara galagalaadha. Faayidaan isaas namichi harma hodhukun haala naannoo ,firaafi finna,bakka qonnaa, malkaafi kan biroo guyyoota kana keessatti akka baruuf yaadameeti.

## 4.2.Adeemsa Sirna Harma Hodhaa Keessatti Tajaajila  Afaanii

Afaan waanta sirnawaa, kan waliigaltee sagalewwanii yookiin mallattoolee barreeffamaa ilmaan namaa walqunnamtiifi of ibsuufi itti fayyadamanidha. Kana malees, afaan meeshaa dhalli namaa ittiin waliigaluu, yaada isaanii ittiin ibsachuuf,gaddaafi gammachuu isaanii ittiin ibsachuuf, kan itti gargaaraman ta’uu isaa “Crystal (1997 :384) Sirna harma hodhaa kana keessatti tajaajilli afaanii hawaasicha keessatti afaan akkamitti hojiirra akka oolu qabxii kana jalatti xiinxalamudha” jedhu. Haaluma kanaan,raawwii sirna harma hodhaan walqabatee meeshaaalee hawaasichaan sirnicha irratti tajaajilan maalfaa akka ta’an maalis akka bakka bu’aniifi maal akka ibsan, qabiyyeen waadaa isa hodhuufi hoosisuu maal akka ta’eefi ergaa eebba maanguddootaan kan dhiyaatudha.

### 4.2.1. Eebba

Eebbi sirna raawwii harma hodhaa irratti jaarsoliin gaggeeffama. Eebba kana ilaalchisee odkennitoonni Roorroo Waxaafi Nagaraa Labataa 26/08/2011 akka jedhanitti “Eebbi kunis dhalli harma hodhaan argameefi abbaan  harma kan akkamii ta’uu akka qabaniifi waliin jireenya isaanii keessatti milkaa’iinni gaariin akka isaan mudatu argamsiisuuf tajaajiludha”jedhu Eebbakana jaarsoliin armaan olii kunnamoota harma hodhaniifi hoosisan waadaa galchaniif eebbisan akka armaan gadiitti qaacceffamee jira. Kunis:

“ Kan nagaan nu bulchite nagaan nu bulchi
Ilmoo  abbaaf beeku haata’u
Ilmoon abbaaf haabeeku
milkii qabu haata’u” “ (Madda :odkennitootaa)

Ergaan eebbaa buufata armaan olii tokkoon tokkoon akka armaan gadiitti kan ibsaman ta’a.Kunis;

**“Kan nagaan nu olchite nagaan nu bulchi “(**Madda Odkennitootaa )

Eebba kana irraa waanti hubatamu maanguddoonni waaqni jiruufi jireenya isaanii keessatti gahee qabaachuu isaa ibsuufidha. Kana yoo ibsan kalleessa nu eegdee har’aan nu geessetta yeroo kana booda jirus sitti kenniinee jirra jechuunkan ergaa dabarfatanidha.

**“Ilmoo siif ergamu haata’u**“(Madda Odkennitootaa)

Ergaan buufataaleen eebbaa armaan olii kan inni nama agrsiisuu ilmoon harmaa kun kan abbaa isa hubatuu, milkii gaarii kan qabu,ergasii jireenyi nuuf tole akka jedhaniifi bakka abbaan jedhu kan oolu akka ta’uufyaadamee eebba eebbiffamudha.

**“Abbaanis kan ilmoo beeku haata’u**“ (Madda Odkennitootaa)

Yaadni buufata armaan olii kana irraa waanti mul’atu abbaan harmaa waanuma maqaaf dhala godhate utuu hin taane kunuunsee guddisee, yeroo rakkinaafi gaddaa irratti hirmaatee dhuma irratti akkuma dhallii isaa qabeenya isaa dhaalu inni kunis akka dhaalu qabu dhaamuuf akka ta’etu hubatama

***“*Ilmoo milkii qabu haata’u**”(Madda Odkennitootaa)

Ergaan buufata armaan olii kanarraa waanti nama hubachiisu ilmoon harma hodhu kun erga maatii isaatti dabalamee kan carraa gaariifi ergasii haalli mijate akka jedhaniifi firoominni cimu akka ta’etu nama hubachiisa.

**“ Ilmoo siif ergamu haata’u, “** (Madda Odkennitootaa**)**

Yaadni buufata eebba armaan olii kun ergaan isaa ilmi kun ilma siif abboomamu,akka siif ajajamu,akka siif ergamu bakka ergatetti garaa kan si ciibsu haat’u kan jedhu bakka kan bu’udha.

Walumaagalatti yaada kanarraa waanta hubatamu adeemsa sirna harma hodhaa keessatti gaheen afaanii iddoo guddaa akka qabuufi achi keessatti itti fayyadamni jechootaan jaarsoliin yaada isaanii itttiin ibsatanii sirna kana raawwachuufafaan qooda qabaachuu isaa kan mul’sudha.

### 4.2.2.Waadaa

Waadaan sirna harma hodhaa keessatti seenamu ilaalchisuun Dhaabaan 01/06/2011fi Bayyanaan gaafa 05/06/2011 yaada kennan irraa kan hubatamu waadaan kan namoonni harma walhodhan maatii ta'uu isaanii ittiin mul'san keessaa tokkodha. Kunis gama warreen hodhaniifi hoosiisaniin waanti isaan jedhan akka armaan gadiitti qaacceeffamee jira.

- Abbaan harmaa dhala harmaa isaaf akka armaan gadiitti akka hidhata cimsataniif waadaa seena .Kunis :

"Ani abbaa keeti.
Ati immoo kooti.
Dhala koo gad singodhu.
Dhala koon oliis sin hin godhu.
Kan ani isaaf godhu siifis nan kenna.
Kan ani jibbe hin jaallatiin.
Kan ani jaalladhees hin jibbiin.
Karaa ani deemurra deemi.
Si hinganu nas hin ganiin.
Manni koo mana keeti.
Firri koo fira keeti.
Kun afaan koo ba'era.
Tufee hin arraabu.
Dubbadhees hin gaabbu.
Kana firafi finni koo dhaga'aa.

Kan ani fudhe isiinis fudhadhaa; jechuun waadaa seena,"jechuun dubbataMadda : Dhaabaa Galataa (01/06/2011).

- Harma kan hodhus taanaan waadaa kana yeroo seenu jalaa qabuun akkana jechuun waadaa seena.Innis:

" Ani dhala kee hangafaati.
Kan dhalli kee hangafaan siif godhe siifan godha.
Bakka inni siif oolu siifan oola.
Kan inni siif ta'u siifan ta'a.
Kan ati jibbite hin jjaalladhu.
Atis hin jaallatiin

Kan ati jaallatte hin jibbu.
Karaa ati deemturra nan deema.
Kana dubbadheera.
Duubadhees hin gaabbu.
Tufees hin arraabu.
Kana firaafi finni koo dhaga'aa.
Kan ani fudhe fudhadhaa,"jechuudhaan inni harma hodhe
waadaa seena.(Madda :Bayyanaa Fallaqaa 05/06/2011)

Ergaan waadaa armaan olii kan abbaan harmaa waadaa galeefi dhalli harmaa waadaa gale kun jaarsoliifi hawaasa naannoo biratti tokkoon tokkoon isaaa ergaa mataa mataa isaa dabarsa.Ergaa inni dabarsus akka armaan gadiitti hiikama .Kunis ;

"**Ani abbaa keeti ; atis abbaa kooti,"** (Madda Odkennitootaa **)**

Himni "ani abbaa keeti" jedhu kun kan agarsiisu yeroo kana irraa kaasee abbaa harmaa ta'uu isaa namicha harma hodhufi ibsuuf. Kanumatti dabalees, kanaan booda nama kana akka ormaati ilaaluuf osoo hin taane akka ilmoo hangafaatti ilaaluuf waada seenamu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Yaada kanaraa ka'uun Mulugeetaa Warquu (2004:54) Long man wabeeffachuun "nama tokko irratti balaan akka qaqqabu gaafachuu ykn, abaarsi akka irratti fudhtamu gochuun kan raawwatamudha" Jechuun waadaa galuun hangam ulfaatina akka qabu ibseera.Kanumarraa ka'uun harma hodhus taanaan yeroo "inni abbaa kooti" jedhu akka abbaa isaatti ilaaluuf waada seenamu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu,namoonni harma wal hoosiisan jechuma kana dubbachuun abbaafi ilma walgodhatu.

**"Ati dhala ko hangafaati ;anis dhala ke hangafaati"( Madda Odkennitotaa)**

Yaadni kun kan nu agarsiisu kan hoosiisu akka dhala hangafaatti ilaaluuf, kan hodhu immoo akka dhala hangafaatti namicha hodhe sana tajaajiluuf fedhii isaanii ta'uu mirkanneessuuf waada seenamudha. Dhalli hangafaa hawaasicha biratti bakka guddaa qabaachuu isaa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Sababni isaa, waada seename kanarrattidhala hangafaa waamuun waada seenamee jira.

"Dhala koo ol si hin godhu.
Dhala koo gadis si hin godhu.
Kan ani dhalakoof godhu siifan godha.
Kan ani isaaf kennus siif nan kenna "( Madda Odkennitootaa )

Yaada waada kanarraa waanti hubatamu namichi harma hodhu mirga inni argatu kan dhala hangafaa wajjin qixa ta'uu isaadha. Kunis ammam waanta gaarii yoo godhe dhala hangafaa ol akka hin taane; attam yoo balleesse immoo,dhala hangafaan gad akka hin taane agarsiisa. Akkasumas gocha adda addaaf kennaalee garaagaraa akkuma dhala hangafaaf godhamuufi kennamu dhala harma kanaafis gochuufi kennuuf waada seenamudha.Inni harna hodhus abbaa harmaa isaaf akkas jechuun waadaa gala.

**"Kan dhalli ke hangafaa siif godhe siif nan godha**

**Bakka inni siif oolu siifan oola**

**Kan inni siif ta'u siifan ta'a" (Madda: Odkennitootaa).**

Waada kanarraa kan hubatamu kan harma hodhes taanaan akkuma dhala hangafaatti isa tajaajiluuf waada seenamedha. Kana jechuun dhalli hangafaa ni ergamaaf taanaan inni kunis ni ergamaaf jechuudha. Akkasumas dhalli hangafaa yoo ni qotaaf ta'e inni kunis ni qotaaf jechuudha.

Kanaafuu namni harma hoosisu tokko nama harma isa hodhu akka dhala hangafaatti akka ilaaluu ta'uu isaa hubachuun salphaadha. Kan harma hodhus taanaan nama harma hodhu sana akka abbaa isaatti ilaaluun kan dhalli hangafaa godhuuf gochuu danda'u isaa hubachuun ni danda'ama.

**"Kan ani jibbe hin jaallatiin**"(Madda Odkennitootaa**)**

Yaadni kun kan agarsiisu ,kan inni harma hoosisuu diina kooti jedhee dubbatukan hodhe immoo amanee akka hin firoomne yaadamee ta,uu isaa beekuun ifaadha. Sababiin isaa diinni dhoksaadhaan namatti maltu sababa ta'eefbooda dagachiftee karaa isaa akka itti hin dhufneef diinni nama kanaa eenyu akka ta'ee adda baafatee beekuun akka of eeggatuuf yaadamee ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

" **Kan ati jibbitehin jaalladhu; atis hin jaallatiin**" (Madda:Odkennitootaa)

Yaada kanarraa kan hubatamu ,kan harma hodhe yaada kana deegaruu isaafi inni hoosisesdiina isa hodhee akka hin jaallanne fedhii qabu calaqisiisuufidha. Kana jechuun isaa, akkuma innis diina isaa hin simanne kan harma hoosises diina isa harma hodhee adda baaafatee beekuun akka

hin simanne waadaa seensiffachuu isaa akka ta'e beekuun ni danda,ama.Kana irraa waanti hubatamu kan harma hodheef hoosise diina walii diina keenya jedhanii tokkummaan akka balaaleffataniifidha.

'**'Kan ani jaalladhe hin jibbiin**," (Madda: Odkennitootaa) .

Yaadni kun kan jedhamu namicha harma hoosisuun ta'ee ergaan isaa kan inni firakooti jedhee jaallatee waliin jiraatu kan harma hodhes akka jaallatu, akka fira godhatuufi waliin jiraatu waanuma fedhe yoo ta'e illeeisa ilaalee akka akka dhiisuu barbaade ta'uu arguun ni danda'ama.

**"Kan ati jaallatte nan jaalladha**

**Atis kan ani jaalladhe hin jibbiin**" (Madda Odkennitootaa).

Ergaan waada kanaa immoo kan abbaan harmaa sun jedhe fudhachuun kan inni jaallatuakka hin jibbinee waada seena inni harma hoosisu kan inni jaallatu akka hin jibbineef dhaamsa isaa kan dhaammatudha.

Kana jechuun kan inni firakooti jedhee waliin jiraatuwaanuma fedhe ta'ullee isa ilaalee akka dhiisubarbaade ta'uu arguun ni danda'ama. Walumaagalatti, yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu kan tokko jaallate inni kaanis jaallachuu akka qabudha.

**"Karaa ani adeemerra adeemi,** " (Madda: Odkennitootarraa)

Ergaan waadaa kanaa waanta inni hoosise sirriidha jedhee kan hodhes sirrii, kan inni dhugaadha jedhe ,dhugaakan inni ni ta'a jedhe akka ta'utti fudhachuu ofkeessatti kan qabate ta'uu isaa hubachuun salphaadha. Kana jechuun, yaada isaa akka hin mormineefi yoomiyyu tanaan cinaa isaa akka dhaabatu barbaade ta'uu hubachuun nidanda'ama.

**"Karaa ati deemtu irra nan deema.**

**Atis karaa ani deemurra adeemi**" (Madda: Odkennitootaa).

Kan harma hodhes taanaan yaada kana fudhatee isa cinaa dhaabachuu isaa waada kana seenuun mirkanneessa. Inni hoosises isa waliin akka ta'uufis gaaffii gaaffachuun isaa walta'uun walgargaaruuf fedhii qabu mul'isuu isa akka ta'e yaada olii kana irraa ifa.

“ **si hinganu nas hin ganiin**” (Madda :Odkennitoota).

Yaadni kun erga takkaa firoomanii booda akka walhinarganneefi daba walirratti hin yaadneef jedhamee waada seenamudha. Kanas, namichi harma hodhe kan hoosise sana akka hin ganne waada seena ofiis akka hin ganamneef waada seenuuf barbaada.Haaluma kannanis kan hodhes taanaan akka isa hin ganne waada seenaa ofiis akka hin ganamne waada akka seenuuf “anis si hin ganu, atis na hin ganiin ,” jedha. Kanarraa ka’uun, lamaan isaanii waada kana seenuun isaanii gara fuula duraatti firoomina isaanii cimsachuu akka ta’e nama hubachiisa.

“**Manni koo mana mana keeti**,” (Madda : Odkennitootaa ).

Ergaan waada kanaa kan nama hubachiisu kan harma hodhe yeroo barbaadeetti mana isa hoosise deemee jiraachuu akka danda’u ; salfiifi sodaa tokko malee mana sana keessa akka mana isaatti jiraachuuf akka danda’u ; rakkatee yoo dhufes waanta rakkate sana mana namichaattii gaafatee argachuu akka danda’udha. Kana jechuun ,akkuma mana isaa keessaa saalfiifi sodaa tokko malee jiraatu mana nama isa hoosisees akkasuma jiraachuu akka danda,u heeyyama argachuu ibsa. Kan harma hodhes taanaan yaadicha deegaruun mana nama harma hoosisee akka mana isaatti fudhachuun kan isaas akka mana isaatti ilaaluuf “manni ke mana kooti ; manni kos mana keeti,” jedha. Kun akka waliigalaatti kan agarsiisu lamaanuu mana waliitti deebi’anii jiraachuu akka danda’anidha.

**“ Firri ko fira keeti** ,” (Madda:Odkennitootaa).

Yaadni kun ergaa guddaa of keessaa qaba. Kunis isa harma hoosiseefikanneen fira isaa ta’an hundi isaanii kan harma hodhe kanaafi fira akka ta’an quba isa qabsiisuuf waada seenamudha. Kana cinaatti inni harma hoodhes ta’e firri isaa firooma biraa akka firoota isaa waliin hin uumne akeekkachiisuuf waada kan seenamu ta’uu isaa beekuun ni danda’ama. Kan harma hodhus taanaan waada kana wayita seenu yaada kana deegaruun kan harma hoosisees firoota isa hodhe waliin firooma biraa akka hin uumne waada kana seensifata. Namoonni kunis taanaan firaaf maatiin isaanii guyyaa kana booda fira biraa uumuu akka hin qabneefi akka dhalaafi ilmootti wal ilaaluu akka qaban yaada kanaraa baruun hin ulfaatu.

**“Kun afaan kootii ba’ee jira**

**Tufee hin arraabu**

**Dubbadhee hin gaabbu**,” (Madda:Odkenniitootaa).

Waadaa kana seenamuu isaa waanti takka dubbatame immoo,hawaasicha biratti sodaa guddaa qabaachuu isaa ibsa. Keesumaa buufanni ‘tufee hin arraabu; dubbadhee hin gaabbu,” jedhan lamaan kanaaf ragaa guddaa ta’uu danda’u. Sababiin isaa waan tufan deebisanii arraabuufi kan dubbatan gaabbuun safuu hawaasichaan balfamaa ta’uu isaa kanarraa beekuun ni danda’ama. Kanaafuu, waanti dubbatame dura afaan keessa hin ba’iin malee erga ba’ee booda, deebisanii duuba deebi’uuf yaaluun illee hawaasicha biratti fudhatama akka hin qabne hubachuun ni danda’ama. Kan harma hodhes taanaan yaaduma yaaduma kana dabaluun waadaa seene kanatti akka hin gaabine mirkanneessa.

**“Kan ani jedhe isniis jedhaa.**

**Kan ani fudhadhe isinis fudhadhaa,”**(Madda : Odkennitootaa ).

Ergaan buufata kanaa immoo kan agarsisu waada seename kana firriifi maatiin dhaga’anii boodanamni harma hoosise kun haalee yoo argameefi firaafi maati sana keessa kan dhugaaf dhaabatu waadaan kun akka hin cabne gara duraatti deebisuu akka qabu dirqisiisuuf ni gargaara.

Namichi harma hodhes taanaan yaada “ kana firaafi finni ko beekaa “ kan jedhu innis ta’e firaafi finni isaa waadaa kana sirriitti akka eeganiifi cabsanii akka hin argamneef ta’uu isaa beekuuniis ni danda’ama. Waadaa kana yoo haales,firaafi finni isaa ragaa itti ba’uu isaa beekuun akka danda’aniifi waadichi kan hin sochoone ta’uu isaa agarsiisuuf ta’uu nama hubachiisa.

**“Kan ani jedhe isinis jedhaa.**

**Kan ani fudhadhe isinis fudhadhaa**“ ( Madda: Odkennitootaa).

Yaadni kun jalqaba nama isa hoosisuun ta’ee kaayyyoo isaa waadaa inni seene firaafi finni isaa akka jedhaniifi kan inni fudhate isaanis tole jedhanii akka fudhataniif jedhamee ta’uu isaa beekuun ni danda’ama.Harma kan hodhes taanaanis, yaaduma kana kan kaasu firriifi maatiin isaas kan inni jedhe waliin kan inni fudhateefi firoomfate akka firoonfataniif ta’uu isaa salphaadha.

Yaada kanarraa kan hubatamu,firaafi finni isa hodhuu fi hoosisuu waadaa kana yaadan akka waliin seenaniifi firooma kanas akka fudhataniifidha. Waadaan galamu kun immoo hidhata firoominaa akka cimsatan ta’uu isaa nama hubachiisa.

### 4.2.3. Hiika Lakkoofsaafi Guyyaa

Aadaa hawaasa aanaa Amuruu ilaalchisee odeeffannooJaarsolii irraa argameen waantoota waadaa kanneen akka harma hodhaa,eebba garaagaraafi gaagura hidhuu irratti lakkoofsi hanquu bakka guddaa qaba. Fakkeenyaaf, gaagura yemmuu hidhan  sadii, shan, torba, sagal…hidhama malee gaagura lama, afur, Jahafi saddeeti hin hidhamu. Sababiin isaa,yoo lakkoofsi gaagura sanaa guutuu ta'e kannisni itti hin galu jedhamee hawaasa biratti ni amanama. Akkasumas kan harma hodhaa irrattis al lama,al afur, al jaha,a yoo quba dammaafi aannaniin cuubamee muuxatan hariiroon ijaaramu jabina akka hin qabneetti  ilaalama. Kanaafuu, sirna harma hodhaa irratti lakkoofsi filatamaa ta'e akka milkii gaariitti sadiidha. Kana dabarraan garuu shan yookiin torbadha. Akkasumas farsoo alsadii yoo waliin unatan gaarii akka ta'etti amanama.

Fayyadama guyyaa sirna harma hodhaa itti raawwatamu ilaalchisee hawaasichi hubannoofi falaasama guddaa qaba. Kunis sirna harma hodhaa raawwachuuf guyyoonni guutuufi hir'uu jedhamuun qoodamuudha. Kana jechuun guyyoonni kanneen akka Wiixata, Roobii, Jimaata guyyoota hir'uu sababa ta'aniifi milkii gaarii hin qaban jedhamanii amanamu.Kanneen hafan garuu akka milkii gaariitti ilaalamu. Kanaafuu hawaasichi guyyoota garaagaraa raawwachuuf jedhee filatu addatti qabaachuun bilchina isaa agarsiisa.

Walumaagalatti, falaasamaafi ilaalchi hawaasichi lakkoofsaafi guyyootaan walqabateeqabu beekuun bilchinaafi cimina hawaasichaa hubachuuf nama gargaa

### 4.3. Maqaaleefi Meeshaalee Sirna Harma Hodhaa Irratti Tajaajilaniifi kan bakka bu'an.

Odkennitootni afgaaffiin qorataafi odeeffannoo kennan akka jedhanitti "yeroo harma hodhan meeshaalee dhiyaatan kanneen akka aannan sa'aa,damma kannisaa farsoo biqila garbuufi geeshoo irraa hojjetame, Korbeessa hoola biftti isaa daalacha yookiin diimaaa, daajja, kal'eefi Dhadhaa"dha jedhu. Kanaafuu maqaafi meeshaalee armaan olitti tarreeffaman kana tajaajila isaan sirnicha keessatti tajaajilaniifi fakkoommii sirnicha keessatti fakkeeffamanii ergaa maalii akka dabarsan gabatee armaan gadii kana keessatti qaacceeffamaniiru. Kunis:

| T.l | Maqaa Meeshaalee | Tajaajila Isaa | Fakkoomii |
|---|---|---|---|
| 1. | Aannan sa’aa | Yeroo eebbaa,araraaf ittiin wal eebbisuuf. | - qulqulluu,<br>- qabanaa’aa,<br>- qabaneessaa,jaalatamaa |
| 2. | Damma kannisaa | Keessummaan kabajamaa yoo mana ofii dhufu afeeruuf,yeroo eebbaafi araaraafikkf | -akka jaalalli cimuuf,<br>-akka waljaallataniif,Rakkoo tokko malee akka walii galaniif |
| 3. | Farsoo biqilaa | yeroo aayyaana adda addaa/cidhaaf,dhugaatiif,araaraf,waada a,yeroo galaniifkkf | Dheebuu ba’uuf,<br>Jiidhinsaafi garaa walii ciibsuuf. |
| 4. | Lafa | Irra qotanii oomisha argachuuf<br>Irra jiraachuuf | Garaa bal’eessa,danda’aa,dhugaan kan isa hin dhokkanne ,dhugaa namaa kan hi dhoksine. |
| 5. | Daajjaa | Irra taa’aanii waleebbisuuf,afatanii irra rafuuf | Qulqullina ofii eeggachuuf,Diriiraa waan ta’eef irra ta’anii yoo waleebbisan akka garaan isaanii ciisuufi boqotuuf. |
| 6. | Jandee | Afatanii irra rafuuf,irra taa’uuf | Diriiraa ,ciisaa waan ta’eef akka garaan isaanii ciisuuf/boqotuuf. |
| 7. | Korbeessa hoolaa | Yeroo ayyaanaa qalmaaf,yeroo araaraafi waadaa qalachuufi gurgurtaaf | Garraamii, Dhiigni isaa qulqulluu,mudaa kan hin qabne,Gara-bal’eessa. |
| 8. | Dhadhaa horii | Nyaataaf,Dibataaf,Gurgurtaaf | Qabanaa’aa,Jiidhaa Jaallatamaafikkf. |

Yaada gabatee armaan olii kanarraa waanti hubatamu, sirna raawwii harma hodhaa irratti meeshaaleefi maqaalee kanneen akka aannaan,damma, Farsoo, Korbeessa Hoolaa bifti isaa daalacha,/ diimaa,daajjaa yookiin jandee dhadhaan kanneen sirnnicharratti hafuu hin qabnedha. Kanarraa ka’uun waantoonni kunneen bakka hin gunnetti sirnicha raawwachuun akka hin danada’mne tilmaamuun ni danda’ma. Kanaafuu sirna harma hodhaa raawwachuuf dirqama aannan, damma,farsoo,karbeesa hoolaa daajjaa/kal’eefi dhadhaan barbaachisoo ta’uun isaa ni danda’ama. Harma hodhaa irratti waantoota dhiyaatan hawaasicha keessatti tajaajilaaf oolaniif qabu. Meeshaalee kunneen aannan, farsoo, damma, koebeessa hoolaafi dhadhaan waanti irraa hubatamu akkanumaan osoo hin taane waan bakka bu’an qabu. Dhimmi isaan bakka bu’anii ibsan hawaasicha keessatti bakka olaanaa qabu.

Kanarra darbees,meeshaalee kunniin hawaasicha biratti yeroo harma hodhaa maliif akka oolaniifi ergaa isaan dabarsan salphaatti kan nama hubachiisudha. Kanarraa ka’uun, meeshaaleen kun raawwii sirna harma hodhaa irratti kan hojiirra oolan hawaasicha biratti hiikni olaanaan kennuu isaanii akka armaan gadiitti ibsama.

### 4.3.1. Aannan

Aannan sirna harma hodhaa irratti baay'ee barbaachisaadha. Odkennaan afgaaffii Obbo Taakkala Bakaree akka himanitti"aka aadaa hawaasa Aanaa Amuruutti aannan akka waan qabanneesuutti, walitti tolutti, waliigaluufi qulqulluu ta'eetti beekama" jechuun ibsu. Kanaafuu, namoonni lamaan yeroo aannan abgudduun yookiin quba moggeen cuubanii walmuuxachiisan waliigalla, walqabanneessina, walhinquuqnu…jechuun isaanii agarsiisu. Hubannoon hawaasichaa aannaniin walqabatee qabus qabanneessaa, qulqulluu,kan mudaa hinqabne jechuun nidanda'ama.

Kun immoo, namoonni lamaan kun booda yeroo hariiroo uumanii jiraatan akka walhinquuqne, walitti hin buune, walhin dhibneef aannaniin bakka buusanii fedhii qaban ibsachuu isaanii beekuun waan ulfaatu miti.

### 4.3.2. Damma

Akkuma duraan tuqame dammi sirna harma hodhaa irratti waantoota barbaachisan keessaa tokkodha. Namoonni lamaan harma hodheefi hoosise damma kan walmuuxachiisan akka walitti mii'aayaniif dammi hawaasicha biratti mallaoo mi'aayinafi jaalala agarsiisuun bakka bu'ee beekama. Namoonni walhodhanis ta'e firaafi maatii isaanii akka walitti mi'aayaniif yookiin jibinsa tokko malee firoominni isaanii itti fufee akka jiraatuuf yaadamee hojiirra ooluu isaa hubachuun hin ulfaatu. Afaan namootaa warreen hodhaniifi hoosisan jiruufi jireenya isaanii keessatti akka walitti hin dabarre,walhinquuqne, walhinmiine agarsiisuuf dammatti dhimma bahu.

### 4.3.3. Farsoo

Farsoon hawaasicha biratti bakka olaanaa qaba.Innis,durii jalqabee uummanni keenya harma hodhaa irrattis ta'u durba dubbannaaf biqila afoo /araatii/ irraa ilaaluun, biqila cabsachuu beekuu ishee haadha warraa iyyaafatu. Kanaafis warri abbaa abaluufaa warra guddaadha, warra aadaa beekan jedhamanii beekamu. Kanarraa ka'uun,biqilli mana sanaatti yeroo hundaa yoo argame dheebonnaan mana abbaa eebaluufaa deemanii *afaan dheebuu* hin galan,*afaan gogaa* gad nama hin lakkisan jechuun warra sana faarsuun jira.

Kanatti dabalee, biqilli mallattoo warra qophummaati agarsiisa. Kana beekuun kan danda'amu, dubartiin mana biqila hin qabne tokko akka waan dhugaatii aadaa kana qopheessuu hin

dandeenyeetti ilaalamti. Dubartiin biqila manaa qabduufi farsoo naquu beektu *qophe*e taatetti hawaasicha keessatti beekamti.

Gama biraan biqilli mallattoo warra guddummaafi aadaa beekuu kan ibsudha. Kana jechuun warri kun yeroo hundaa dheebonnaan *bishaan gurrachaan* kan nama hin gaggeessine; waan biqila mana isaaniitti hindhibne; warra guddaa akkasii jechuun maqaa isaanii leellisuun jira.

Tajaajila farsoo qodaa guutuu qabatanii waleebbisuun qabu kan biraan guutuu ta'uudha. Kana jechuun, hawaasicha biratti biqilli cabee; guutuu biqilaa qabatanii waleebbisuun milkaa'ina gaariidha jedhameetu amanama. Hir'uu qabatanii waleebbisuun hawaasicha keessatti akka waan gaarii hintaanetti waan ilaalamuuf guutuudhaan wal eebbisu. Kanuma bu'uura godhachuun aadaa hawaasichaa keessatti farsoo qodaa guutuutti qabatanii waadaa seenuun akka jireenyi fuula duraa guutuufi milkaa'aa ta'eetu amanamee fudhatama.

Kanumaan walqabatees, sirna akkasii irratti afaan gogaan waadaa waliigaluun dhorkaadha. *Afaan gogaa*- jechuun mana namaa dhaqanii dhugaatiifi nyata malee deebi'uu jechuu bakka kan bu'udha.Sababiin isaa,waan firoomaa sababa raawwataniif waan akka kanaarratti immoo afaan *jiidhaadhaan* waadaa waliif galu, waleebbisu. Kanaafuu aadaa hawaasa naannoo kanaati waan waadaa eebbaafi kan biroo irratti afaan jiifatanii waan ta'uu qabu yoo raawwatan hariiroon jara lamaan gidduu jiru gara fuula duraatti quuufa,jiidhaafi gammachuu kan qabu jedhamee amanama.

Inni biraa immoo,namoonni harma walhoosisan kan isaan farsoo waancaa tokkoo keessaaa altakkaatti abbuuqatan tokko ta'uu isaanii agarsiisuuf jechadha. Kunis kan ifoomu qodaa tokko keessaa afuura walii osoo hin tuffatiin unnachuuni. Kanaafuu kanneen harma walhodhan, abbaafi dhala ta'uu isaanii kan mul'isan keessaa tokko farsoo waancaa tokko keesaa waliin unnachuuni.

### 4.3.4. Lafa

Namni harma hodhuu irrattis ta'e gaa'ila irratti yeroo waadaa waliifgalaniifi wal eebbisan taa'umsa mukarra hin taa'an.Sababiin isaa ,lafti gara bal'eessa ,danda'aa waan hundumaa, dhugaa waan hin dhoskineefi akka namaa kan haqa hin dabsinedha.Akkasumas achirraa sababa waan dhufneef yeroo deebinee achi deemnu akka nu hin ganneef jedhamee lafa ta'uun waadaa

seenames lafti akka waan dhaga'uu jedhameeti .Uummanni Oromoo miidhaan tokko yoo irra ga'u kan inni waaqaafi lafaatiin hima jedhu kanumarraa ka'uun akka ta'es nama hubachiisa.

### 4.3.5. Daajjaa yookiin Kal'ee

Meeshaaleen kun kan bakka bu'an daajaa yookiin kal'een sababa barbaachiseef immoo, yeroo lafa taa'anii waadaa waliigalaniifi waleebbisan awaarriifi haafti wayii uffata isaanii qabatee akka hin kaafneefi uffanni isaanii akka hin xuroofneef kanlafa afatanii irra taa'anidha.Kanaafuu hubannoo hawaasichaa osoo saayinsiifi teekinooloojiin hin dagaagiin dura qulqullinaan walqabatee ka'u cimaa akka ta'e kanarraa baruun nidanda'ama

### 4.3.6. Korbeessa Hoolaa

Korbeessi hoolaa harma hodhaa irratti gama isa hodhuun kan dhiyaatudha. Sababa karbeesi hoolaa filatameef, waanti akka araaraa,waadaafi kan kanafakkaatan keessatti gaarii jedhamee waan yaadamuufidha. Kana jechuun korbeessi hoolaa mallattoo araarati; kan waliigalteeti jechuun ni danda'ama. Kanatti dabalee dhiigni korbeesi hoolaa akka waan qulqulluutti sababa ialalamuuf dhimma akka itti ba'an beekuun ni danda'ama. Hawaasa keessattis" abalu hoolaadha" yeroo jedhamu, garraamii, dingata,gara-laafessa jechuu barbaadameeti. Kanaafuu, hoolaan sirna kana irratti wayita dhiyaatee qalamu,dingata walitti dhufuu hariiroon isaanii shira wayii kan ofkeessaa hin qabne ibsuuf yaalame ta'uu isaa hubachuumn ni danda'ama.

### 4.3.7. Dhadhaa

Sirna harma hodhaatti meeshaaleen barbaachisan keessaa dhadhaan isa tokkodha. Hawaasni naannoo qorannoon kun irratti adeemsifame dhadhaan akka mallattoo jiidhinaatti ilaalama. Kanaafuu, hariiroon isaanii garafuuladuraatti jiidhaa akka ta'uufi akka walqabaneessan jechuun garaa walqabbaneesan akka ta'u yaadamee kan tajaajiludha.

## 4.4. Sirni Harma Hodhaa Hojiirra Akka hin oolleef Kannen gufuu ta'an ilaalchisee.

Sababoonni Adeemsi sirni harma hodhaa itti fayyadama afaanii hojiirra akka hin oolleef gufuu ta'an akka Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruutti calaqisaa jiran keessaa kakuu harma hodhaa keesa jiru kakkachuuf akka cubbuutti ilaaluu,aadaafi amantaa walqabsiisanii ilaaluu,aadaa ofii dagachuu,namni harma hodhu fedhii dhuunfaa irratti xiyyeefi kkf.irraa ka'uu

adeemsi harma hodhaa kana keessatti gahee afaanii xiqqaa akka ta'uuf danqaa kan ta'an yeemmuu ta'u isaan kana keessaa muraasa isaanii akka armaan gaditti tuqamaniiru.

### 4.4.1. Fedhii Dhuunfaa Irrati qofa xiyyeeffachuu

Harma hodhaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti yeroo yerootti hojiirra akka hin oolle kanneen danqaniifi rakkoo ta'aniin walqabatee odkennitoonni MGA, MGB fi afgaaffiin odeeffannoo kennan harki caalaan isaani akka jedhanitti sirni harma hodhaa hawaasa Aanaa Amuruu keessati yeroo ammaa bal'inaan adeemsifamaa hin jiru. Sababa isaa kaasuun yoo himan "sirna isaa dagachuu irraa kan ka'edha" jedhu. Abdiisaan immoo "waadaa seename sana haala jireenya irraa kan ka'e hin raawwatamiin hafa jedhamee sodaachuudha" jedha. Nagasaan gama isaan "namoonni amantaa waliin walqabsiisuun sirna kana raawwachuu iraa of qusachuudha, Kana malees inni harma hodhe kun booda ijoollota isaa waliin dhaalmaa waan gaafatuuf tarii waldhabdeen uumamuu danda'a jechuun waan shakkaniifi" jedha.Tarrafaan immoo gama isaatiin "bara durii naannoo kanatti namni Caalaa jedhamu abbaa harmaa isaa waan ajjeesseef namoonni ergasii :

" Qawwee yaa kilaashii,  
Yaa gurree koo  
Sigalaafate Caalaan  
Harma hodhaa bilaashii" Madda;Tarrafaa Fufaa (19/08/2011) jechuun harmi hodhaan maal godha jechuun dhiifame" jedha.

Yaadolee kanarraa waanti hubatamu, aadaan kun sirna isaa eeggatee hojiirra akka hin oolleef gufuu kan ta'an namoonni harma hodhuu kan barbaadan faayidaa yeroo argachuuf qofa ta'uu isaadha. Faayidaan kunis lafa qonaa, kennaa loonii, bushaayeefi rakkoo dhuunfaa gidduu galeeffachuun ta'uu isaa beekuun ni dandda'ama.As keesatti fayyadamni afaanii gaaleen

***si galaafate***- jedhu kun si ajjeesse jechuu yemmuu ta'u,

***Harma hodhaa bilaashii***- jechuun immoo, harmi hodhaan bu'aa akka hin qabne ta'uu isaa kan agarsiisuda. Kun immo, sirnichi hawaasicha biratti cimee akka itti hin fufne danqaa ta'ee jira.

### 4.4.2. Aadaafi Amantaa Walqabsiisuu

Amantaan walqabatee waanti jiru sirni akkasii amantaa akka miidhutti ilaaluudha. Kana jechuun namoonni amantaa sirna akka kanaa hordofan akka waanta cubbuu hojjetaniitti yookiin seera amantaa sanarraa maqaniitti ilaalamu yaada jedhu of keessaa qaba. Keesumaa sirnicharratti gochoonni raawwatamaniwaadaa seenamuuf dhugatiin qophaa'u akka waanta amantaa sana dhiibuutti ilaalamuurraan kan ka'e adda baaffachuun nidanda'ama. Kanaafuu namoonni mantaaadda addaa hordofan sirna kana hordofanii raawwachuurratti hanqina qabaachuun isanii sirnnichi akkaataa baraabdamuun hojiirra akka hin oolleefdanqaa guddaadha.

Yaada odkennittootarraa ka'uun cubbuu sodatanii nama harma hodhuuf dhufu hin barbaadu jedhanii mormuunis sirnichi itti fufee hojiirra akka hin oolleef gufuu ta'anii jiraachuun nama hubachuun ni danda'ama. Kana jechuun namni harma hoosisu tokko waadaa seenuu keessatti kana hin godhiin akka hin hafne , *dubbatee akka hin gaabineefi tufee akka hin arrabne* dubbatee jira waan ta'eefi booda hin raawwatiin yoon hafe waadaan sun isa ga'uu akka danda'utti sodaachuurraa kan ka'e aadaa kanarraa of fageessuudha .Namoonni yoo gara isaa dhufani akka inni abbaa harmaa isaaniif ta'u barbaadanis sababeessee diduun gufuu ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.Akka odkennaan Balaay Zallaqaa himutti "sababni harma hodhaan akka itti hinfufne taasisan keesaa namoonni harma hodhuuf gaafatan yeroo baay'ee *xiqimiimataa isaanii* gidduu galeeffachuunidha. Kana jechuun waanta waadaa isaaf galame sana erga fudhatee booda kakuufi waadaa sana kaadee kan raawwachuu qabu osoo hin raawwatiin hafuun kun harmi hodhaan akka *chilleeffamu* ta'e " jedhu.

Gama biraan ammoo dhaloonni bara ammaa kun aadaaf bakka kennuu dhabuunis kanneen sirnicha hojiirra akka hin oolleef gufuu ta'an keessaa isa tokkodha. Yaada odkennitootarraa akka hubachuun danda'ametti ka'umsi aadaa ofiif bakka kennuu dhabuu, ammayyummaan liqiffamuu, yeroo sirnichi gaggeeffamu taa'anii hordofuu dhabuufi kanneen beekan irraa gaaffatanii hubachuuf fedhii dhabuudha. Kanaafuu, bakka namoonni sirnicha beekan hin jiretti, akkataa barbaadameen sirna isaa eeganii raawwachuun danqaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kun immoo, sirnichi akka feeteedhaan akka raawwatamuufi bifa isaa jijjiirataa akka deemuufi qabiyyee isaa gadi dhiisuuf sababa guddaa ta'uu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Sababiin biraa sirnichi akka hin raawwatamne taasiisan yakka namni tokko abbaa harmaa isaa irratti raawwate irraa kan ka'e namoonni sirnicha akka waa,ee hin baafneetti ilaaluudha. Kana irraa ka'uun harma hodhaan faayidaa hin qabu, dhallii abbaa harmaa isaa erga ajjeessee kana raawwachuun sirrii miti ilaalcha jedhu yaada odkennitootarraa beekuun ni danda'ama.

Yaada armaan olii iratti itti fayyadamni afaanii keessumaayyu jechoota kanneen armaan hiikni isaanii kan bakka bu'an:

**Xiqimii mataa isaaf** –Hiikni jecha kanaa faayidaa ddhuunfaaf malee dhuguma firooma barbaadee miti kan jedhu bakka kan bu'udha.

**Chilleeffameera-**jedhu immoo dagatameera ykn irraanfatameera hiika jedhu bakka bu'a jechuudha.

Walmaagalatti,harma hodhaan hawaasicha keessatti gaheen afaanii lubbuu godhatee akka itti hin fufneef danqaa guddaa kan ta'ani harma hodhaan faayidaa yeroof argamuun walqabsiisuu, amantaan walitti hidhuu, waadaa seene hin raawwatiin yoo hafecubbuun isaa akka isa ga'utti sodaatee diduufidhaloonni ammaa aadaaf bakka kennuu dhabuudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI FURMAATA.

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoowwan Qaaccessa Itti Fayyadama Afaanii Adeemsa Sirna Harma Aanaa Amuruu irratti Afgaaffii, Afgaaffii Hin caaseffamneefi Marii garee Xiyyeeffatamaan funaananamanii qaacca'anii adda bahaniitu dhiyaate. Kunis adeensa qorannichaa keessatti yaadota ka'aa turan bu'uureffachuun cuunfaa jalatti kan ibsamedha.Itti aansuunis argannoo qorannichaafi yaada furmaataa walduraa duubaan dhiyaatee jira.

### 5.1. Cuunfaa

Hojiiwwan qorannoo kana keessatti haamataman boqonnaa shanitti addaan qooduun ta'eera. Baoqonnaa tokkooffaa jalatti Afaan Oromoo Sirnoota hacuuccaan darban jalaa erga ba'ee as afaan barnootaa,afaan hojii waajiraalee mootummaa, afaan saayinsiifi teekinoolojii, afaan adeemsa harma hodhaa keessatti, afaan mana murtiifi afaan miidiyaa ta'uu ibsameera. Haaluma qabatamaan afaan adeemsa sirna harma hodhaa keessatti itti tajaajilaa jiru maal akka fakkaatu qaacceessuuf akka ka'umsaatti fudhachuun kaayyoo qorannichaafi haala aanichaa illee walduraa duubaan tarreeffameera.

Boqonnaa lammaffaa keessatti yaada rimeewwan adeemsa harma hodhaa fayyadama afaanii walqabataniifi sakkatta'i barruu dhiyaateera. Isaanis; Maalummaa afaanii, Fayyadama afaanii, Faayidaaafaanii, Akkaataaaafaan dhimma harma hodhaa waliin walitti dhufan tarreeffameera. As keessatti waa'ee afaan walitti makanii aflameen, ergiffannaafi tajaajila akkaumas haalli jechoonni itti uumaman ibsamanii jiru.

Boqonnaa sadaffaa jalatti immoo, mala qorannoo, haala iddattoofi iddatteessuu, madda ragaaleen qorannicha irraa argaman taa'eera. Baay'inni maddeen ragaa tooftaalee ittiin funaanaman addaan bahanii dhiyaatanii jiru. Haaluma kanaan namoonni 21 kanneen harma hodhaniifi hoosisan ,marii garee irratti kan hirmaataniifi jaarsolii biyyaa kanneen muuxxannoo dhimma adeemsa harma hodhaa irratti qaban irraa meeshaalee funaansa ragaa afgaaffii, afgaaffii hin caaseffamneefi maree garee xiyyeeffatamaan ibsameera.

Boqonnaa afur keessatti immoo, ragaalee karaa afgaaffii afgaaffii hin caaseffamneefi maree garee xiyyeeffatamaa madda ragaa tokkooffaa namoota harma hodhaniifi hoosisan sadii, sadii walitti jaha yoo ta'u, maddi ragaa lammaffaa immoo,namootaafi jaarsolii gandoota aanichaa 24

keessa jiran keessaa jarsolii sadiifi odkenittta marii garee xiyyeeffamaa namoota 12 irraa ragaan argame xiinxalamee jira. Ragaaleen kun haala adeemsa harma hodhaa keessatti itti fayyadamni afaanii Aanaa Amuruu gaheen afaanii akkam akka ta'e qaacceeffamaniiru. Bu'aan argames mala qorannoo akkamtaatiin ibsameera. Akkaatuma kanaan qorannoo mata-duree" Qaaccessa Itti Fayyadama Afaanii Adeemsa sirna Harma Hodhaa Aanaa Amuruu" keesatti ragaalee madda odkennitoota irraa argamee hiikamee qabxiilee argannoo itti aananii asii gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 5.2. Argannoo

Qorataan qorannoo kana yeroo gaggeessetti odeeffannoo odkennitoota irrra xiinxala taasiiseen waan toota bira ga'aman gaaffilee bu'uuraa qorannicha irratti hundaa'uun argannoowwan jiran akka armaan gadtti ibsee jira.

#### 5.2.1. Raawwii Sirna Harma Hodhaa keessatti gahee afaanii Ilaalchisee

Sirna harma hodhaa hawaasa oromoo aanaa Amuruu itti raawwatamu ilaalchisee ragaalee sassabaman qaacceessuun argannoolee qorataadhaan argaman haala kanaa gadiin ibsamanii jiru.

- Namni harma hodhuu barbaadu qaama hoosisu irraa eeyyama gaaffachuu qaba. Eeeyyama kan mijjeessuu keessatti immoo gahee maangudootaa baay'ee murteessaadha. Namni hoosisu taanaan eeyyama kana kennuuf eenyummaa nama kanaa adda baaffachuun maatii isaa waliin marii'ata.
- Gahee maanguddoonni sirnicha keessatti qaban baay'ee olaanaadha. Sababiin isaa, haala mijataa sirnichaaf oolan uumuun waantoota ta'uu,raawwatamuuf jedhamuu qaban sirreessuun dogoggora takko malee duraa duuba isaa eeguun akka raawwatamuuf gumaachi isaanii guddaa ta,uufi gaheen afaanii olaanaa ta'uufi bakka maanguddoonni sirna kanaa raawwatan yookiin beekan hin jirretti sirnicha raawwachuun ulfaataadha.
- Namni harma hodhuufi hoosisu sirnicha irratti waa ntoota raawwatamuu qaban hin raawwatamiin hafnaan akka harma hin hooneefi hin hoosisneetti ilaalamu.Sababiin isaa, firoomuu isaanii kan mirkanneessu sirna isa yoo raawwatanidha.
- Waantooni sirna harma hodhaa irratti qofa raawwatamaniifi jedhaman sirna biroo itti hin raawwatamneefi hin jedhamne jiru.
- Jechoonni raawwii sirna harma hodhaa irratti fayyadaman hundi isaanii raawwatamaniifi hawaasa itti fayyadamuu biratti dhugaadha jechuun amanamu.

### 5.2.2 AdeemsaSirna Harma Hodhaa Keessatti Tajaajila Afaan qabu

Sirna harma hodhaa keesatti gaheen afaanii qaacceessuu ilaalchisee ragaalee odkenniitootaa bu'uura godhachuun xiinxallii adeemsiffameen argannoon kanaa gadii argamee jira.

- Eebbi sirna harma hodhaa irratti eebbiffamu abbaa harmaafi dhalli harmaa sun kan akkamii waliif ta'u akka qaban ibsuuf jedhameetti.Kun immoo hawaasicha biratti dhugaadha jedhamee amanama.
- Waadaa namni hodhuufi hoosisu seenan amanammummaafi jabina firooma isaanii cimsuun eega.
- Jechoonniifi gaaleewwan sirna sana keessatti fayyadaman maal akka bakka bu'aniifi maal akka ibsan hiika mataa isaa akka qaban kan bira ga'amedha.
- Lakkoofsa hawaasichi sirna harma hodhaa irratti filate dhimma itti ba'u falaasamaafi bilchina hawaasichi lakkoofsaan walqabatee qabu kan agarsiisudha.
- Guyyoonni sirna harma hodhaa itti raawwatamanis hawaasicha biratti guyyoota kaan irraa adda ta'ee beekamaadha.Kunis ammam hawaasichi guyyootafi filannoo akka kennu namatti mul'sa.

### 5.2.3.Maqaaleefi meeshaalee Sirna Harma Hodhaa Irratti Tajaajila Maalfaa Akka Bakka Bu'an Ilaalchisee.

Meeshaa harma hodhaa irratti tajaajilan ilaalchisee raagaalee odkennitootarraa sassaabame xiinxaluun akka armaan gadii bira ga'ameera.

- Meeshaalee sirna harma hodhaa irratti tajaajilan akkasumaan kan hojiirra oolan utuu hintaane dhaamsa hawaasicha keessatti dabarsan qabu. Namni harma hodhuufi hoosisus meeshaalee kanaan waanttota raawwatamuu qaban raawwachuufi abbaafi dhalummaa isaanii mirkanneessu. Hidhaan firoomaa meeshaalee kanaan waantoota raawwatame hawaasicha biratti bakka guddaa qaba.
- Meeshaaleefi maqaalee kanneen akka *aannan sa'aa,damma kaannisaa* jedhaman kun hawaasa biratti jaallatamaafi kabajamaa ta'ee sirnichaaf kan bakka bu'u akka ta'e kan mul'sudha.
- Maqaaleen kanneen *akka lafa,daajjaa,kal'ee,korbeesa hoolaafi dhadhaan* immmo,sirna harma hodhaa kana keessatti gahee guddaa qabachuu isaa namatti mul'sa.

### 5.2.4. Sababoota Sirni Harma Hodhaa Gara Fuula Duraati Akka Itti Hin Fufne Taasisan Ilaalchisee

Sirni Harma Hodhaa gara fuuladuraatti itti fufee akka hin raawwatamne kanneen taasisan ilaalchisee raagalee odkennitootarraa argame qacceessuun argannoo jiru akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Harma hodhaan yeroodhaa yerootti akka hin raawwatamne kanneen taasisan keessaa :

- Amantaatti dahachuu,
- waadaa seename hin raawwatamiin yoo hafe cubbuun isaa nama gaha jedhanii sodaachuu,
- Faayidaa dhuunfaa qofaa gidduu galeeffachuun kaayyoo abbootiin duraan itti fayyadamaa turan dagachuu,
- Abbootii irraa gahee afaanii sirna harma hodhaa keessatti qabu maal akka ta'e dhaloonni ammmaa caqasanii irraa baranii afaan akka dagaagu gochuuf fedhii dhabuu.
- Yakka namni tokko raawwatae irraa ka'uun sirnicha qoliffachuudha.
- Kakuu sirna sana keessaatti raawwatamu amantiin keenya hin heeyyamu jechuun yaaduu.
- Dhaloonni amma sirna kana qorachuu irratti laafoo ta'uu.
- Aadaa ofii dagachuuniifi gaheen afaanii sirna kana keessatti qabu hubannoo gahaa dhabuudha.

## 5.3 . Furmaata

Hawaasni Aanaa Amuruu akkuma uummata Oromoo Godinaale kan biraa keessa jiraatu aadaalee eenyummaa isaanii ibsan harma hodhaa dabalatee kan qabuufi yeroo dheeraaf ittiin jiraatee, kunuunsee, dhaloota har’aaf kan dabarse yookiin qaqqabsiisedha. Gosoota aadaa baay’inaan jiran keessaa qorannaa kanaan filatamee kan ilaalame Qaacceessa itti fayyadama afaanii adeemsa sirna harma hodhaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruu keesatti maal akka ofkeessaa qabu,akkamiin akka raawwatamu,gaheen afaanii sirna kana keesatti qabu maal akka ta’e, hawaasichaaf faayidaa maali akka qabuufi sinichi hojiirra akka hin oolleef kan gufuu ta’aniifi meeshaaleen sirnicha keessaatti tajaajilan adda baasuu irrattidha. Adeemsa qorannoo kana keessatti waantoonni hubatamaniifi bira gahaman akkuma jiranitti ta’ee karaa biraatiin waantoonni fuulduraaf xiyyeeffannoo argatanii hojjetamuu qabanis akka jiran asirratti kaasuun barbaachisaadha.

- ✓ Jalqaba irratti, adeemsi sirna harma hodhaa yeroo ammaa kan duraanii irraa adda ta’uu dhiisee akkataa duraanii sanaan itti fufee adeemuu qaba.Sababiin isaa ,kaayyoon duraanii sana yoo lakkise namoota harma hodhanirra kan hoosisantu sirna kana raawwachuu irraa ofqusata.Kanaafuu qorataan sirni harma hodhaa keessaatti gaheen afaanii olaanaa waan ta’eef kun itti fufee akka jiraatuuf abbootiin itti gaaffataman akkataa durii sanaan utuu adeemsisame foyya’aa ta’a.
- ✓ Akkasumas dhaloonni amma jiru humna barateefi ammayyaa’aa waan ta’eef dhiibbaa qaama biraatiinis ta’e amantiin qaqqabsiisuu danda’u hunda gargar baasee hubachuudhaan sirna harma hodhaa kana dhaloota itti aanutti dabarsuun guddina afaanii,diinagdeefi hawaasummaa uummatichaaf gahee guddaa kan qabudha.Kanaafuu namoonni amantaa sababeeffachuu dhiisanii aadaa kanaaf bakka guddaa kennuun sirnicha irratti utuu hirmaataniifi kunuunsan bayyeessadha.
- ✓ Aadaan kun gama kamiinuu yoo ilaalamu amantaa kamuu waliin walitti bu’ee kun akka kanaatti,amantaa kana keessatti yaraadha; kun immoo gaariidha kan jedhu tokko illee hin jiru.Kanaafuu, abbootiin amantaa guddina aadaafi afaanii isaanii dagaagsuuf qooda waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaa itti kennamuu qaba.
- ✓ Waajjirri aadaafi Turiizimii dhimma afaaniin walqabate irratti hubannoo hawaasaa cimsuuf baajanni ramadamee leenjiin yeroo tokko tokko osoo kenname fooyya’aa ta’a.

- ✓ Aadaan qabeenya hawaasaafi mallattoo eenyummaa saba tokkoo ta’uu isaatiin tursuufi dabarsuuf gaheen hawaasa hundaa waan ta’eef kana ilaalchisee hojii hubannoo cimsuu bal’inaan hojjetamuu qaba
- ✓ Itti fayyadamni afaanii sirna harma hodhaa keessatti afaan akka dagaaguuf ittigaaffatamummaa guddaa qaamni fudhachuu qaban Waajirri Aadaafi Turiizimii Godina Horroo Guduruu Wallaggaafi kan Aanaa Amuruudha.Sababiin isaa aadaan kun kanaan dura dhokatee turee jira.Ifatti baasuuf uummata kana hin beekne hubachiisuun gara fuula duraatti xiyyeeffannoon itti kennamuu kan qabudha.
- ✓ Maanguddoonni aadaa kana irratti hubannoofi muuxannoo olaanaa qaban,aadaa sirna harma hodhaa kana keessatti meeshaalee achi keessatti barbaachisan kanneen akka daajjaa,kal’ee,farsoo waancaatti,dammaafi aannan kanneen kun sirna kana keessaati hiika isaan kennaniifi hawaasichaaf maal akka bakka bu’aniifi tajaajila isaa dhaloota ammaa barsiisuun dirqamni itti kennamu qaba.
- ✓ Adeemsa sirna raawwii harma hodhaa kun yeroo ammaa kanatti badaa jira. Kanaafuu guddinaafi babal’ina saayinsiifi teekinoolojiitti dhimma ba’uun raawwii sirna harma hodhaa meeshaalee ammayyaatiin funaanamee waraabaniin tursuufi ittiin barsiisuun dhaloota itti aanutti darbu utuu uumame filatamaa ta’a.
- ✓ Haalli manni kitaabaa banamee maqaalee,kitaabolee adda addaa, meeshaalee aadaafi waraqaalee qorannoo garaagaraa dhimma fayyadama afaanii hawaasni irraa dubbisee dandeettiifi faayidaa afaanii akka gabbifatan haalli osoo mijate gaariidha.

Walumaagalatti, itti fayyadama afaanii adeemsa sirna harma hodhaa hawaasicha keessatti gahee guddaa waan qabuuf kana eeguu kan qabu qaama tokko qofaa osoo hin taane tumsa hundumaa waangafatuuf qaamni mootumaa naannichaa, angaftoonni saba oromoo,qorattoonni,dargaggootni oromoofi abbootiin amantiis hirmaannaa ho’aa gochuun, eeguu, kunuunsuufi tursiisuu waan qabaniifi qorataan kun gahee isaa yeroo ba’u nimilkaa’a yaada jedhu qaba.

## Wabiilee


Abarraafi Kaawwn. (1998).*Caasluga afaan oromoo*.Jild-1 Addis Ababaa: Biranna Printing Enterprise.

Abebe Keno.(2006*)."Case Makers in Oromo*" In Ethiopia language Research Center.AAU.

Addunyaa Barkeessa. (2011). *Akkamtaa. Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*: Finfinnee. Efficency Printing Press.

_______(2011).*Sanyii*: *Jechaafi caasaa isaa*.Finffinnee: Alem Printing Press.

_____(2014).*Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.Oromiyaa Finfinnee: Far East Trading PLC.

Alamaayyoo Hayilee. (1999).*Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa.Jildii 1ffaa*. Finfinnee: Mana maxxansaa Biraanninaa Salaam.

Asafa Jaallataa. (2010).*People hood: Historical and cultural Over View*.Yuniversity of Trnness, knox ville.

Ayalew Duressa. (2002).*Guddifacha*a: *Adoption practice in Oromo society with particular reference to Borena Oromo.* MA Thesis.Addis Ababa Univarsity.

Baxter,R.(1983)." *The problem of the oromo the people for the oromo?"in I.M.Lewis(ed.)* Nationalism and Self Determination in the horn of Africa. London: Ithaca Press.

Bukenya, A.(1994).*Understanding Oral Litreture*. Nairobi University Press.

Cresswell, J, W. (2012). *Education Reaserch: Qualitative and Quantitative Reaserch.4thed.* Boston: Pearson Education Inc.

Crystal D. (1997).*English as a global language*, Cambrige: Cambrige University Press.

Dastaa Dassaalany. (2013).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Far east Trading PLC.

Dessalegn Negeri. (2006). Guddifachaa: Practice as Child Problem Intervenition in Oromo Society: The Case Of Ada'a Liban District: Addia Abeba University: Graduate School of work.

De Beriun, A.(2002).*Thr Role of children in the zulu Folklore*.MAThesis .Pretoria:University of South Africa.

Denscombe, M.(2007).Th*e good Reasearch Guide for small-scal Social Research projects*.Third Edtition,open University Press.

Dorson ,R.(1972).*The concept of Foklore and Foklore studies*.USA:Chicago University Press.

Eshetu Biru. (2006).*Roya History. Addis Ababa:* Mega Printed Enterprice. Ferguson, C. (2008). Promoting Social Integration. Helsinki, Filand: UNDESA.

Filee Jaalataa *(2016).Beeumtaa Oromoo.*Maxxansa Duraa.Finfinnee.Mana Maxxansaa Raajii.

Finnegan.*R.(1972).Oral Litreture in Africa.*Nairobi: Nairobi University press.

Finch,G.*(2003). How to study Lingui stics: Aguide to understand language (2nd.ed).* Great Britain: Plagrave: Macmillan.

Geetachoo Rabbirraa. (2007).*Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*.Kuraz International puplishing Entrprise, Addis Ababa:Ethiopia.

Goldman, (1998).*The perfrontal land scape*..Implication and of functional Architecture for hunderstanding human mentation and the centeral executive in A.C

Robert W.T.Robbinsetal (Eds).The perforental cortex..Excutive and (PP.87102) New York. Oxford Unversity Press.

Jeylan Hussein. *(2004).Acultural Representation of Human in Oromo Society*.Alemeya University: Africa Study Monography 25, no3 (2004):103-147.

Krappe, A.M.*(1965).The Science of Foklore.*Lendon:Methuen.

Lyon,J.(*1986).Language and Linguistic :An introduction.* Cambrige: Cambrige University Press.

Matras,Y.(*2009).Language contact*.Cambridge:Cambridge University Press.

Mbiti,J.S. *(1975).Africa Religious and Philosophy*.London:Heinemann.versity of Texas.

Mehl,M.(*2003).psychological aspect of natural language:*Ourwords ourselves.Austin:Un

Merwan Abdulahi. *(2013.)"Tradional Confilict Resolution Mechanism: The case of Heera Gumaof Jarso Oromo in Eastern Harerghe,"* MA Thesis: Addis Ababa University.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).*Yaadannoo: Ogumaafo Ogwalaloo Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa Efficient printing Press.

Mitikuufi Tashoomaa.*(1998).Serluga Faan OromooHidhaa tokkoffaafi lammaffaa barnoota Fagoo.*Dhaabbata Mala Gidduugaleessaa:MinisteraBarnoota Itoophiyaa.

Mulugeetaa Warquu*.(2013). "Qaacceessa Fayyadama Afaan Oromoo HaalaMana Murtii Aanaa Dandii"*Qorannoo eebbaa, Yuunvarsiitii Addis Ababaa.

Negaso Gidada.*(2001). History of the Sayyoo Oromoo of Southwestern Wellega.Ethiopia From120about 1730 to 1886.Ethiopia:* Mega Printing Enterprice.

Okephew *I.(1992).Africa Oral Litureture:Background,Character and countinity*. Bloomingaton: Indian University Press.

Parking, R.(*1997). Kinship: An introduction to the basic Concept Malden.*USA: Black Wel pup.Inc.

Sa'iidaaKadir. *(2002). Sirna Gadaafi Dubartoota.* Finfinnee: Mana maxxansaa Biraaninnaa Salaam.

Servan, *B.M.(2008). Sacred Network: Religionand Social Life among Oromoo in Norway*. Bergen: The University of Bergen.

Sims, M.C.and Stephen, *M. (1963).Living Foklore: An Introduction .Logan: Utah* University Press.

Singh K.(2007).*Quantitative Social Research Methods*.India:SagePublicationsIndia Pvt.Ltd.

Tamene Keneni.*(2012). Employring Gumas as An Indispensable pycho-Social Methodsof conflict Resolution and Justice Adimistration.*SUA: PelgraveMacimillan

Tiersma,*P*.*(1999).Legal Language*.Chigago:Chigago University Press.

Tsega Etefa.*(1912).Integretion in peace in East Africa: Ahistiry of the Oromo Nation* .*USA.palgrave Macimillan.*[2]

Waajiira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amuruu. *(2004). Aadaa guddiffachaa kan hin maxxanfamne.*

Warqinaa A/Soorii.*(2001).Sirna Gadaa: Kallacha Tokkummaa Hundee Bilisummaa Saba Oromoo.*Fin finnee oromiyaa.

Wiley,T.(1996).*Language of planning and police*.*In Mckay s.1 (ed.) sociolinguistics in language Teaching.*Cambrige:Cambridge University Press.

*"*Wirtuu.*(1999).Barruulee Qormaata WaltinaaAfaan Oromoo*.*Jil-8.*Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa.

_______*(2001). Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jil-9.*Finfinnee: Biiroo Aadaa fiTuriizimii Oromiyaa

Wolff,E*.(2000).''*Language and Society".In Heine, B.and, Nurse, D(eds*.)Africa Languages:An Introduction.*Cambridge University Press.

Wood Ward,I.*(2007).Understanding Material Culture*.India:Sage Puplications inc.

Yule,G.(*1985).The study ofLanguage.Cambridge:*Cambridge Unversity Press.

ZelealamLeyew.*(1998).Codeswitiching:*Amharic-English,Journal of African culture Studies 2፣ 11:197-216.

______(2009).*Lexical Development in Tigringa.A Journal of Education for Development 3,2:63—89.*

2

# Dabaleewan

# Dabalee .A

**Gaaffilee Af-Gaaffii Odeef-kennitoota maanguddoota biyyaafi Waajira A/Turiizimiif Qophaa'e.**

Yuunivarsiitii Fifinneetti Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaaniifi Joornalizimiitti Damee Barnoota Afaanii Ogbarruufi Fookloorii Oromootti Sagantaa Digirii 2ffaatti gaggeeffamuuf mata-duree qorannoo qaacceesa itti fayadam afaanii sirna harma hodhaa jedhu irratti qorannoo gaggeessuuf Odeeffannoo argachuuf maangudoota biyyaafi hojjettoota Waajiira Aadaafi Turizimii Aanaa Amuruuf qophaa'anidha

**I. Gaaffilee Seenaa Dhuunfaa Ilaallata**

1.Maqaa Guutuu ___________________________________________

2.Saala____________________________________________________

3.Umurii_____________________________________________________________

4. Hojii-____________________________________________________________

5.Ga'ee Sirna Raawwii Harma Hodhaa keessatti qaban _______________________

**II. Gaaffiilee Hubannoofi Yaada Dhuunfaa Iaallatan .**

**Gaaffilee kanaa gadi jiran irratti yaada keessan osoon hin qusatiin ibsa afaaniin naaf kennaa.**

1. Namoonni maalirraa ka'anii Harma walhodhuu ?
2. Adeemsa Sirna Harma Hodhaa keessatti gochoonni jalqabaa amma dhumaatti raawwatamuu qaban maalfaa'i?
3. Sirna Harma hodhaa keessatti meeshaaleen barbaachisan ni jiruu? Yoo jiraatan maal maal ibsu?
4. Hariiroo namoota harma walhodhan gidduu jiru hawaasa naannoo biratti akkamiin ilaalama?
5. Sirna Harma wal hodhuurratti afoolli jiraa? Yoo jiraate maalfaa'i? maal ibsu?
6. Meeshaalee adeemsa sirna harma hodhaa keessatti tajaajilan maalfaadha? Maalfaa bakka bu'u?
7. Qoodni inni harma hodhu isa hoosisuu irraa argatu qabaa?
8. Kabajamtoota odeeffannoo kennittoota qorannoo kana ilaalchisee akka waliigalaatti yaada dabalataa naaf kennuu barbaadan yoo jiraate kennuu dandeessu.

**Glatoomaa !!!!!**

## Dabalee B

**Gaaffilee afgaaffii Marii Garee Sirna RaawwiiHarma Hodhaa irratti od-kennitootaaf Qophaa'e.**

Yuunivarsiitii Fifinneetti Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaaniifi Joornalizimiitti Damee Barnoota Afaan ,Ogbarruufi Fookloorii Oromootti Sagantaa Digirii 2ffaattigaggeeffamuufmata-duree qorannoo qaacceesa itti fayadam afaanii sirna harma hodhaa jedhu irratti qorannoo gaggeessuuf Odeeffannoo argachuuf namoota marii gareef gaaffilee qophaa'anidha.

**I.Gaaffilee Seenaa Dhuunfaa Ilaallata**

1. Maqaa Guutuu______________________________________________
2. Saala___________________________________________________
3. Umurii__________________________________________________
4. Hojii____________________________________________________
5. Ga'ee isiin biyya keessatti qabdan_______________________________

**II.Gaaffilee kanaa gadii irratt erga irratti mar'atanii yaada keessan ibsa afaaniin naaf kennaa.**

1. Harma hodhaa jechuun maal jechuudha? Namni tokko maal irraa kan ka'e harma hodha?
2. Adeensi harma hodhaa yeroo gaggeeffamu sirna akkamiit raawwatama? Eenyuun raawwatamaa?
3. Sirna adeemsa harma hodhaa keessatti hawwaasichi akaakuu afoolaa kan akkamii dhimma itti baha? Ergaan afoolli kun qabu maali?
4. Harma hodhaan namoota harma wal hodhaniiiifis ta'e warra harma hoosiisaniifi hawaasa naannoof faayidaa maalii qaba?
5. Adeemsi Harma hodhaa kun yeroo ammaa kana haala akkammiirra jira? Sirnasaa eeggatee kan itti fufee jirudhaa?
6.Meeshaalee sirna harma hodhaa irratti tajaajilan maalfaadha?Meeshaaleen kun maalfaa bakka bu'u/
7.Adeemsa sirna harma hodhaa keessatti tajaajilli afaanii maalfaadha ?

Kabajamtoota odkennitootaa qorannoo kana ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaattan naaf kennuu dandeessu

**Galatoomaa !!**

## Dabalee C.

**Gaaffilee Odkennitootaa Afgaaffii Namoota Harma Hodhaniifi Hoosisaniif qophaa'e.** Yuunivarsiitii Fifinneetti Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaaniifi Joornalizimiitti Damee Barnoota Afaanii, Ogbarruufi Fookloorii Oromootti Sagantaa Digirii 2ffaattigaggeeffamuuf mata-duree qorannoo qaacceesa itti fayadam afaanii sirna harma hodhaa jedhu irratti qorannoo gaggeessuuf Odeeffannoo argachuuf namoota harma hodhaniifi hoosisaniif gaaffilee qophaa'anidha.

**I.Gaaffilee Seenaa Dhuunfaa Ilaallata**

1. Maqaa Guutuu____________________________________________
2. Saala__________________________________________________
3. Umurii-_______________________________________________
4. Hojii__________________________________________________
5. Ga'ee isiin biyya keessatti qabdan______________________________

**II.Gaaffilee kanaa gadii jiran yaada keessan osoo hin qusatiin afaaniin naaf kennaa.**

1.Ati maalirraa kaatee harma hoote/hoosiste? __________________________________

2.Adeemsa sirna harma hodhaa irratti sirnicha dura,yeroo sirnichaafi sirnicha booda maalfaatu raawwatama?________________________________________________________

3.Meeshaaleen sirna harma hodhaa irratti tajaajilan maalfaadha? Maalis bakka bu'u?______________________________________________________________

4.Aadaan sirna harma hodhaa kan duriifi kan yeroo ammaa maal fakkaata?___________________________________________________________

5. . Harma hodhaan namoota harma wal hodhaniiiifis ta'e warra harma hoosiisaniifi hawaasa naannoof faayidaa maalii qaba?________________________________________________________

6.Adeemsa harma hodhaa keessatti gaheen afaanii maali ?afoolli achi keessa jiraa?_____________ .

7.Adeemsa Sirna Harma Hodhaa keessatti gochoonni jalqabaa amma dhumaatti raawwatamuu qaban maalfaa'i?-________________________________________________

Kabajamtoota odkennitootaa qorannoo kana ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaattan naaf kennuu dandeessu.

**Galatoomaa !!**

**Dabalee D**

**Gabatee 1.Odeeffannoo Kennan Kanneen Harma Hoosisan .**

| Lam kk | Maqaa Namoota | Saala | Umurii | Sadarkaa barumsaa | Hojii | Ganda | Guyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Abdiisaa Guddataa | Dhi | 70 | 5 | Qonnan bulaa | S/Illaam muu | 27/08/2011 |
| 2. | Balaay Zallaqaa | Dhi | 65 | 3 | Qonnaan bulaa | Haroo Guddina a | 27/08/2011 |
| 3. | Nagasaa Dhugumaa | Dhi | 67 | Hinjiru | Qonnaa bulaa | Haroo Waloo | 27/08/2011 |

**Gabatee 2.Odkennaa afgaaffii odeeffannoo kennan kanneen harma hodhan .**

| La k | Maqaa Namootaa | saala | Umurii | Sad.Barums aa | Hojii | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Xiyaar Assaffaa | Dhi | 56 | 8 | Qonnan /B | S/Illaamm uu | 28/08/2011 |
| 2. | Saggaaw Aganyaaw | Dhi | 42 | 2 | Qonnaan /B | Haroo Guddinaa | 28/08/2011 |
| 3. | Tasfaayee Taffaree | Dhi | 50 | 3 | Qonnaan /B | Haroo Waloo | 28/08/2011 |

**Gabatee 3.Odkennaa Marii Garee A Irratti hirmaatan.**

| La kk | Maqaa Namootaa | Saal a | Um urii | Sad.baru msaa | Ganda | Hojii | Guyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **1.** | **Bayyanaa Fallaqaa** | **Dhi** | **58** | **Hinjiru** | **Haroo Guddinaa** | **Qonnaan Bulaa** | **19/08/2011** |
| **2.** | **Dhaabaa Galataa** | **Dhi** | **48** | **Hinjiru** | **Goobuu** | **Qonnaan Bulaa** | **19/08/2011** |
| **3.** | **Geetaachoo Massalaa** | **Dhi** | **47** | **Hinjiru** | **Oborraa 02** | **Qonnaan Bulaa** | **19/08/2011** |
| **4.** | **Sanyii Toleeraa** | **Dhi** | **60** | **Hinjiru** | **Naffuroo** | | **19/08/2011** |
| **5.** | **Gonfaa Ayyaansaa** | **Dhi** | **57** | **Hinjiru** | **Haroo Guddinaa** | **Qonnaan Bulaa** | **19/08/2011** |
| **6.** | **Baqqalaa Hirphaa** | **Dhi** | **45** | **Hinjiru** | **Haroo Guddinaa** | **Qonnaan Bulaa** | **23/07/2011** |
| 7. | Olaanii Dhinsaa | Dhi | 61 | Hinjiru | Gulufa | Qotee Bulaa | 23/07/2011 |
| 8. | Jireenyaa Gabuu | Dhi | 52 | Hinjiru | X/Dangaab | Qotee Bulaa | 23/07/2011 |

Gabatee 4. Odkennaa Marii Garee B Irratti Namoota Hirmaataan

| T. L | Maqaa Namootaa | Saala | Umurii | Sad.Barumsaa | Ganda | Gahee Hojii | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Biraanuu Toleeraa | Dhi | 48 | Hinjiru | X/Dangaab | | 26/08/2011 |
| 2. | Fiqaaduu Namarraa | Dhi | 63 | Hinjiru | Makkannoo | Jaarsa Biyyaa | 26/08/2011 |
| 3. | Darajjee Abbashuu | Dhi | 57 | Hinjiru | Goromtii | Jaarsa Biyyaa | 26/08/2011 |
| 4. | Nammarraa Dabaloo | Dhi | 70 | Hinjiru | S/Illaammuu | Jaarsa Biyyaa | 26/08/2011 |
| 4 | Takkalaa Bakaree | Dhi | 67 | Dig 1ffaa | Amuru Ganda 02 | W/A/fi Turiziimii | 26/08/2011 |
| 5. | Rorroo Waxaa | Dhi | 87 | 4 | Walqixxee | Jaarsa Biyyaa | 26/08/2011 |
| 6. | Biqilaa Abdataa | Dhi | 57 | Dipp. | Haroo Guddinaa | I/G/W/A/Turiziimii | 26/08/11 |
| 7 | Nagaraa Labataa | Dhi | 45 | 5 | Haroo Guddinaa | Jaarsaa Biyyaa | 26/08/11 |

**Dabalee. E. Suuraa Namootaa Harma Hodhan, Hoosisaniifi Namoota Maree Garee Afi B keessatti Odeeffannoo kennan**



Obbo Takkalaa Bakaree Jaarsa Biyyaa odeeffannoo kan kennaan



Odkennaa Obbo Nagassaa Dhugumaa kan Harma Hosiiseefi Obbo Tasyaayee Taaffaree Kan HarmaHodhe.



Odkennaa Obbo Balaay Zallaqaa Kan Harma Hosiise





Namoota af-gaaffiif gaafa guyyaa 23/07/2011 Ganda X/Dangaabitti taasifame.





. Namoota MGA irratti gaafa 19/08/2011ti Ganda Haroo gudinaa hirmaatan.

Namoota MGB Irratti gaafa 26/08/2011tti

Ganda Xombee Dangaab hirmaatan.

# Waraqaa Mirkanneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa hojiin kun kanaan dura Yuunvarsiitii kamiyyu keessatti kan hin dhiyyaannee ta'uufi yaada qorannoo kanaaf deebise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkanneessa.

Maqaa Qorataa___________________________

Mallattoo_________________________________

Guyyaa _________________________________

Ani Dr./Obbo/Aadde-__________________________barataan kun hojii isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkanneessa.

Maqaa Gorsaa-___________________________

Mallattoo__________________________________

Guyyaa-_________________________________